Cross Connect

FAYYISAA KEENYA, ILMA WAAQAYYOO

JACKIE OESCH

KAROORA WAAQAYYO FAYYINA KEENYAAF KARAA JIREENYA YESUUS QABU MUL'ISUU

SENAA MACAAFOTA MATIWOS, MAARQOS, LUQAAS FI YOHAANNIS

"Dubbi kee abdiidhaan waanan eeggadhuuf……."

FAARSAA 119:74

Jalqaba

Seensa

Baranno 1

Sababa kutaa wangelotaatif

1. ***Senaa mariyami fi yoseef***
2. ***Senaa yohannis***
3. ***Dhalachuu yesuus***
4. ***Labsamuu dhaloota yesuus***

Barannoo 2

1. ***Barbaacha namoota ogeyyii urji lakka'an (mat 2-1-7-16)***
2. ***Gara biyya gibxitti baqachuu***
3. ***Yesuus gara mana qulqullumaatti geffamu isaa***
4. ***Yesuus fi simion***
5. ***Yesuus fi Anna***

Barannoo 3

1. ***Barbaadamu yesuus***
2. ***Yesuus mana abbaa isaa keessatti argamee***
3. ***Yesuus phexiros, indriyas, yaaqob fi yohanisin waamee***
4. ***Yesuus matiwosin waamee***
5. ***Yesuus dukaa bu'uun maal jechuu akka ta'ee***

Barannoo 4

1. ***Dinqii yesuus isa jalqaba***
2. ***Seera levitical lamxii irratti***
3. ***Cubbuu lamxii***
4. ***Qulla'uu namicha lamxiin dha'amee***
5. ***Jireenyakoo isa itti hin bu'amnee***

Barannoo 5

1. ***Akka holaa tiksee malee***
2. ***Walga'ii beela'ee***
3. ***Yesuus namoota kuma shan nyaachisee***
4. ***Amma maaltu ta'ee?***
5. ***Yesuus, biddena jireenyaa.***

Barnoota 6

1. ***Yesuus bubbicha gab godhee***
2. ***Yesuus bubbee bidirukoo midhu gab godhee***
3. ***Yesuus Alazaar dhukubsachu isaa beeka***
4. ***Yesuus Alazaar du'uu isaa beeka***
5. ***Yesuus Alaazarin du'aa kaasee***

JALQABA

Akkuma qo'annaa macaafa qulqulluu "***fayyisaa keenya Ilma waaqayyoo***" jedhu itti fufaa jirtan, akkasuma wal'aansoo jireenya keessanitti boca gochudhaaf tolfamees qabuu ittuma fuftuu. Deemsi keessan adda kan ta'efi akkasumas, taatota haaraa baay'ee macaafa qulqullu keessa jirani fi dhugaa macaafa qulqullu keessa jiru barudhaaf hawwi fi kaka'umsa beekumsa sagalee waaqayyo argachuuf qabdan irratti hunda'aa. Aarsaan isin qo'annaa kanaaf kaffaltani kakuu waaqayyo karaa sagalee isaa jireenya keessan irratti dubbate birra akka geessanif galaa isinii ta'aa.

Meeshaalee armaan gadii shanan kana harkatti akka qabatanif isiinan jajabessaa. Meshaalee kanas jalqabaa hamma dhumaatti itti fayyadamtu. Barumsa kana irratti muxanno ga'aa akka qabaatanif meshaalee kana guyyaa hundumaa, qo'annaa hundumaa irratti itti fayyadamtuu.

1. Qo'annaa macaafa qulqullu isa kana ykn " Fayyisaa keenya Ilma Waaqayyoo"
2. Maxxansa haaraa Macaafa Qulqulluu isa addunyaawaa(NIV). Hubachiisa: yoo macaafa qulqullu haaraa bittu taatani, macaafichi kanneen armaan gadii qabaachu isaa mirkanefadhaa:-
   a. Baafata kutaaleen macaafa qaulqullu hundumtu irratti argaman kan qabu.
   b. Madaallii qaxxaa muraa kutaa macaafa qulqullu biroo wajinin kan godhu keesumaa immoo gidduu fi dhuma fula hundumaa irraatti kan qabu.
   c. Xumura macaafichaa irratti barrefama yaadotaa fi jechooni barbaachisoo irratti bareefaman kan qabu.
   d. Kaartaa bu'ura ta'an muraasa xumura irraatti kan qabu
3. Qalama ykn qubeessaa fi hayilaayitari
4. Yaadannoo ykn taableeti
5. Kardii index isaa 3x5 ykn 4x6 ta'ee qabachuu keessan mirkaneefadhaa**.**

Ulaagaawwan lakk. 2 gubaatti caqasaman afran qabaachuun qo'annaa macaafa qulqullu kana sirritti akkasumas milkaa'inaan akka qo'attanif isiin gargaara. Yeroo macaafa qulqullu keessan bitattani abbaa mana nagaadda filannoo keessan sirriitti gaafachudhaaf gara boddeetti hin jedhiinaa. Keessumaa waa'ee madaalli qaxxaamuraa kutaa macaafa qulqullu biroo irratti gargaasa gaafachu hin sodaatinaa.

Wanti isin beekuu qabdan hikkaawwan macaafa qulqullu addaa addaa gutummaa biyyichaatti mana kusaa macaafa qulqulluu, Barnes fi kusaa Noble-type jedhaman maraatti ni argamuu.

Qo'annaa macaafa qulqullu kanaaf gaaridha kan jedhamuu Maxxansa haaraa Macaafa Qulqulluu isa addunyaawaa(NIV) dha. Luqqisiin qo'annaa macaafa qulqullu kana keessatti fayyadamamee hunddi Macaafa Qulqulluu isa addunyaawaa(NIV) keessaatidha. Hikkaan macaafa kanaa afaan isa jalqabaa ykn Ibrayisxi fi Girikii irraa kan hikame yeroo ta'uu beektonni hedduunis hikkaan kun isa kaan irraa adda kan ta'ee fi afaan bara ammaa kan fayyadamu ta'u isaa irratti walii galu. Hikkaawan gaggaarii kan biroonis baay'inaan kan jiran yeroo ta'u, takka takka yaada kutaa macaafa qulqullu caalaatti ibsuu fi hubannaa dabalataa kennuf nu gargaaru. Hikkaawan garaagaraa irratti dabalataanis, macaafonni qulqullu garaagaraa "macaafa qulqullu qo'achuuf" ykn "qo'annaa macaafa qulqullu Inductive" jedhamuf akkasumas qo'anna macaafa qulqullu shaakala jireenyaa qabuf akka gargaaruf maxxansitotaan kan dhiyaatedha. Macaafonni qulqullun kun hubanno dabalataa fi ibsa bal'aa kan biroo namaa kennu.

Macaafa qulqullu keessan irratti barresuudhaf hin maminaa. Eeyyamni isiniif kennamera! Qalamaa fi haayilayitarin akka ulaagaatti kanaaf caqasamani. Macaafa qulqullu kessan isin ittiin qo'attani dha. Yaadanno irratti bareesudhan, jala murudhaan, irra dibudhaan, itti naannesudhaan akkasumas xiyya itti gochudhaan macaaficha kan mataa keessan godhadhaa. Yaada kessan, gaaffilee fi mudannoo qo'annaa macaafa qulqullu kana keessatti isin qunname katabuudhaf yaadanno fi taabletii keessan akka fayyadamtanif isinan jajabessa.

Barannoon ja'aan tokkon tokkon isaa bakka shanitti qodamuu. Qoqodamuun kutaalee kana yeroodhan qo'annichi akka keessa ba'amuuf gargaara. Ariitiin barbaadaniin qo'annaa macaafa qulqullu kana gegefachuu dandessu. Yeroo tokko tokko baranoon isaa sa'aati isin qabdan gara irraa isiin gaafachu danda'aa. Utuu iddoo tokkoo hin ka'iin xumuruu isin gaafata ta'a. yeroo kaan immoo yeroo gabaabaa keessatti baranno tokko xumurtani isa kan birotti darbuus dandessu.

Qo'annoo macaafa qulqullutif yaalii jalqabaa keessani yoo ta'ee, mataduree "*macaafa qulqullu kan ofii kee gochuu"* jedhuun akka jalqabdanif in jajabefamtuu. Qo'annichi qo'annaa barumsa keessan jabeessuuf akkasumas dorgomaa isin taasisuf macaafa qulqulluu keessa isaa baay'ee gadi fageenyaan kan isin soqsisuu dha. Qo'annaa *Macaafa qulqulluu kan ofii kee godhachuu* jedhuu www.fullvalue.org irraa tola argachuu dandessuu. Akka dabalataattis qo'annoleen armaan gadii tola ni argamuu:-

- Karoora Waaqayyo, filannoon keenya qo'annaa boqonnaa seera umamaa warra jalqabaa kudha tokko dha.

- Kakuu Waaqayyo, eebbi keenya senaa Abrahami fi Saraa seera umamaa boqonnaa 12-25 irratti argamudha.
- Dhifama Waaqayyoo, birmadummaa keenya senaa Yoseef fi obbolota isaa seera umamaa boqonnaa 37-50 irratti argamu dha.
- Waamicha waaqayyo, hikamuu keenya –kutaa I fi II macaafa seera ba'uu dabalataa.
- Argamuu Waaqayyo, mo'ichi keenya qo'annaa senaa macaafota Iyyaasu fi Abbota firdii dha.
- Fedha Waaqayyo, karaan keenya senaa Ruut, saamu'el fi Sa'ol dabalataa.
- Araara Waaqayyo, fayyinni keenya senaa Daawit fi Salamoon, Eliyaas fi Elsaayi dabalataa.
- Fayyisuu Waaqayyo, tolli keenya senaa Dani'el, Yonaas, Izraa fi Nahimiyaa ilaallataa.

Qo'annoleen armaan oli kun akka dabalataatti yoo dhi'aatani iyyuu garuu qo'annaa ***Fayyisaa keenya, Ilma Waaqayyo*** jedhuu waliin walitti dhufeenya hin qabani.

Xumura irratti, qo'annon kun dhunfaa keessanitti akka irraa barttanif kan isiniif caafame ta'usaa hubachuu qabduu. Akka hiriyaa keessanitti akka itti fayyadamtanif kan mijefamedhaa. Meshaa kana amala baayyee gaaridhaan salphaatti walitti ni qabduu. Yeroo walfakkataaatti immo itti ni gammaddu. Odeeffannoo haaraa ni argattu. Bekumsaa fi ilaalcha haaraa argattanis namoota biroo dhaf ni hirttuu. Gaafolee cicimoo deebii barbaadan baayyees ni gaafattu.

Akka isin raawwatan abdii gutuu qabaachaa, hiriyoota lamaan tokko affertanii akka wajiniin qo'ataniif cimseen isin jajabeessaa. Fakkenyaaf, namnni tokko yeroo Jiimii(gym) keessatti yeroo nama biraa wajiniin isportii hojjetuu isa yeroo qofummaa caalaatti salphaa ta'aa. Waliwajiniin yeroo taatani kaka'umsa wal keessatti umuu fi itti gaafatamumaa dhan hojechuu isin keessatti umaa. Tarii immoo abbaa manaa fi haadha manaa keessanii wajinin taataniabbaa manaa fi haadha manaa biraa affertanii wajiniin qo'achuu dandessu. Apaartmentii ykn kondominiyemi irra jiraattus yoo ta'ee ollaa isinii wajiniin qo'achuu barbaadu afferuu dandessuu. Bakka hojittii namni isinii wajiniin hojjetus tarii sagaleen

waaqayyo maal akka jedhu barudhaaf akka affertaniin barbaada ta'a. Miseensa waldaa kiristanaa yoo taatani ykn waldaa kutaa itti baratonni torbee keessatti akkamitti akka dabarsan ka'anii itti ibsan yoo bektu taatanis gaaridha. Haalli keessan waan fedhe iyyuu haa ta'u garu gartu xiqqoo iddoo itti yaadaa fi ilaalcha keessan hirtani akkasumas qo'annaa macaafa qulqullu keessati wajiniin guddachuu dhaf ta'u walitti qabuu dhaf haala mijataa umaa. Yaadii namonni dhunfaa gartuu qo'annaa macaafa qulqullu keessan keessatti argaman kennan qo'anna isin gotan akka galmaan gessan isin gargaara. Yaadi keessanis isaanin akkasuma gargaara.

Mee kaanee haa jalqabnu! Bu'aa ba'iin kun itti haa fufuu!

SEENSA

Duddubatti deebinee yeroo senaa qorannu, waaqayyo ergama irra akka inni jiru ilaalla, ergama namoota gara tokkummaa isaa wajinin qabaachutti waamuu. Seera umamaa boqonnaa 3 irratti

tokkumaa gutuu waaqayyo Addami fi Hewaani wajiniin qabu ture abbomamuu dhisuu isaani irraan kan ka'ee digamee. Garuu waaqayyo utuu isaan achii iddoo dhaaba sana keessaa hin ba'iin hojii tokkummaa sana deebisee ijaaru jalqabee. Umama 3:15 irratti waa'ee fayyisaa kakuu jalqabaa senee. Ergamni isaas kan jalqabee umamni hundumtuu tokkumaa jaalalaa isaa wajiinin haa qabaatanif yeroo waamu dha.

Wangeloota kakuu haaraa warra jalqabaa afran (matiyos, marqos, luqaas fi yohanis) yeroo qo'achuu jalqabnu kanatti karoora waaqayyoo, toftaa inni itti ergama isaa raawwatu, mo'icha waaqayyoo, Yesuus Kiristosin Ilma isaa tokkicha, akka mucaatti isa gara lafaa dhufe, akka namaatti biyya lafaa kana irra isa jiraate, achii immoo cubbuu kenyaa fi hojii jal'inaa isa Waaqayyo irraa adda nu baase sana nurraa kaffalu dhaf jedhee isa dhiphatee sana barraa. Yesuus kana gochuun isaa tokkumaa Waaqayyo dhala namaa wajiinin qabaachuf jedhee ture sun irra deebi'ee gutumaatti akka haara'uf jedheetu. Yesuus, gooti Waaqayyo, isa nuyi ofii kenyaaf raawaachuu hin dandenyee nu godhee. Yesuus Kiristos, fayyisaa, masihicha, Ilma waaqayyoo isa cubbuu fi du'a irratti mo'aa ta'es arguuf jirraa.

Barannoota amma qo'achuuf jirru keessatti senaa Yesuus enyuu akka ta'ee mul'isuu dubbisuuf jirraa. Yesuus ilma waaqayyo fi fayyisaa biyya lafaa ta'uu isaa caalaatti hubachudhaaf, Wangeelota afran kana keessa deedebine qo'anna. Senaan tokko tokko wangela tokko ykn lamaan kan himaman yeroo ta'an kannen biroon garuu afran isaanin himamaniru ta'a. Barresitoota tokko tokko gidduutii garaa garumaan xiqoon jiraachu danda'a garuu isin hin dogogorsiin. Bareesitootni tokkoo tokkon isaani gartuu ykn saba ergaa barresanin bira ga'uu barbaadan akka qabani fi hundumtu immoo dhuga baatota warra ijaan Yesuusin argan akka hin taane yaadadhaa.

Ammas irra deebi'ee, senaa waa'ee Yesuus hunduma isaa qo'annaa gabaabdu kana keessatti kaasuun ulfaataa fi kan hin danda'amne ta'u isaan isin yaadachisaa. Senaan warri filatamani isini dhi'aatan jalqabudhaaf isin gargaaru. Yaadadhaa, Waaqayyo abbaan jaalala guddaa inni isinii qabuu fi walitti dhufeenya inni isinii wajiniin qabaachuf dheebotu sana akka beektani barbaada.

Barumsa waa'ee fayyisaa fi olchaa keessan yesuus irratti gotan kanatti gamaduun isinii hawwaa!!

BARANNOO I ~ KUTAA 1

SEENSA

Erga hafteen Israelotaa baabiloni deebi'ani biyya kakuu isaani keessa irra deebi'ani buufataniti waaggoni hedduun darbaniruu. Bara dukkanaa keessatti , yeroo kakuu mofaa fi kakuu haaraa gidduu ture keessatti, yihudoonni warra bittaa warra romaa fi grikii jalatti kufani. Jalqabbi kakuu haaraa irratti Herodis bulchaa Romii fi lafa waaqayyo saba isaa israelif kenne ture filisxeem ta'ee turee.

Macaafonni kakuu haaraa warri jalqabaa wangeloota afran matiyos, maarqos, luqaas fi yohaanisin kan barraa'ani dha. Namoonni kaneen afran yeroo barreessan ilaalcha garaagaraa irraan ka'ani akkasumas dubbistoota garaagaraa sammu isaanitti yaadaa ture. Fakkeenyaaf maatiyos sabni yihudii Yesuus akka inni masihi isa abdachifame ta'ee fi raajii karaa raajota akka isaayas fi ermiyaasin dubatame sana kan raawate ta'u isaa akka baran barbaade barresse. Karaa biraan immoo luqaas, tewofilosin (luqaas 1:3) yaadatti qabatee akkasumas namoota Romaa waarra waa'e isa dhibamee fi masihi isa ta'e Kiristosin barachaa turanis barreessee.

Yesuus irratti xiyyefannee qoranno macaafa qulqullu keenya itti fufnaa. Wangelota kana keessatti senaa barrefamani yeroo barruu hubannaa muraasa in argannaa. Luqaas fi yohaannis lamaan isaani maalif akka jireenya Yesuus irraatti gabaasan dubbatuu.

A. Luqaas 1:3-4 irratti maaltu nutty himamee?

_____

_____

B. Yohannis 20:31 maal nutti himaa?

_____

_____

Luqaas akka tewofilos barumsi inni kana dura baratee akka dhugaa ta'e akka inni baru barbaade barresee. Yohaannis yeroo barressee namoonni ergaasaa dubbisan hundinuu Yesuus akka inni Kiristoos ta'ee fi isatti amanudhaan jireenyi barabaraa akka argamu akka amananif barressee. Namoonni hedduun jireenya isaanitif galma ka'atuu. Sammu fi laphee isaani galma sana bira ga'u irraa kaa'u. filiphisiyus 3:10 irratti pawulos galma isaa akkasitti ibsaa, " Kiristosiin beekuun barbaada." Jedhaa. Nuufis Yesuus Kiristosiin akka fayyisaa fi hiriyaa kenyaatti beekun galma

jireenya keenyaa nuuf haa ta'u. Isa baruudhaan immo isatti amanuun fi maqaasaa keessatti jireenya qabaachuun nuuf haa ta'uu.

KADHANNAA:

Garraamii kan taate waaqayyo abbaa keenyaa, ani amma wangeloota oduu gammachisaa addunyaa maraatti himan kana barudhaaf deemsa haaraa jalqabaan jiraa. Yesuus Oduu Gaari dha. Yesuusin bekuu fi enyummaa isaa , maalif akka inni biyya lafaa dhufe, jireenyi isaa jireenyakoo akkamitti akka jijiree baruun fedhikoo waan ta'eef akkan isa baruuf na dandesisii. Sammukoo damaqsii, lapheekos dhagefachu dhaaf kan hawwitu godhi. Senaa, dinqii fi fakkenyota Yesuus hundumaaf laphekoo banamaa godhi. Wangeloonni kun dubbikee fi yeroo ani siin akkasumas Ilmake Yesuus Kiristosin baruu dhufu karaa ati ofikee anatti mul'istu dha.

_____

_____

_____

_____

_____

BARSIISA:

Wangeelli maatiyoos hidda dhalotaa Yesuusin tarresu dhaan eegalaa. Maatiyoos gaaffilee "Yesuu essaa dhufee?", "hiddi dhaloota isaa maalidhaa?" jedhan deebisaa jiraa. lakkofsa 2-17 yeroo ilaaltani, maqolee beektani baay'ee argituu. Yeroo gabaabaadhaf maqolee beektan jala sororsaa.

- Lakkosa 1-6 Abraham biraa nu fudhee (umama 12) daawwit (samu'el 16) bira nu geessa.
- Lakkofsa 6-11 dhaloota mootota israa'el ta'aan qabataa (1mootota fi 2 mootota)
- Lakk 12-16 bittaa baabilon jala yeroo isaan turanii kaasee haamma dhalachuu yeesus nutty agarsisaa

Hubachisa: maatiyoos waa'ee namoota sanyii yihudotaa keessatti gurguddoo ta'an lama dubbataa. Hidda dhaloota Yesuus hunduma isaani hin tarresinee garuu yihudootaaf barresaa waan tureef hidda dhaloota isaa abbaa yihudotaa kan ta'ee Abraham irraa jalqabuun barbaachisaa turee. Lakk. 6 irraatti kan ibsame Dawitis akkuma Abraham abaabilii yihudotaa isa guddaadha.

Maqaan wangela matiyoos (9:27, 20:30) irratti Ilma daawwit jedhamee Yesuusif kennamee akka Yesuus misii isa dibamaa isa Isra'eel karaa senaa egaa turan akka ta'e adda baasaa.

- Luqaas illee akkasuma hidda dhalootaa Yesuusin luqaas 3:23-38 irratti barresera. Senaa hidda dhalootaa kana maaltu adda isa godhaa?

_____

_____

- Luqaas essaa egalee?

  _____

- Luqaas hammam boddeetti deebi'aa hidda dhaloota Yesuusin soqee?

  _____

- Yesuus ilma yooseef akka ta'eetti utuu yaadamuu garuu Luqaaas akka inni Addaam dura turee nutti himee!
  Inni _____kan_____(lakk38)

BARANNOO TOKKO ~ KUTAA 2

HOJII MANAA:

Senaa maariyaam luqaas 1:26-38 irraa dubbisaa.

1. Dhugaan lakk 26 fi 27 keessa jirani maali dha?

_____

2. Maariyaam nagaa fi ergaa ergamaa waaqayyo sana akkamitti simattee?

_____

3. Deebiin mariyaam ergamtichaaf deebifte maal turee?

_____

SHAAKALA:

1. Lakk 26-27: firri maariyaam Elsaabex yemmuu waaqayyo_____ergamaa_____
   a. Gabreel gara_____magaalaa_____addumaan gara_____akkuma_____tti kakatamee.
   b. Maqaan namichaa_____turee, nama sanyii_____kessaa kan ta'e.
   c. Maqaan ishee_____jedhamaa.
2. Ergamtichi Gabreel maariyaam waaqayyo duratti ayyaana akka argatte itti hime(lakk 30). Waaqayyo irraa ayyaana argachu isheetif maaltu ta'aa(lakk 31)?

   _____

   _____

   Ilmi isheen da'uuf jettus maal ta'aa? (lakk. 32-33)

_____

_____

_____

3. Maariyaam dubbi kan akkamitti deebiftee?
   a. Nagaa ergamtichaa? (lakk 29)

      _____

   b. Oduu gammachisaa ilma Yesuus jedhamu godhata jedhuuf? (Lakk. 34)

      _____

_____

c. Dubbii " wanti waaqayyoof dadhabu hin jiru jedhuuf?" (lakk. 38)

_____

4. Maqolee akkamituu Yesuusif kennamuu?
   a. Lakk 32:_____
   b. Lakk 35:_____
5. Senaan maariyaam akkamitti raawwatee? (lakk 38)

_____

_____

HOJII MANAA:

Senaa yoseefin maatiyoos 1:18-25 irraa dubbisaa.

1. Dhugaan lakk 18-19 keessa jirani maalfaa dha?

_____

_____

2. Abjuun lakk 20-21 irra jiruu maal mul'isaa?

_____

3. Sagaleen raajii lakk 22-23n akka raawwatamuf dubbatame maal turee?

_____

4. Abjuu arge sanaaf deebiin yoseef maal turee? (Lakk. 24-25)

_____

5. Walitti dhufeenyi senaa maariyaami fi senaa yoosef giddu jiru maali dha?

_____

_____

SHAAKALA:

1. Maqolee fi Hikaa yesuusif kana dura kennaman tarresii:
   a. Lakk 16, 18:_____ ___ hikkaa:_____
   b. Lakk 21: _____ hikkaa:_____
   c. Lakk 23: _____ hikkaa: _____

Hubachisa: afaanonni Girikii fi Ibrayisxi lamaan isaani hika baay'ee ifaa ta'e ni kennu. Yesuus jechuun fayyisaa jechudhaa. Yesuus afaan girikii yeroo ta'u afaan ibrayisxin immoo Iyyaasu ykn goftaan in fayyisa jechudhaa. Kiristos afaan Girikii yeroo ta'u afaan Ibrayisxin immoo masii ykn isa dibamee jechu dha. Amaanu'eel afaan Ibrayisxi yemmu ta'u hikkaan isaa Waaqayyo nu wajinin jira jechu dha.

2. Kaadhimaan yoseef ni ulfoofte. Yemmu ulfaa'u ishee dhaga'ee akka nama tokkotti yoseef maal gochuu yaadee? (lakk. 19)

   _____

   _____

3. Mucaan gadameessa ishee keessaa_____utuu hin ta'iin_____dha. _____ishee keessatti in hojjeta isheenis _____in deessi.
4. Yoseef in dammaqee. In abbomamees. Lakk 25 keessatti dhugaa namatti tolu maal arginaa?

   _____

RAAWWII:

Senaa himuu jalqabuuf karaa midhagaa ta'e! waaqayyotu mucaa ta'ee gara biyya lafaa akka Ilma Waaqayyoo fi akka Ilma namaatti dhufuuf jedha turee. Waggaa dhibba heddu dhaaf sabni waaqayyo masii isa abdachifame sana egaa turani. Garbummaa fi hidhaan waggota dheraa ifa abdi gaaf tokko fayyisaan nuu dhufee olchaa keenya nuuf ta'a jedhu dhaamsera. Har'a garuu waaqayyo ergamaa isaa ergaa abdiin gutee wajinin gara dargagetti kanatti ergee. Masihichi abdachifame karaa namaa utuu hin ta'ani karaa hafura qulqullu gadamessa maariyaam keessa ni bule. Yoosefis maariyaamin akka haadha manaa isaatti fudhachudhaaf hin sodaanne.

Akka maariyaam ergamaa waaqayyo dhaan daawwatamu fi ergaa kana fakkaatu garaatti baachuu akkasumas immo nama akka yoseef qajeelaa fi waan hundumaa karaa gaarii ta'eerra geggesu ta'un akkam nama gammachisaa. Maariyaam ofi ishee fedha waaqayyo jala galchitee akkasumas yoosef abbommi waaqayyof abbomamaa ta'e. maariyaamin akka haadha manaa isaatiti gara mana isaatitti haa fudhatu iyyu malee garuu hamma mucichi Yesuus dhalatutti wal qunnamti saalaa wajinin hin raawwanne.

BARANNOO TOKKO ~ KUTAA 3

Seensa:

Waa'ee Yesuus isa nama waaqaa fi nama gutuu ta'e kana qorachuu keenya itti fufudhaan wangela Yohaannisin ilaalla. Boqonnaa jalqabaa irraatti Yohaannisis waa'ee Yesuus jalqaba isaa nutty himuu barbaadee ture. Enyu ture inni? Essaa dhufee? Maalif dhufee? Maal fakkaataa? Yohaannis kan inni barresee warra yihudi fi warra ormota yihudi hin ta'inif ture. Yohaannis akka abbaa wangelaa tokkotti namni hundumtuu Yesuusitti amanani akka fayyan barbaadu isaa yaadadhaa. (yoh. 20:30-31)

Hojii manaa:

Yohaannis 1:1-5, 9-14, 16-18 dubbisaa. Senaa Maariyam fi Yoseefin dubbisnerra. Kun seenaa Yohaanis waa'ee Yesuus isa inni sagalee jedhee waame dha. Yohaannis waa'ee yesuusin maal akka barannu barbaadee? Boqonnaan kun dubbisufis ta'ee hubachuuf ulfaataa dha. Yeroo dubbifatan obsa qabaachun isiin irraa egamaa. Qalamaa fi qubeessaa qabadhaati jechoota, himoota, jala sararaa dubbisaa. Barbaachisaa ta'ee argamnaan fakki yaada dubbiftan isini ibsus biratti kaafachu dandeessu.

Yesuus Enyu?

SHAAKALA:

1. Lakk 1-5
   a. Lakk 1 irratti dhugaa maal jedhan sadiitu nutti himamee?

      _____

      _____

      _____

   b. Umamuu umamaa keessatti hirmaanaan Yesuus maal turee? (lakk. 3)

      _____

      _____

   c. Isa keessa_____turee (lakk. 4)
   d. Jireenyichis _____namootaa turee. (lakk. 4)
   e. Ifichis _____keessatti_____garuu_____hin dandenyee.(lakk 5)

2.Lakk 9-14
   a. _____inni dhugaa inni_____dhufee namoota hundumaaf _____. (lakk. 9)
      Yesuus ifa biyya lafaa ta'ee gara biyya lafaa kana dhufee.
   b. Inni biyya lafaa keessa turee_____, _____garuu _____. (lakk. 10)

c. Gara biyya dhunfaa isaa dhufee garuu namootni isaa_____(lak 11)
d. Warra isa simatani fi itti amananif maaltu kennamee? (lakk 12)

_____

e. _____irraa dhalannee ijollee waaqayyo taanee. (lakk. 13)
f. Sagalichi yesuus_____ta'ee nu giddu _____. _____ isaa arginee. Ulfina isaa isa tokkicha isa _____ dhufe isa _____ fi _____ gutee. (lakk 14)

3.Lakk. 16-18

a. Hundumti keenya_____ isaa keessaa_____.(lakk. 16)
b. _____kennamee _____,_____ fi _____ garu karaa _____ argamani. (lakk. 17)
c. Takkaa homtinuu_____ hin arginee. Enyutuu abbaa nutti argisisee? Enyutuu akka isa beeknu nu godhee? Enyuutu akka nuti dursinee abbaan maal akka fakkaatu baru nu taasisee? (lakk 18)

_____

HUBACHISA:- kutaa kana keessatti waa'ee sadan waaqayyo tokkoo, waaqayyo abbaa, waaqayyo ilmaa fi waaqayyo hafura qulqulluu ifa xiqqoo ishee argachuu egalerra. Isaan waaqa tokko dha, waaqa tokkicha ulfinaaf dhugaan gutuu ta'ee!

YAADANNOO:

Qo'annaa hamma yonaa gochaa turtaniin dadhabdan iyyuu garuu Yohaannis 1:14 lakkofsa baay'ee bu'aa busuu fi dubbii ijoo macaafichaa qabatee jiru dha. "sagalichi(Jecha Yohaannis ittiin Yesuusin ibsu dha) foon uffatee nu gidduu buufate….ayyaanaaf dhugaan gutamee abbaa biraa isa dhufe." Senaa kakuu mofaa keessatti waa'ee waaqayyoo saba isaa gidduu bufachuu haasofnerra. Yemmuu sabnni Israa'el waggaa 40f lafa onaa keessa jorraa turan utubaan ibbiddaa

fi dumeessi sun waaqayyo akka isaani wajiniin ture isaan yaadachisa ture. Sanduqa kakuu Waaqayyoo akka Museen ijaaruf abboomees sabnni Israa'eel yeroo hundumaa saanduqicha ilaalani waaqayyo akka isaani wajiniin jiru akkasumas isaan gidduu bufatee akka jiruu haa hubataniif dha. Har'a immoo kunoo Yesuus Kiristoos, Amaanu'el, nama gutuu fi waaqa gutuu ta'ee nu wajjinin jiraa. Nu wajiniin jiraachu isaa cimsee maaltu mul'isa yoo jettaani, ayyaanaa fi

dhugaa dhan gutuu ta'ee nu gidduu bufachuu isaa dha. Isa keessatti jaalala waaqayyoo isa haala gara irraa ta'ee sana shaakalla. Akkasumas Yesuus keessaa dhugaa argannaa. Dhugaan nama ta'ee nu gidduu buufatee. Inni karaa , dhugaa fi Jireenya dha(yoh 14:6). Dubbiin isaa dhugaa dha, yeroo maraas akka nu wajiniin jiru nutti dubbataa(maatiwoos 1:23, 20, 28) dhugumaan immoo nu wajiniin jiraa. Warra badan barbaachu fi olchuudhaaf akka dhufee dubbataa(luq 19:10). Wantoota jireenya keenya hidhanii qaban hundumaa irraa akka bilisa nu baasee nutti dubbataa. (luq 13;12). Yesuus isa fayyisaa biyya lafaa ta'e kanatti amanudhaan jireenyi barabaraa kan keenya akka ta'us nutti dubbataa(yoh 3:16-17). Sagaleen isaa dhugaa isa birmaduu nama baasu dha(yoh 8:32). Dhugaan ayyaanaa fi kennaa jaalalaa inni nuuf qabu mul'isaa. Lakkoofsa 14 yaadannoo keessan irratti barresaa kana booddes dubbi ijoo akkasi yeroo argitan yaadannoo keesan iratti katabuu hin dagatinaa. Jaalalli yesuus kiristoos inni guddaan, ayyaanaa fi dhugaan gutee akkamitti akka gara keessan dhufee beekutti gudda dha.

KEESSA DEEBII Yesuus ilma Abbaa isa angafa ta'ee dhufee. Maqootiin ykn Mogaafnni isaa inni enyuu akka ta'ee enyummaa isaa fi biyya lafaa kana irraatti ergamni isaa maal akka ta'e nutti himaniruu.

Maqoota Yesuusif keennaman hiika isaa wajinin akkasumas ergamni isaa akka armaan gaditti keessa deebi'amaa:

Maqaa	Hikaa fi Ergama isaa
Yesuus	
Kiristoos	
Amaanu'eel	

Ilma waaqa irraa	
Ilma waaqayyoo	

Maqoolee kanneen malees barressaa wangelaa kan ta'ee Yohaannis, Yesuus sagalee akka ta'ee akkasumas waaqa waan hundumaa umee garuu ofi isaa kan hin umamnnee ta'u isaa ni dubbataa (yoh 1 :1-3)

BARANNOO TOKKOO ~KUTAA 4

SEENSA

Senaa macaafa qulqulluu beekamaa tokko qo'achudhaaf qophoofnerraa. Hordoftoota amantaa kiristaanaa addunyaa maraa irraatti argaman maraaf kun ayyaana dhalachuu gooftaa keenya Yesuus Kiristoos dha. Senaa itti Abbaan dhalachuu Ilma isaa isa angafaa itti beeksifate dha.

HOJII MANAA

Luqaas 2;1-7tti dubbisaa. Utuu dubbisuutti jirtanii wantoota garaa garaa Abbaan nutti himuu barbaadu hubadhaa:

- Haalota garaa garaa dhaloota Ilma isaatti marsanii jiran.
- Gammachuu Waaqa irraa fi
- Deebii oduu gammachisaa sanaaf kennamee.

SHAAKALA:

1. Lafti Israa'eelotaa bittaa warra Romaa jala turee. Motiin yeroos turee enyuu jedhamaa? (lakk 1)

   _____

2. Ajajnni Qeesaar baasee maal turee? (lakk 1)

   _____

3. Yeroon yesuus itti dhalatee barresaa wangelaa Luqasiin ibsameera. Akka lakk. 2 irraa jiruutti yeroon inni fayyadamee sirrii ta'uu isaa maalin mirkaneefannaa?

   _____

   Bulchaan Romaa Qesaar Agusxosii fi Bulchaan Siriyaa Qarniyoos lamaan isaani namoonni akka lakka'amaniif abboommi dabarsani. Sababa Israa'eelonni dirqama looltuu waraanaa Romaa keessaa bilisa baafamaa waan turaniif gibirrii akka sasaabamuuf ture namoonni lakka'aamaa kan turan.

4. Namoonni hundinuu essatti galma'aa turanii? (lakk 3)

   _____

5. Ajajnni kuun yooseefif maal jechuu turee?(lakk 4) adeemsa isaa kaartaa irraa dukaa bu'aa.

a. Essaa jirachaa turee? Magaalaa kam?_____
b. Kutaa biyya filisxeemotaa keessaa bakka kam jiraachaa turee?_____
c. Essatti gabaasuutu irraa eegama turee?_____
d. Gara kutaa biyyaa kana dhaquun maaf isa barbaachisee?_____

6. Ajajnni ba'ee kun Maariyaamif maal jechuu dha?(lakk 5)

_____

_____

Hubachisaa: karaan Naazreeti fi Beetileheem gidduu yoo xinnaatee guyyaa sadii fudhataa. Dubartiin umurii kudha lamaa fi isaa ol ta'ani hundii galma'ani gibira isaan irraa egamu kaffaluuf dirqama qabuu.

7. Yeroo yoosef fi Maariyaam betelehem keessa turanitti maaltu ta'ee? (lakk 6)

_____

_____

Lakk: 7- Angafa Ilma ishee_____, sababii_____, _____ ishee _____iddoo _____.

RAAWWII

- Ajajnni yeroo malee himame kun Maariyaam fi Yoseefif maal akka ta'ee yeroo itti fudhadhaa yaadaa.

_____

_____

- Gaaffii tokko malee oduu da'uu isheetii Naazreet keessa taa'ani hawwii guddaa dhan in egatu turani. Maariyaam garuu mucaa garaatti baattee karaa hamma kana deemuun isheetti tolaa hin jiru, barbaachisummaan isaas itti hin mul'annee. Dhalachuu mucichaa

hawwii guddaa dhan egaa jirtii. Karaa biraatiin immoo Yoosef waan hundumaa of eganno dhaan karoorsee kaa'era. Tarii mana warra mucaa deesisan bira dhaqee dursee akkamiitti akka deeesisan leenjii fudhachuun isaa hin ollee. Utuu isintuu dukaa deemaa jirtu taatani maaltu isinitti dhaga'amaa? Maaltu gara sammuu keessanii dhufaa?

_____

_____

- Waaqayyo waan hojjetuu beeka. Sagalee karaa raajii Milkiyaas dubbatamee ilaalaa(milk 5:2) kutaa kanas barressaa:_____

  _____

- Bulchaan inni kan Israa'eel kan bara durii durii fi barabaraa essatti dhalachudhaaf turee? Raajiin kun immoo akka raawwatamuuf maaltu godhamuu qaba turee?

  _____

  _____

- Waaqayyoo mootota isatti hin amanne kana kaayyo isaa ittin raawwachu dhaf akkamitti itti fayyadamee?

  _____

  _____

- Luqaas 2:7 haala Yesuus itti dhalate maal nutti himaa?

  _____

  _____

YAADANNOO

Yesuus amala waaqayyoo gutuu dhaan dhufu illee garuu akka nuti waan hundumaa argannu fedhee ulfina isaa hundumaa dhisee. Harkka qullaa fi hiyyumaa dhan dallaa horii keessatti dhalatee. Sababiin isaa immoo Betelehem keessaa manni Yesuusin siimatu hin argamnnee. Phaawuloos ergaa isaa gara warra Qoronxoos isa lammafaa 8:9 irratti Jaalala Yesuus isa guddaa isa inni sooressa ta'ee utuu jiruu akka nuti hiyyumaa keessaa baanee waan hundumaa qabaanuf jedhee hiyyummaa simatee sana nutti himaa.

Kutaa kana macaafa yaadanno keessan irratti katabaatii galmee yaadannoo keessan keessaa isa tokko godhadhaa. Guyyoota gagaarii bara keessan keessatti Waaqayyo ittin isin sooromsee yaadaatii galata waaqayyoof dhi'eessaa. Akkuma inni hiyyomee waarra kaan soreessa gochu dhaaf tajaajilee isinis akkuma kana namoonni warrii kaan Yesuusin baranii akka soramaniif carraa fi balbala ittiin tajaajiltan akka argatanif waaqayyoon kadhadhaa.

BARANNOO TOKKO~KUTAA 5

Seensa

Senaan ayyaana dhalachuu Yesuus ittuma fufaa. Labsi fi ayyaanefannaa of keessatti qabataa! Yeroo lakkofsota kanatti anaani jiran dubbiftan gammachuu yeroos godhamee sammu keessan keessatti ilaaludhaf yaalaa. Yesuus isa Dibamee, Masihichatuu dhalatee. Utuu isintu dhalachuu mucaa keessanii labsaa jirtu ta'ee hammam gammadduu? Yoo addunyaa gutummaa isheetu dhaga'uu qaba ta'ee dura enyuutti himtuu? Akkam gootanii labsituu? Facebook irrattiimoo? Twitter irrattimoo? Vidiyoo dhalachuu isaa umtanii YouTube irratti gad dhiftu? Waaqayyoo Abbaan garuu maal gochuuf akka filatee haa hubannuu.

HOJII MANAA

Luqaas 2:10-20tti dubbisaa

- Labsiicha enyutuu labsee?
- Jalqaba enyuutti himamee?
- Oduu itti himamee sanas akkamitti fudhataniii?

1. Lakk. 8 maal nutti himaa? _____tokko immoo_____bakkeetti halkan_____ in eegu turanii.

   Hubachiisa: kutaa kana irraatti bareefamudha baatu iyyuu garuu tiksitonni kun hoolota qalma mana qulqullumaaf ka'aman eguu jedhamee yaadama. Holonni kun hoolota maadaa fi rakkina tokko iyyu hin qabne turani. Waaqayyoo Abbaan labsii dhalachuu mucaasaatii jalqaba maalif akka tiksitootatti himuuf filatee yeroo yaadnu namatti tolaa.

   2. Tiksitoota kanatti enyutuu mul'atee?(lakk. 9)

   _____

3. Ergamaa sanaa wajiniin maaltu mul'atee? (lakk 9)

   _____

4. Tiksitootnni holaa sun gaafa dhaga'an maal jedhanii?

   _____

5. Ergamaan sun jalqaba irratti maal dubbatee? (lakk 10)

   _____

6. Ergamichii maalif tiksitoota sanaan hin sodaatinaa ittin jedhee?

   _____

   _____

7. Ergaan dubbaatamee Oduu gaari fi nama maraaf kan gammachuu guddaa kennu dha. Ergaan sun maal turee? (11)

   _____

   _____

8. Gaaffiin maatii mucichaa jalqaba irratti gaafataman tokko maqaan isaa enyu dha kan jedhu turee. Maqaa isaaf kennamee lakk. 11 irraa hubadhaa.

   _____

   _____

9. Mucicha dhaqanii akka ilaalaniif Ergamaan sun tiksitoota sanaaf milikita akkamii kenneef? (lakk 12)_____

10. Ergasii maaltu ta'ee? (lakk 13)
    - Akka tasaa _____ ta'ee.
    - Isaan immoo _____ jedhanii waaqayyoon in faarfatu turanii.
    - "_____ _____ _____ _____"

11. Labsiin dhalachuu mucichaa deebii barabaad turee. Erga ergamichii gara samiitti ol deebi'ee boda marii tiksitoota sana giddutti ta'ee itti yaadaa. Murtoon isaan irra ga'aan maal turee? (lakk 15)

_____

_____

12. Ayyanefannaan jalqabeera. Ergamoonni faarfachaa jiruu. Tiksitootni sun immoo isa waaqayyo itti himee sana ilaalu dhaf aritiidhan sokkani. Achiis ga'anii maal argani? (lakk 16)

_____

Gara dallaa horii utuu demaa jirtanii lapheen keessan Ilma Abbaa, fayyisaa, fi motiin arguuf jedha jedhee dha'atee bekaa? Waaqayyoo abban immoo fula gammachuu dhan bonee teesosaa irratti isinitti ni argamaa? " Argitanii ilaa akkuman isinnitti himee turee Ilmikoo jalqabaa, mucichii, kunoo uffataan maramee dallaa horii keessa cisaa jira." Utuu jedhee dubbatuu isinitti in dhaga'amaa?

BARSIISA

Sammuu keessan keessatti waan hedduu yaadaa jirtu ta'a. Utuu mucaan kun hin dhalannee ta'ee biyyaa lafaa akka amma arginu kanatti hin arginu turree. Biyyi lafaa labsii guddaa fi ajaa'ibsisaa akkasii hin dhageessu turtee. Ergamoonni samii irraa waaqayyoof in faarfatan qofaa miti garuu naannoo isaanitti ulfinni waaqayyoo bufatee turee.

Ulfinni waaqayyoo kun maal turee? Ulfina Jiraachu isaa mul'inaan saba isaa giddutti kan agarsiisu turee.sabni Israa'eel biyya abdachifamte sanatti galuudhaaf waggaa Afurtamaaf lafa onaa keessa utuu naana'anii ulfina Waaqayyo utubaa ibbidaa fi dumeessaa keessaan arganii turanii. Museen utuu dumeessi saanduqa kakuu Waaqayyoo irraa buufatuu argee ture (s. ba'u 33). Waaqayyoo museedhaan argamuun isaa akka wajinin ta'uu kakuu dhan mirkaneesse turee. Ulfinni waaqayyoo Tiksitoota sanatti mul'ate sun argamuun waaqayyoo mucaa isa kiristoos ta'ee Betelehem keessatti dhalatee kana keessa akka jiru dubbataa. Oduun inni gammachisaan ulfinni waaqayyoo karaa ilma isaa nu gidduu bufachuuf dhufuu isaati. Inni ayyaana fi ulfinaan kan gutee dha (yoh 1:14). Oduun inni gammachisaan, waaqayyoo abbaan ilma isaa isa qulqulluu, gutuu fi mudaa kan hin qabnee holaa waaqayyoo, kan nagaa hubannaa nama hundumaa bira darbu fi yeroo hundumaa nu wajiniin ta'u nuuf keennu godhaa isa dhi'essera. (yoh 20:14)

RAAWWII

Senaa ayyaana dhalachuu yesuus irra utuu hin darbiin, waa'ee namoota jalqaba ayyaneefannaa isa jalqabaa irraatti hirmaatan fakkenyaaf Ergamootni, Tiksitootni, waa'ee mucichaa warri dhaga'ani fi Maariyaam haala akkamii keessa turanii jennee yaaduu qabnaa.

- Yemmuun waa'ee ergamootaa yaaduu gammachuu irraan kan ka'ee fulli kiyya in ifaa. Mee gammachuu isaani yaadaa. Samii keessatti yeroo dheraa dhaf "yeroon isaa hin genyee?, dhaqnee tiksitootatti himnuu?" jedhanii gaafachaa turani. Ergamoonni kumaatamnni samii keessaatti gammachuu irraan kan ka'ee yeroo utaalan! Ilaalcha addaa dha! Humna baay'ee! Gammachuu guddaa dha! Fayyisaan akka dhufuuf jiru dubbachuu dhaf oduu isaa namootan ga'u dhaaf baroota heddu egani. Akkuma kennan ayyaana dhalotaaf bitamee garuu yeroon isaa waan hin genyeef achi lafa taa'uti.
- Kan Tiksitoota holaa sanaas salphaa hin turree! Yaa Waaq, akka Tiksitoota sanaa warra feedhidhaan waan hundumaa dhisanii afferraa isaan qaqabee simatanii kennaa ayyaanaa isa dhala namaa hundumaaf kennamee ilaalu dhaaf gara dallaa horiin keessa bultuu dhaqan na godhii. Nuun takka takka mucichi maal akka fakkaatu nu harkaa bade gara Beteleheem dhaqnee ilaalu nu gaafata ta'a. tiksitoonni sun garuu dhaqanii mucicha qofaa ilaalani hin deebinee ergasiis hoolota isaanii eguutti deebi'anii achuma irraan namoota argan hundumaatti himanii. Yaa Goftaa, akkuma Tiksitoota kanaa nama waanan sii irraa dhaga'ee fi argee na dhimisisuu na godhii. (lakk 14) Waaqayyoo oduu gaarii kan inni anaan ga'uu ofikoof dhaga'ee akkan dhisu qofaaf utuu hin ta'iin namoota hundumaan akkan ga'ufidha(lakk 14). Lakkofsa 20 irratti tiksitootni sun iddoo isaanitti akka deebi'an dubbataa. Waa'ee wanta dhaga'ani fi arganii hundumaaf Waaqayyoon_____ fi _____. Mucichii jireenyakoo keessatti jijjirama maalii fidaa? Daawwanna dallaa kana keessaatti taasise boddee ani waa'ee wantan argee fi dhaga'ee Waaqayyof hoqubaa dhi'eessaa akkasumas galatefachaa iddookotti nan deebi'aa?
- Namootni warri oduu Tiksitoota irraa dhaga'aniis deebii keennu qabu turani. Lakk. 18 irraatti Tiksitoota irraa warri dhaga'ani hundumtuu _____ jedhaa.

- Takka takka ajaa'ibsifannee ykn yaada "gaaridha" jedhuu qofaan gutamnee dhifnaa. Amanuu ykn Amnuu dhisuu dhaaf of hin qopheesinuu. Senaa dhageenye "gaari dha" jennee qofaa dabarraa…….. Waggaa itti anuus senaa kana mataa isaa irra deebinee dhageenyee faarfannaa faarfannee gallaa.
- Dhuma irratti dubbii lakk 19 irra jiruu haa dubbifnuu: Maariyaam _____ hundumaa _____qabattee _____. Kutaan kuun wanti nuun hin beekne garuu Maariyaam qofaan kan beekto tokko waan jiru fakkeessa. Maariyaam ji'oottan garaatti baachaa turtee keessatii fakkii fi yaadanno ishee mudatan tokko tokko walitti hin qabannee. Ji'oottan saglan darbaniif jireenyi ishee dadhabbi fi yaaddo dhaan kan gutame turee. Amma garuu mucaan ishee dhalateera. Mucichii dhugaadha. Mucaa namaa qofaa osoo hin ta'iin mucaa Waaqayyos ta'ee utuu jiruu garuu akkuma mucoolii biro nama dhimmuuf, ho'inaan isa kununsu fi jaalala ni barbaada turee. Saba isaa cubbuu isaani irraa isaan in qulleessa yemmuu jedhuu maal jechuu dha? Abbomamuun Yoseef fi Maariyaam gatii akkamii isaan baasisee?

GAAFFILLEE RAAWWII

1. Abbaan Ilma isaa kennaa gutuu godhee nuuf kennee. Hojii haffurri qulqulluun nu keessatti hojeetuun akka isa simanuuf ykn filannoo mataa keenyaatiin akka isa dhifnuuf kennaa godhee nuuf kenne. Kennaa keessan isa gutuu ta'e kana yeroo simattan maaltu isisnitti dhaga'amee?

   _____

   _____

2. Kennaa isin argattan rakasa mitii. Takka takka waan tokko bitachuu dhaaf waan qabdan hundumaa gurguruu isin gaafata ta'a. Nuun argachudhaaf Abbaan Ilma isaa tokkicha kennaa godhee du'atti dabarsee kennu isa gaafatee. Kennaa isaa kanaaf gatii akkamii laattu? Innimoo hammam gatii isinii kennetu kan kennaa kana isiini laatee?

   _____

   _____

3. Akka namoota Waaqayyo mataa isaaa irraa oduu isa gaari kana dhaga'eetti gammachuu dhaan gutamne jirra ta'a. Yoh. 3:16 fi 17 barreessaa.

   _____

   _____

   Yookaan immoo akkuma Tiksitootnni sun godhanii waan dhageenyeef waan arginee warra kaanitti dabarsinee himuu dandeenya. Marqoos 16:15-16 barressaa

   _____

   _____

BARANNOO 2 ~KUTAA 1

Namootnni warrii ogeeyyin guyyaa dhaloota isaa irratti Yesuusin ilaalu dhaf akka dhufan adaan isaani irratti hunda'anii namoonni hedduun itti amanu. Namoonni warri Urjii lakkaa'an kun ba'a biftuu galaana 'Persian ' Filisxeem keessaatti argamu ka'anii dhufani jedhamee yaadama. Kanaaf adeemsi isaan karaa irraatti dabarsanii ji'oota baay'ee itti ni fudhataa. Warri Macaafa Qulqulluu qo'atan akka jedhanittis namoonni kun erga Yesuus dhalattee ji'oota hedduu boddee ga'an ga'an. Yaada Luqaas barreesse gaafa ilaallu torbee Yesuus itti dhalatee jalqabaa arginaa. Kan Maatiwoos yeroo ilaallu immoo waa'ee dhufa warra ba'a biftuu irratti barressee arginaa.

HOJII MANAA

Maatiwos 2:1-12 dubbifadhaa.

- Warra ba'a biftuu sana maaltu isaan geeggesse gara Yerusaalem fidee?
- Gara Yerusaalem maalif dhufanii?
- Waa'ee Motii Herodisiin Maal barannaa?

SHAAKALA

1. Lakk 1 maal nutti himaa?
   a. Senaan kun yoom raawwatee?_____
   b. Mootiin enyuu turee?_____
   c. Ba'a biftuuti enyutu gara yerusaalem dhufee?_____
2. Gara yerusaalemin maal qorachuu dhufan?
   _____
   _____
   _____
3. Lakk 2: Isaan _____?
   _____ isaa _____isaaf
   _____ dhufnerahoo.

Namoonni Urjii laakka'an kun lafa onaa keessa halkaniin ifa urjootaa ilaalaa erga demaa ba'ani boda gidduutti keessaa urjiin tokko yaada isaani haatun ishee hin ollee. Iddoo

kanatti wanti namatti tolu "Urjii Isaa" jedhanii urjitti waamu isaani dha. Urjiin isaa akka mooti isaani waaqefatanif isaan fiddee.

4. Dubbii isaan dubbattan kanaaf Heroodis deebii akkamii laatee?(lakk 3)

_____

Hubachisaa: Mootichii Heroodis nama Yihudii yeroo ta'u akka Yihudaa bulchuuf warra Romiin kan mudamee dha. Nama gara jabeessaa fi namootuma mataa isaati illee hedduu kan ajjese dha.

5. Yerusaaleem gutummaan akkam taatee?

_____

6. Mootichi Heroodis enyufaa wal ga'ii waamee? (lakk 14)

_____

_____

Angafnni Lubootaa mana qulqullummaa bakka warri Yihudii itti waaqefatan kan bulchani dha. Barsiistonni sera fi warri saaduqotni beektoota seera kakuu mofaa kan ta'an hundumtuu Yihudoota dha.

7. Motichi Herodis maal isaan gaafate? (lakk 4)

_____

8. Isaanis maal itti himani? (lakk 5)

_____

Akkamitti baru danda'anii? (lakk 6)

_____

Madaalli qaxaa muraa fayyadamaati essaatti akka barraa'ee jiruu himaa.

_____

9. Amma Herodiis qofaa isaa warra urjii lakka'an wajiniin jiraa. Maal isaan gaafatee? (lakk 7)

   _____

   _____

   _____

   Innis erga gara Betelehemitti isaan geggesse boddee (lakk 8) maal akka godhaniif isaan gaafaatee?

   _____

   _____

   _____

IBSA

Kutaa senaa kanaa itti anuutti darbuu keenya dura isa amma yonaa ilaalle keessatti yeroo fudhannee of haa ilaaluu. Urjii isa karaa bahaa ba'u arganii dhalachuu mucichaa jalqaba kan baran warra urjii lakkoftuu dha. Yerusaalemin erga ga'anii boddee gaaffiin isaani "Inni Mootii Yihudotaa ta'ee dhalatee essaa jiraa? Essatti isa argachuu dandeenyaa? Isa ilaalu, isaaf sagaduu barbaadnna, isa waaqefachuu fenaa, kanaaafi dhufaatiin keenya. Torbanoota hamma kana kanaaf karaa irratti dabarsinee" turee. Yesuusiin argachuu dhaaf barabaacha irra turanii. Hamma isa argaanii isa waaqefatanittis magaalicha keessaa hin ba'anii. Kiristoos isa mucaa ta'e sana akka warra ba'a biftuu cimsee barbaadadheraa? Feedhin ani isa baruuf qabuu kaayyoo naaf ta'eraa? Essa akka inni jiruu odeefannoo qabu turani sababin isaas raajonni waa'e isaa fi dhalachuu isaa barresanii turani. Ani essatti akka argamuu bekaa? Dhimmee isa barbaadadheraa? Essatti argama jedheen barbaadaa jiraa? Innoo sagalee isaa keessatti Mul'ateraa. Barbaadufan yaalaa jiramoo iddoo hundumaa isa barbaadaan jiraa? Ogeessonni sun kan isaan Yesuusin barabaadan isaaf sagaduuf ture. Gaafa isa argannu maal gochuufi dha kan nuti isa barabaada jirruu? Akka Fayyisaa fi Motti keenyaatti isa waaqefannaa? Akka Masii fi isa dibamaa ta'etti isa ilaallaa? Akkuma Waaqayyo dubbii isaa keessatti Mul'isee abdii, araaraa fi jireenya barabaraa inni nu afferee simannee fula isaa jalatti gadi of deebifne isa in waaqefannaa?

Yemmuu barbaacha warra ba'a biftuu kana qo'attan garaan keessan maal yaadaa?

BARANNOO LAMA ~ KUTAA 2

Seensa

Motichi Herodiis tarkaanfii ajjechaa fudhachuu dhaf Yeroo dheraa itti hin fudhannee. Waa'ee mucaa isa mootii ta'ee dhalatee beeka. Ogesoota sanas gara betelehemitti ergu isaas in yaadata. Innis ogeesota sana dhoqsaatti warra isaaf hojetan hojjetoota isaa godhachuu barabaade turee. Mucicha akka arganiin akka isatti gabaasan innis dhaqee akka sagaduuf itti himee isaan gowwomsuu yaalee hammina isaa garaatti qabatee.

SHAAKALA

1. Warri ba'a biiftuu sun erga Mootii Herodis wajiinin wal arganii boddee, yaada qajelaadhan karaa isaani itti fufanii. Waa'ee urjii sanaa maaltu dubbatamee? (lakk 9)

   _____

   _____

   _____

2. Urjii isa bakka mucichi jiruutti isaan fidee yeroo argan maaltu itti dhaga'amee?

   _____

   _____

3. Ol galaniis Yesuus fi haadha isaa Maariyaamin yemmu argani maal godhan? (lakk 11)

   _____

   _____

4. Itti fufaniis maal godhanii?

   _____

   _____

5. Kennaan gatii jabeessi isaan fidani maalfaa turee?
   a. _____
   b. _____
   c. _____

6. Deemsa isaanii xumuranii mucicha ilaaluf dhufaniis erga arganii isaaf sagadanii boddee gara biyyaa isaanitti deebi'uuf ka'ani. Lakkofsi 12 maal nutti himaa?

_____

_____

_____

Sababa tokko malee Heroodis baaay'ee dhakamee. Akka gowwomfame baree. Hamminni inni yaade in mul'atee. Waaqayyo Abbaan Ilma isaa tokkicha akkasumaan dhibaa'umaa dhan harka Motii hamaaa fi jala'aa keessatti isa hin dhisuu.

HOJII MANAA

Matiwoos 2:13-23 dubbisaa

- Kana gidduutti, jireenya Yoosef keessatti maaltu ta'a turee?
- Maatii kanaaf karoorri waaqayyoo maal turee?
- Warri ba'a biftuu akka hin deebine yemmu baree herodiis maal godhee?
- Waaqayyo Yoseefin maal jedhee isa akeekachisee?

SHAAKALA

1. Warri ba'a biftuu erga deemani boddee Waaqayyo Yoseefin maal jedhee isa abbomee? (lakk 13)

   _____

   _____

   _____

2. Yooseef aritiidhan abbomamuu isaa akkamitti barraa? (laak 14)

   _____

   _____

3. Biyyaa gibxi keessa hammamif turanii?(lakk 15)

   _____

   __

4. Dubbin raajichaa raawwatameera.
   "_____."
   Madaalli qaxaamuraa keessan Fayyadamaati sagaleen raajii kun essaatti akka barraa'ee barressaa.
   _____
   Hubachisa : akkuma Waaqayyo waggaa hedduu dura saba filate garbummaa biyya gibxii keessaa baasee ammas Ilma isaa tokkicha biyya gibxii waamee baasaa jiraa.
5. Sagaleen raajii kan biraanis raawwachuf jedhaa. Herodiis maal hubatee?(lakk 16)
   _____
   _____
   _____
6. Arii dhaan Heroodis maal abbomee?
   _____
   _____
   _____
   Mucoolii yeroo sana qalaman lakkofsaan kaa'uun baay'ee rakkisaa dha. Maatii ijoollee isaani magaaalaa Betelehem keessaa dhabanis kan isaan jajabeessu hin turee.
7. Kanatti anee waa'ee Heroodis wanta barrefamee du'uu isaa qofaa dubbiftuu. Ergamaan Waaqayyo irra deebi'ee Yoseefin abjudhaan maal isa abbomee?(laak 19-20)
   _____
   _____
   _____
8. Yoseefis abbomamee gara lafa Israa'elitti yeroo deebi'ee karoora isaa keessatti jijirama maalitu ta'e?
   _____
9. Yoseef gara Betelehemitti akka hin deebinef akeekachifame. Maatiin isaa essa jiraatu turanii?
   _____

10. Kaartaa irratti iddoo itti Yesuus tajaajilee bakka armaan gadii dha.
    a. Magaalaa Yerusaalem naanno Yihudaa.
    b. Mandaraa Betelehem ishee dhihoo jirtuu fi
    c. Magaalaaa Naazreet gara kibbaatti ishee argamtu, lixa galaana galilaa irraan.

RAAWWII

Warri ba'a biftuu yesuusin waaqessuuf dhufanii. Herodisiis isa ajjesudhaaf akekatee. Yoseef dubbii Waaqayyof abbomamee aritidhaan gara biyya Gibxii geessun isaa mucichii nagaa dhan harka haadha isaa keessatti akka guddattu isa taasisee. Warri ba'aa biftuun URJIIN ISAA adda akka ta'ee arganii hamma Betelehemitti dukaa bu'anii. Heroodisis mucaan dhalate kun angoo fi tessosaa irratti yaaddoo akka ta'ee baree mucicha ajjesuuf ka'e. Yoseef fedhii Abbaa mucichaa isa waaqa irraa eguun dirqama isaa akka ta'e bekee mucicha gara gibxiitti halkaniin fudhee baqatee. Hamma achii deebi'aa Nazreet keessa bufatuuttis hin boqonnee.

Kutaa kana keessatti namoota adda addaa sadiitu ergama irra turanii. Isin ofii keessan isa kamii wajiniin of fakkesituu? Warra ba'a biftuuti kennaa gatii jabeessa qabatanii mucicha waaqessuf dhufanii wajinini? Tarii isin mucicha dursitanii beektu ta'a.

_____

_____

_____

Heroodis wajinin ta'aa laata? Dhugaa dha, gadii baatanii mucicha ajjesuuf hin yaaltani garuu mucichi aboo keessan irratti, mala jireenyaa keessan irratti, ykn fedhii keessan irratti yaaddoo ta'eeraa laataa? Isa ofi keessan irraa fageessu dandeessu garuu inni isiin jaallata deebisees isinin jaallatamuu ni barabaada.

_____

_____

_____

Akka yoseef isa mucicha fudhee hamaa jalaa miliqsee Waaqayyof immoo abbomamee sanaatti of yaaddu? Yoseef waan kan Waaqayyo ta'eef egduu ta'e. Tarii guddaa namaa dhimmu dhaan yaaadaa fi laphee keessan egdanii fedhii Waaqayyof abbomamtanittu ta'a.

Abbaa barabaadanii wajiniin of fakkesaa garuu dubbii waaqayyo isa “Ani sabakoo hundumaa dhaaf Oduu gaarii gammachuun gutee nan dhageesisaa…… fayyisaan isiniif dhalateera, innis Kiristoos Goftaa dha!” hin dagatinaa.

BARANNO LAMA ~ KUTAA 3

SEENSA

Senaa lamaan Yesuus mana qulqullummaa keessatti dabarse Luqaas senaa ayyaana dhalachuu Yesuusitti aansee nu barresse. Senaan inni jalqabaa kan raawwatee gaafa mucichi umurii torbee ja'aa ture dha. Inni lammafaan immoo yeroo inni waggaa kudha lama ta'edhaa. Yesuus guddachaa akka turee ragaan nuti dhi'eesuu dandeenyu kana qofaa dha.

HOJII MANAA

Luqaas 2:21-24 dubbisaa

- Mucaan dhiraa guyyaa saddet gaafa gutuu Yihudoonni maal godhuu?
- Maariyaam fi Yoseef maalif gara mana qulqullummaa dhufanii?
- Kennamuun sun saba Israa'eliif maal turee?

1. Yesuus waggaa meeqa turee? (lakk 21) _____
2. Guyyaa kana irratti jireenya Ijoollee dhiraa Yihudootaa irraatti waantota lama maaltu raawwataa? a._____
   b._____

Hubachiisa: Dhanna qabaan Yesuus gara senaa Abrahamitti nu deebisa. (umama 17) Yeroo Waaqayyo dhagnna qabaa dhan mana Abrahamii wajiniin kakuu galuuf filatee. Dhanna qabaan milikita kakuuti. Inni waaqa isaani ta'eera, waaqa abbaa isaani, isaan immoo saba isaa. Yeroo sunis yeroo itti saaraa fi Abrahami mucaa isaani jalqabaa itti argatani dha.

3. Guyyaa saddetafaatti Yesuusif maqaan mogaafame. (luq. 2:21) Maqichi kan kennamee yoom turee?_____

4. Seerra leewotaa 12 irraatti qulqullumaa ilaalchisee seerri karaa musee ba'ee nutti himameera. Amma erga Yesuus dhalatee guyaan 40 waan darbeef guyyoonni itti Mariyaam qulloftuu waan darbeef Yoseef wajiniin gara mana qulqullummaa demuu danadeessetti(luq 2:22). Qullaa'uun Maariyaam akka isheen mana qulqullumaatti ol seentu ishee godheraa. Maariyaam fi Yoseef maalif dhufanii?(lakk 22-23)

   _____

   _____

   _____

5. Kunoo s. ba'uu 13:12 irratti waaqayyoon akkaasitti abomamee " Angafa hundumaa addaan naa baasaa." Angafni Israa'elootaa hundi kan waaqayooti. Kun Yesuus mucicha Yesuus irratti maal agarsisaa?

   _____

   _____

   Yesuus kan waaqayoti. Inni yaada mataa isaati utuu hin ta'iin, fedhii abbaa isaa tajaajilu ykn raawwachuu dhufee. Kana jechuun Yesuus angafa waan ta'eef Waaqayyof adda baafamera jechuu dha.

6. Arsaanis dhiyaateraa. Akka lewootnni 12:6-8 nutti himuutti Arsaa dhiyeessuf ulaagaan gutamuu qabuu maali dha?

   _____

   _____

   _____

7. Luqaas 2:24 irratti Maariyaam fi Yoseef arsaa akkamii fidanii dhufanii?

   _____

   _____

   _____

Hubachiisa: Waa'ee arsaa isaan dhi'eessani ilaalchisee waan lama jechuu dandeenya.

1. Holaa waggaa tokkoo bituu waan hin dandeenyeef gugee fidanii dhi'essanii.
2. Holicha fidaniruu garuu yeroo sanatti adda baasanii hin barre ta'aa.
   Yohanniis cuphaan (yoh 1:36) irratti utuu yesuus achiin darbuu argee maal jedhee isa waamee?

_____

Maariyaami fi Yoseef akkuma Museen isaan abbomeetti seera qulqulla'uu, dhanna qabaa fi moggaasa maqaa raawwatani.

BARSIISA

Akkuma waaqayyon yeroo Abrahaami wajiinin kakuu isaa hareesse dhanna qabatan sana(uma 17) Yesuusis akkasumas dhanna in qabatee, in mudamees. Kutaa kana keessatti wanti nuun hubachuu qabnu tokko wanti mucicha irratti raawwate hundinuu fedhii mucichaan hin turree. Garuu maatii mucichaatu waan waaqayyo isaan abbomeef akkasumas seera waaqayyo isa inni saba isaa wajiniin tokkummaa qabaachuuf jedhee dhaabeef abomamaa turani. Israa'elonni kakuu sana jala jiraatani. Waaqayyoos karaa seerichi gaafatuun maqaan mucichaa akka mogaa'u barabaade. Maqaan mucichaas Abbaa isaatiin kennamee. Ergasiis mucichii kan maati isaati fi kan maati Waaqayyoo ta'ee.mucichii akka qaama maatii waaqayyootti bilisumaa fi dhifama argachaa jiraatee.

"Mucaa Abbaa isa bilisummaa fi dhifama argatee ta'ee essattan jiraachuu danda'a?" jedhee namni gaafachuu danda'a.

Seera keessa deebii 30:6 irraatti akkas jedhaa, Waaqayyo Goftaan keessan _____keessan hundumaa_____keessan hundumaan_____ _____ _____.

Kakuu haaraa keessatti Waaqayyo seera dhaqnna qabaa cuphaadhan akka bakka busee innis milikita kakuu isaa isa jalqabaa ta'uu isaa in ilaalla. Karaa cuphaa dhan maatii Waaqayyoo isa bilisa ba'ee fi kan dhifameef taanaa. Bishaanichi fi maqaan Waaqayyoo Abbaa, kan Ilmaa fi kan Hafuura qulqullu nu irratti waamamu warra bilisomani fi dhifama argatan taanee akka jiraannu nu godhaa. Yesuus irraan kan ka'ee aboo haaraa jala galla. Cuphaan nuuf waan muraasa dha Waaqayyof garuu waan hundumaa dha. Cuphaa keessaan Waaqayyo jireenya keenya keessatti hojetaa. Waaqayyotu cubbu keenya nuuf dhisaa, waaqayyotu ijoolle isaa nu godhataa, waaqatu

kan isaa ta'uu keenya himachaa jiraa. Waaqayyootu Hafuura Qulqullun nu cuphaa. Jireenyi keenya haara'ee fuula isaa addunyaa maraatti akka agarsifnuuf.

XINXALUU

Qolaasayis 2:11-12 irratti dhanna qabaa fi cuphaa walitti fidaa. Enyumaan inni cubbamaan du'era. Kiristoosin lapheen keenya dhanna qabamee qullaa'era. Cuphaa keessatti immoo yesuusi wajiniin dunee isaa wajiniin immoo Amantii humna waaqayyoo isa inni ittin Yesuusin du'aa kaase sanaan du'aa kaafamnee.

Kutaan kun akkas jedhaa:
"_____
_____
___."

Lakkofsa kana yaadannoo keessan irratti katabaa akkasumas sammu keesanin yaada dha. Waaqayyoon amantanii mucaa isaa ta'uu akka dandessaniif isa kadhadhaa. Hin cuphamnees yoo ta'ee Waaqayyoo karaa qo'annaa kanaa isin jajabeesuuf isin waamaa akka jiru amanaa. Nama waaqayyo beektan isa waldaa kiristaanaa keessa jiruu ykn hiriyaa kiristaana ta'ee yoo qabaatan ittin mari'adhaati bishaan fi maqaa Abbaa, kan Ilmaa fi kan Hafuura Qulqullutiin cuphamaa. Akkuma maqaa " Abbaa, kan Ilmaa fi Kan Hafuura Qulqullu" jedhu dhageesanin jireenyi keessan in haarefamaa.

KADHANNAA

O Goftaa, sabnikee kan dhunfaakee akka ta'aan beeksiifteetta. Isaani wajiniinis kakuu galteetta. Waaaqa isaani akka taatus waadaa galteetta. Isaanis sabakee akka ta'ani dubbateeta. Wantii hundumtuu sii fi dubbikee irratti hunda'aa. Anaaf sabakee dhaf waan hundumaa kan godhee si'i akka ta'ee baree kunoo durakee nan dhufaa. Yaadakee ana irra keessee. Sitti amanee jiraachukootin ati abbaa dhunfaakoo isa haaraa narratti taatetta. Cubbuunkoo akka anaaf dhifamee anaaf mirkaneesiteetta. Ayyaanakee fi tolakee jala jiraachudhaaf ani garbummaa dinaa irraa bilisa ba'eera. Cubbukoo kiristoos of dukaa awwaalee ofi isaa immoo deebi'ee akka ka'ee bektaa. Anis immoo cubbunkoo akka naaf dhifamee beeka. Kanaaf ani si waaqefachuu fi maqaakee ol ol qabuu irra kan darbee homaa hin qabuu.

_____
_____
_____
_____

BARANNOO LAMA ~ KUTAA 4

Seensa

Qorannoon keenya kun ittuma fufee jiraaa. Lakkofsota itti aanu keessatti namoota barbaachisoo lamatu caqasamee arginaa. (luq 2) lamaan isaani angafoota yesuus yemmuu ta'an, Yesuus masihichaa fi isa abdachifame sana akka ta'ee kan dhugaa ba'ani dha. Namoonni kun lamaan abdii kakuu mofaa fi raawwii kakuu haaraa gidduutti akka riqichaa ta'ani kan walitti fidani dha.

HOJII MANAA

Luqaas 2:25-35tti dubbisaa

- Lakkofsa kana keessatti Namni haaraan enyutu ibsamee?
- Waa'ee mucichaa maal jedhee?
- Jechoonni inni Maariyaamitti dubbatee maal maal turanii?

SHAAKALA

1. Waa'ee simoon kutaa kana keessatti maal barannaa? (lakk 25)
   a. _____ fi _____
   b. _____
   c. _____
2. Hafuurri waaqayyoo maal isatti mul'isee? (lakk 26)
   _____
   _____
   _____
3. _____geggefamee, essa demee? (lakk 27)
4. Guyyaa sana namoota biraa enyufaatu achii turee?

_____

5. Akka namoonni kun achi turan maalif nutty himamee? (lakk 27)

_____

6. Simoon mucichi enyuu akka ta'ee baree? Fudhee baates Waaqayyonis in galateefate jedhaa. (lakk 28) Akka inni Yesuus fayyisaa Israa'el ta'ee akkamittin baree? Hafuurri Waaqayyo akka itti mul'isee malee waan biraa hin beeknu. Lakk 29 irratti simoon maal jedhee?

_____

7. Eyyee, waaqayyo waadaa isaa egee kadhannaa isaa biraan ga'eraani amma egaa nagaan boqochuu danda'aa.
   Lakk 30-32tti isa jiruu barressaa:
   "_____
   _____
   __"
8. Maariyaam fi Yoseef waan simoon jedhee akkamitti ilaalu? (lakk 33)

_____

9. Ergasii simoon isaan ebbisaa sokkee. Dhuma irratti maal ittin jedhee?
   (lakk 34-35) "kunoo mucaan
   _____ onnekee
   _____."

BARSIISA

Yemmuu namnni isaan hin beeknee waa'ee mucaa isaanif waaqayyoon galateefate isaaninis ebbisuu, sammuu Maariyaam fi Yoseef keessa maaltu dedebi'aa ture jettanii yaaddu? Simoon yesuus enyuu akka inni ta'ee bareera. Inni fayyina nama hundumaaf barabaraan kenname dha.

Itti fufees Simoon dubbi cimaa dubbate. Yesuus, masihichi, warra ormotaa fi warra yihudootaaf dhufe jedhee dubbatee. Sabnii Israa'eel Yesuus ykn masihiin akka olchaa ykn Motii isaanitti dhufa jedhanii amanuu. Yeroo muraasaaf mee madaalli qaxaamuraa kutaa kana irratti haa gonuu.

- Isaayaas 42:6-7 irratti raajichi Isaayyas waa'ee ormotaa maal jedhee?
  - Warra_____
  - Warra _____
  - Warra_____
- Isaayyas 49:6 irratti ammas raajichi ormotaaf yihudotaaf maal jedhee dubbatee? "……. Ati garbicha naaf ta'unkee_____ gutummaa biyya lafaa _____."
- Kakuu haaraa Hojii ergamoota 13:47-48 irratti jechoonni raajii simoon mana qulqullumaa keestti Maariyami fi Yoseefitti dubbate utuu fixaan ba'uu arginaa. Deebiin ormonni dubbii kanaaf kennan maal turee?_____
- Simoon waan Maariyam fi Yoseef hubachuu hin dandeenye biraas itti dubateera. Namoonni hundinuu enyumaa yesuus irratti hunda'anii gara tokkumaatti akka dhufan dubateera. Yesuus akka inni:-
  - Isaa fi Abbaan _____(yoh 10:30)
  - Inni sababa _____(maatiwoos 10:34-39)
  - Inni _____turee(maatiwoos 26:63-64)
  - Inni _____in ta'a(maatiwoos 26:59)
  - Inni dhagaa golee isa baay'edhaaf gufannaa ta'u dha garuu immoo warra karaa hafuraa du'oo turan kan kaasu dha. (effesoon 2:1)

Dhuma irratti, luqaas 2:35 irratti simoon maariyaamin maal jedhee?

_____
_____
_____

Maariyaam mucaashee fi ishee irratti maaltu ta'a laataa jettee yaada'un ishee hin oluu. Luqaas 2:19 deebinee yeroo ilaallu wantootnni kun wantoota Maariyaam garaa ishee keessatti qabatte keessaa tokko ta'uu danda'aa.

RAAWWII

1. Wanti simoon waa'ee yesuusif dubbatee dhugaa turee. Ani mucaan kun enyuu jedhee amanuu? Isa simoon fi raajonni biroon inni fayyina waaqayyoo namoota hundumaaf qopheese dha jedhanitti amanuu? Fayyisaa yihudotaa fi yihudoota hin ta'inii ta'uu isaatti amanuu? Hundumaa caalaatti immoo inni fayyisaa koo ta'uu isaatti amanuu? Yoo namoonni mucichi yesuus anaaf maal akka ta'ee na gaafatani maal jedhee deebisuuu?

   _____
   _____
   _____

2. Simoon ilaalee kan inni bareen sababa Hafuurri Qulqulluun itti mul'iseef dha. Yeroo gara isaatti siqxanii Hafurri Qulqulluun maal isinitti Mul'isaa?

   _____
   _____
   _____
   _____

BARANNOO LAMA ~ KUTAA 5

HoJII MANAA

Luqaas 2:36-40tti dubbisaa

- Namnni haaraan enyudhaa?
- Waa'ee ishee maal barannaa?
- Yesuusin argitee akkam taate?

SHAAKALA

1. Luqaas dubartiin kun enyuu akka taatee sirritti adda baasera. Maqaan ishee _____ dha. Maqaan abbaa ishee _____ fi qomoon _____keessaa dhuftee.(lakk 36)
2. Luqaas waa'ee dubartii kanaa wantoota biraas nutti himaa.
   a. Maal hojetti turtee? (lakk 36) _____
   b. Dubartii dullomtuu waggaa _____ herumte turte dha.
   c. Dubartii abbaa manaan irraa du'ee fi umuriin ishee naanno _____ga'a.
   d. Mana sagadaa keessaa baate waan beektu hin fakkaatu (lakk 37)
      ii. halkanif guyyaa _____
      ii. dabalataniis _____ fi _____
3. Dubartiin kun raajii Hannaa jedhamti, manaa sagadaa keessa waaqaefachaa, soma fi sagadaa jireenya ishee gutummaa kan dabarsite dha. Dubartii kanatu egaa gara Maariyam Yoseef fi mucichaa dhufee. (lakk 38) Yeroo sanatti akkuma simoon ta'ee isheenis gegessaa hafura qulqullu dhaan enyummaa Mucichaa adda baasu dhan maaal jettee?
   a. _____
   b. _____

BARSIISA

Hannaanis akkuma simoon, mul'achuu 'olchaa yerusaalemin' waggaa dheraa dhaf egaa, dhebochaa fi yaadaa turteetti. Yeroon inni kakuu mofaa fi kakuu haaraa giddu ture ykn yeroo sabni Isra'eel Nahimiyaa wajinin deebi'an fi yeroo dhalachuu yesuus gidduu ture sun baay'ee kan nama dhiphisuu fi dukkana'aa turee. Bittaa fi dhibbaa warra Romaa jala turanii. Gibiraan rakkifamaa turani. Saba ukkaamamoo turanii. Akkuma bara duriitti abbonni isaaani garbumaa gibxii jalatti cunqurfamaa turani isaan kunis garbummaa harka Romaa jalatti rakkachaa turani. Waaqayyo akka isaan olchuuf kadhachaa turani. Hannanis fayyinni aarifachisaan sabichaaf akka barbaachisu hubateetti. Fayyinichi immoo karaa mucaa kanaa akka dhufu baruun ishee caalaatti namatti tolaa. Yeroodhuma sana sabni Yerusaalemis Olchaa in egatuu turani. Sabnni Israa'el masihi isa dibamee, isa akka mootitti dhufee harka garbummaa jalaa lolee isaan baasuu eggachaa turani. Gaaffi tookko malee hannaanis Masihii eggachaa turtee garuu isheen masihichi inni dibamee Fayyisaa akka ta'ee hubattee turtee. Maariyaam fi Yoseef gara mana qulqullumaatti isa fidanii. Maqaan isaa Yesuus jedhamee itti mogafamera (luq 2:21) sababin isaas Yoseef ergamaa Waaqayyodhaan (mat 1:21) irrattii abomameetu. Inni saba isaa cubbuu isaani irraa isaan fayyisuu Mucicha Yesuus ta'uu isaa akka barteen Raajittin Hannaan Waaqayyoon in galateefatte. (lakk 38) Itti antes waan isheen goote nama ajaa'ibsisaa. Waa'ee mucichaa nama hundumaatti akka himtee arginaa. Hannaan mucicha keessatti kennaa waaqayyoo addunyaa maraaf kenne argiteetti. Mucaan kun dhala namaa hundumaa irraa hidhaa hafuraa irraa, abdii kutannaa irraa fi yaaddoo irraa hikuuf akkasumas nagaa fi abdii laphee nama hundumaa keessatti dhangalaasuf akka dhufee argiteetti.

RAAWWII

Maariyaam fi Yoseefin yaadaa. Maal yaadaa jiru ta'a yeroo sanatti? Namoota kana dura isaanis ta'ee mucicha hin beeknetu waan akka mucicha beekanitti haasa'u akkasumas in ebbisuu. Simooni fi Hannaan mucichi enyuu akka ta'ee baranii wanta waaqayyo Maariyaam fi Yoosefitti dubbate mirkaneessa jiru. Maariyaam fi Yooseef namoonni kuun attamitti mucichi enyuu akka ta'ee barani jedhanii dinqisifachaa jiru ta'a. Garuu Abbaan isaa nama hundumaa biratti akka inni beekamubarbaade ture. Kanaaf Hannaan namoota hundumaatti waa'ee mucichaa labsitee.

Abbaan namoonni akka isaan mucaa isaa baranif barabaade jennaan Hannaan immoo waa'ee mucichaa dubbachuu dhan isa garagaarte. Simannaa Hannaan mucaa kanaaf gotee ilaaluun keenya nutis yeroo mucaa kana aarginu akkamitti simannaa isa jedhuu akka itti yaadnuf nu gargaara.

GAAFFILEE YAALII

Yesuus uffataan maramee dallaa horii keessa cisaa jira dhugaa jedhuuf deebiin koo maali dha?

_____

_____

_____

Fayyinakoof akkasumas Fayyina saba hundumaaf akka ta'uuf karaa Abbaa Yesuus kennamu isaa yeroo naa galuu akkamittan deebisaaa?

_____

_____

_____

Akkuma Hannaan gotee waa'ee mucichaa namootatti dubbachuun qaba yoon ta'ee, namoota akkamittan dubbadhaa? Waa'ee mucichaas maal jedheen dhugaa ba'aa?

_____

_____

_____

SHAAKALA

1. Yoosef fi maariyaam waan seerri goftaan isaan gaafate raawwataniru. (lakk 39)
   Magaalaa isaanii _____gara
   _____tti deebi'anii.
2. Waa'ee Yesuus lakkofsa 40 irratti maal jedhaa?
   a. Mucicha immoo _____ , _____
   b. _____ ademee
   c. _____ turee.

IBSA

- Yesuus akka naamaatti guddachuu isaa baranerra. Qaamnni isaas cimaa turee.
- Ogummaadhanis gutuu akka ture baranerra. Beekumsa sammudhanis guddateera. Abbaa isaa isa waaqa irraa ulfeessee, maati isaa warra fooniis kabajee jiraate. Hubannaa, ilaalchaa fi beekumsaan dabalaa turee. Fakkenya 1:7 irratti " waaqayyoon sodaachuun jalqaba ogummaati, gowwoonni garuu ogummaa fi barsiisa in tuffatu." Jedhaa.
- Ayyaanni waaqayyoos isa irra akka turee argineerra. Hafuurri isaas cimaaa turee. Tokkummaa abbaa isaa isa waaqarraa wajiniin qabuniis guddachaa turee.
- Sagaleen Waaqayyo yesuus laafaa fi dadhabaa ta'ee guddachaa turee qoda jedhu cimaa fi gutuu ta'ee guddata ture jedha. Ayyaani fi tolli waaqaayyo isa irra turee. Qaama isaa, sammu isaa fi hafuura isaa kununsaa ture.

RAAWWII

Qaamnikoo, sammunkoo, fi hafurrikoo ayyaanaa fi jaalala waaqayyotiin cimee akkasumas gutamee akka guddatuuf akkamitti kununsuun naaf ta'a?

- Qaama:_____
- Sammuu:_____
- Hafuura:_____
  _

Haadhaa fi Abbaan akkasumas Akkoo fi Akaakayyun ijoollee isaanitif waan gaarii ta'e hawwuu. Ijoollee keessan karaa sadan kanaan akkamitti kununsuuf yaadduu ykn kununsaa jirtuu?

- Qaama: _____
- Sammuu: _____
- Hafuura: _____

Guddina jireenya ijoollee irratti Adaadaa, essumni fi hiriyoonni keessan dhibbaa fidu danda'uu. Ijoollen kan Waaqayyoo ta'anii akka guddataniif dhibbaa irratti fiduu dhaaf kunuunsuuf akkasumas jajabeessuf karaan inni sirriin maalidha jettanii yaadduu?

- Qaama:_____
- Sammuu:_____
- Hafuura: _____

KADHANNAA

Karaa itti Waaqayyo isin jabeesu fi gutuu isiin taasisu isinis immoo dabartanii namoota naanno keessan jiran irraatti dhibbaa fiduu akka dandeessanif kadhannaa dhan Waaqayyootti dhi'eessaa.

_____

_____

_____

Jireenya mucaa bektanii tokko ykn kan keessanis ta'uu danda'aa Waaqayyo akka qaamaan, sammuu fi Hafuraan cimsee guddisuuf waaqayyotti dhi'eessaa.

_____

_____

_____

BARANNOO 3 ~ KUTAA 1

Seensa

Senaan waaa'ee ijoollummaa Yesuus irratti barraa'e inni dhumaa Luqaas 2 gara dhumaatti himamee. Maalif senaan guddina Yesuus ittuma fufee hin himamnee jennee gaafachuu dandeenya. Utuu yeroo umurii saafelummaa isaa akkamitti akka jiraate, filannoo akkamii akka godhee, enyuufaatuu jireenya isaaa irratti dhibbaa fidee, yeroo hundumaa maatii isaatif abomamaa ture moo takka takka didee beeka? Lakk. 40 irraatti waa'ee Yesuus kan nuti barru akka inni _____ta'ee fi_____; inni _____ture _____ isa irra turee.

HOJII MANAA

Luqaas 2:41-52tti dubbisaa

- Maatiin isaa maalif Yerusaalemiin demanii?
- Utuu isaan achii jiranii maaltu ta'ee?
- Senaan kun karaa kamiin isin qoree?

SHAAKALA

1. Akka lakk 41tti maatiin Yesuus wagga waggaatti essa dhaquu turanii?

   _____

   Yeroon isaa maal turee?_____

Hubachiisa : akka seerri isaanii abbomutti dhirri ga'eessi tokko waggaa keessatti ayaanefannaa sadii iirratti hirmaachuu qabaa. Isaanis: Ayyaana Guyyaa 50ffaa, Faasikaa fi Saanduqa kakuu waaqayyoo dha. Waggaan kun Yesuus kiristosif ayyaana kana irratti hirmaachu dhaaf waggaa jalqabaa isaati.

2. Yeroo senaan kun raawwatee Yesuus Umuriin isaa meeqa turee? (lakk 42)

   _____

3. Ayyaanichi yeroo raawwate maaltu ta'ee? (lakk 43)

   _____

4. Kana boddee Maariyaam fi Yoseef gara mandara Nazreetitti deebi'anii. Akka yesuus dukaa hin jirree essa ga'anii baranii (lakk 44)?

   _____

5. Yesuus akka biraa hafee utuu hin bariin fageenya hammamii deemanii?

   _____

6. Essa dhaqanii Yesuusin barbaadaani? (lakk 44)

   _____

7. Argachuuni yeroo dadhabanii maal godhanii? (lakk 45)

   _____

8. Yesuusiin argachuun yeroo hammamii itti fudhatee? (lakk 46)

   _____

9. Essatti argataniin?

   _____

10. Enyuufatuu isaa wajiniin turee?

    _____

11. Maal hojechaa turee?

    _____

12. Warri isaa wajiniin turanii Yesuusin akkamitti dhaga'aaa turanii? (lakk 47)

    _____

13. Maariyaamif Yoosef yeroo isa argatan akkam ta'anii? (lakk 48)

    _____

14. Duubbiin haati isaa itti dubbattee maal turee?
    a. Gaaffii: _____
    b. Dhugaa: _____
15. Deebiin yesuus deebisee maal turee? (lakk 49)
    a. Gaaffii: _____
    b. Gaaffii: _____
16. Achii lakoofsa 50 irratti luqaas maal jedhee?

_____

_____

17. Yesuusis Maariyam fi Yoseefi wajiniin gara Nazreetitti deebi'ee. Waa'ee yeroo saafelummaa isaatii wanti ifa ta'ee maaltu barrefamee? (lakk 51)

_____

18. Luqaas ammas irra deebinee laphee fi sammuu maariyaam keessa akka arginuuf foddaa nu bane. Maal nuun jedhee?

_____

_____

19. Waan biraa waa'ee Yesuus maaltu nutty himamee? (lakk 52)
    a. _____ dha fi _____in guddata turee.
    b. _____wajiniin _____ fi _____in guddata turee.

IBSA

- Waa'e senaa kanaa yaada qabdan waan muraasa barressaa.

  _____

  _____

  _____

- Utuu isiin ta'ee yeroo Yesuus bade sana maal gotu turtanii?

  _____

  _____

- Haala sana akkamitti waan to'attan isinitti fakkaataa?

  _____

  _____

- Gaaffii Yesuus gaafate sana attamitti deebifna jettanii yaaddu?

- Maalif na barbaaddu?
- Deebii keessan:

  _____

- Yesuus: maaliif na barabaaddu? Jedhee isaan gaafatee. Iddoo itti isa argatani walaalun isaani isa hamma ta'ee isa ajaa'ibsiseera. Yesuus yeroo saafelummaa isaa kanatti ergaaa akkamii dabarsuu barbaadee?

  _____

  _____

- Namnni hundinuu hubannaa isaa fi deebii isaatti aja'ibsifamaniruu. (lakk 47) Yesuus barsiisoota gidduu taa'ee isaan dhaga'aa gaaffis isaan gaafachaa turee. Utuu isinis achii jirtu ta'ee, isinitti hin toluu? Mata dureen marii isaani maal ta'a jettanii yaadduu?
- Yesuus hubannaa guddaa hammana hin jedhamne akka qabuu nutty himameera. Saafelli umurii 12 kun beektoota macaafa qulqullu, ogesoota fayyaa fi profesaroota gidduu taa'ee isaan dhaga'a gaaffis isaan gaafata ture. Yesuus seera hundumaa sirritti beeka ture Maariyaam fi Yoseef sagalee waaqayyo dhaan kunuunsani isa guddisuun isaani hin ollee. Sera fi adaa warra yihudii beeka ture. Yesuus mana abbaa isaa keessa turee.
- Lakk 50 irratti Yesuus " mana abbaakoo keessa ta'uun akka anarra jiruu hin beeektaniree?" yemmuu jedhee maatiin isaa maal jechuu isaa akka ta'e hin hubanne turani. Maatiin isaa Yesuusin deebisanii argachuu isaanitti akka boqotan gaaffi hin qabu. Garuu mana abbaa isaa keessa ta'uu akka qabuu gaafa dubbatuu maal jechuu isaa turee? Gaaffi tokko malee guddinni fi umuriin Yesuus isa sila turerra sadarkaa itti anuutti akka darbee in argina. Garuu Maariyaam fi Yoseef kana hubachuu qabu turani. Umurii 12 ffaa isaatti Yesuus karaa guddinaa addaa qabatee. Umurii kanatti kan inni jireenya hafuraa isaatif itti gaafatamummaa fudhatee. Mana qulqullummaa keessa turuu filatee. Dubbii waaqayyoo irratti warra kaani wajiniin gaafif deebii gochuu dhaan beekumsa sagalee waaqayyof qabuun guddachuu jaal'atee.

GAAFFILEE RAAWWII

Guddina hafuraa fi guddina qaamaakotif itti gaafatamummaa haammamiin fudhachaa jiraa?

1. Abbaakoo isa waaqa irraa bekee akkasumas tokkummaa cimaa isaa wajinin qabaaachu dhaaf qo'annaa macaafa qulqullu irratti hamma cimsee hirmaachaan jiraa?

   _____

2. Namoota warra kan biroo wajiniin ta'ee hammam Waaqayyoon galateefachaa akkasumas waaqefachaa jirraa?

   _____

   _____

3. Tokkummaa abbaaakoo isa samii irraa fi ilma isaa wajinin qabuu guddisuuf tataaffi gochaa jiru irraatti enyuufaatu na bukkee dhaabateraa?

   _____

   _____

XINXALUU

Yesuus namaa fi waaqayyo duratti ayyaanan akka guddatee argineerra. Fakkenya 3: 1-4 yeroo dubbifannu waaqaa fi nama duratti ayyaanaan akka itti guddanuu nutty agarsisaa.

Salamoon yeroo dubbii kana dubbatuu:

- _____, _____ hin irraanfatiin, _____ qabadhuu!
- Isaan _____ fi _____, _____ in dabaluu.
- _____ fi _____ siitti hin fagaatiin! _____keetti isaan _____, _____ isaan _____!
- Yemmus ati _____, _____ durattis _____gaarii _____, _____ in ilaalamtaa.

Dubbii kana laphee keessan keessatti qabadhaa isaanis simboo fi maqaa gaarii argattu. Yaadannoo keessan irraattis waaqayyoon dhaga'udhaan ebba argaman tokko tokko barresaa.

KADHANNAA

Yesuus, ati waa'ee abbaakeetif jiraachuun akka sirra ture beekta turtee. Dubbii ogummaa fi ga'umsa siif kenne fudhatte. Aniis barumsakee isan baradhe akkan hin daganneef na gargaarii. Warri kaan ati na keessa jiraachukee akka baranif enyummaa isa jaalalaa fi amanamummaa gutee naaf kenni.

BARSIISA:

Macaafni qulqullu senaa yesuusiin baay'ee qabatee jiraa. Waa'ee iddoo inni daawwatee, namoota inni qunnamee fi dinqii inni hojjatee qabatee jiraa. Wal ga'ii gurguddaa keesssattii barsisaa inni barsisee fi isa dukaa bu'uun bu'aa akkamii akka qabuu nutty himaa.(matt 5:7) Dhukkubsataa fayyiseera (matt 8:1-8) Ijoollee gara isaa dhufanis ebbiseera. (luqaas 18:15-17) warra nuuti hundumaa irra caalla jedhaniis ol ol of qabaniis ceepha'eera. (maat 23), hafuurota hamoota baaseera. (maat 8:28) fi du'aas kaaseeraa (yoh 11:38-44)akkasumas qofaa isaa kadhachuu dhaf namoota warra kaan irraa adda ba'era (marq 1:35) walga'ii keessaa bartoota isaa qophaatti adda baasee yeroo wajiniin dabarsaa (marq 4:9-11).Karaa adda ta'eenis warra isatti siqanif of mul'isaa turee. (matiwoos 17:1-8)

Gurmuun fayyaa kessaa ykn gurmuu biyyaa addaa keessa turuu isaa hin beeknu. Nyaatnni inni jaal'atuu fi tessoon mana isaati maal akka ture hin beeknu. Maati isaa keessatti dhimma maali irratti itti gaafatamaa akka inn turee fi mana baruumsaa sadarkaa lammaffaa keessatti hiriyaa durbaa qabachuu dhaaf yaaluu isaas waan dhageenye hin qabnuu. Gaafileen kun barsisoota wangeelaa hin dhimisisnee. Warra hiyyesofaa fi beela'oo dhaan marfamee turee malee kaameraa fi namoota fag-dubbii qabataniin ykn paparazootaan hin marfamnee. Mana warra gibira sasabaani fi mana cubbamtootatti nyaate malee restoorantii soressaatti hin turree. Farisoota soreeyyi warra birri hedduu buusan ceepha'ee dubartii hiyyeetti ishee saantima lama buuftee

jajee. Jireenya addaa dhaloota bara sanaa irraa faallaa ta'ee jiraatee. Yeroo hundumaa warra of tulani fi warra garaa jabaata kuffisee warra dadhabotaa fi cunqurfamota ol qabee.

Tajaajilli yesuus bartoota waamudhan akka hin jalqabnee yaaduun barbaachisa dha. Bartoota isaa waamuu dura (matt 4:18-27) maatiwos 3 fi 4 irratti senaa Yohaannis cuphaan cuphamuu isaa (matt 3:13-17) fi lafa onaa keessa guyyaa 40f tsomuu isaa arginaa. (matt 4:1-11) Dabalataaniis Luqaas erga seexana lafa onaa keessatti qaanesse boddee deebi'ee mana sagadaa keessatti barsisee. Mana sagadaa Nazireet keessatti oduu gaarii labsuudhaf warra cunqurfaman hikuu dhaf, bara araaraa fi tolaa waaqayyo beksiisu dhaf akka dhufe dubbataa (luqaas 4:14-19, isaayas 61:1-2). Itti ansuu dhan senaa Yesuus isa inni gegesitoota waldaa walitti qabuu dhaf duka butoota isaa waametti dabarraa.

SEENSA

Duuka butootnnni isaa amalaa fi maatii addaa addaa keessaa walitti dhufani. Deemsa jireenyaa garaa garaa keessaa dhufani. Jalqaba irratti dhiroota 12 filatee, duka butootakoo jedhee waameni. Wangeela maatiwoos keessatti fakkenya waamicha Goftaa lama arginaa.

HOJII MANAA

Maatiwoos 4:18-22 tti dubbisaa.

- Namoonni kun enyufaa dha?
- Essaa isaan argatee?
- Isa dukaa akka turaniif maalif barbaade?

SHAAKALA

1. Yesuus essa turee?(lakk 18)

   _____

   _

2. Enyuun argee?

_____ fi

_____

3. Namoota kana lamaan gidduu maaltu turee?

_____

4. Maal hojechaa turanii?

_____

5. Yesuus maal jedhee?(lakk 19)

_____

6. Deebiin isaanii maal turee?(lakk 20)

_____

7. Yesuus galaana galilaa bira utuu darbaa jiruu enyuun argee?

_____

8. Walitti dhufeenyi namoota kana lamaanii maal turee?

_____

9. Maqaan abbaa isaanii enyuu turee?

_____

10. Abbaa isaani wajiniin maal hojechaa turanii?

_____

11. Yesuus maal godhe jedhaa?

_____

12. Deebiin isaanii maal turee?

_____

_____

IBSA

Yesuus tajaajila isaa jalqabaaf qophaa'eraa. Senaa kana ilaalchisee yaada akkamituu gara sammuu keessanii dhufaa?

- Jalqaba irratti Yesuus maal godhee?

  _____

- Akka yesuus tajaajila jalqabuuf jettu utuu taatanii namoota akkamii filattuu? Ulaagaan keessan maali dha?

  _____

  _____

- Yesuus enyuu dhaan filatee?

  _____

- Afferaan isaa maal turee?

  _____

- Waadaan inni galee maal turee?

  _____

  Qurxummii qabduu inni muxannoo qabuu yeroo dubbatu hundumtuu ni dhaga'aani. Namnni muxannoo qabuu toftaa hojichi itti hojjetamuu namatti agarsiisaa. Yaada hojichaaf nama gargaaru namaa hiraa. Qurxummii qabduu biraatti akkamitti akka qurxummii qaban itti agarsiisaa.namoonni isa hordofan akka itti qurxummi qaban caalaatti baruu. Dhuma irrattis qurxumoonni qabaman bidiruutti sasaabamuu. Yesuus haasaa jara kana afranii beeka ture. Pheexiroosi fi Indiriyaas kiyyoo isaanii walitti qabaa turani. Yaaqob fi Yohaannis immoo kiyyoo isaani qopheessaa turanii. Kun hojii qurxummii qabdootnni guyyaa guyyaatti irra dedebi'anii godhani dha. Qurxummii qabuun hojii isaan ittii muxanno waggaa dheraa horatani dha. Yesuus garuu waan adda ta'ee fi haarraa tokkotti isaan waamaa jiraa. Isaa wajiniin ba'anii akka tajaajilaniif qurxummii qabuu irraa gara nama qabuutti isaan waamaa jiraa. Yesuus callisanii akka isaa wajiniin deman qofaaf isaan waamaa jira miti garuu yoo isa dukaa bu'an nama kan qaban akka isaan taasisu waadaa galeefituu. Namoonni afran isaani iyyuu aritiidhaan Yesuusif tolee jedhanii deebisani. Qurxummii qabduun tokkoo 'har'aa qurxuummii nan

qabaa' jedhee utuu of hin amansisiin akka inni manaa hin baanee yaadachuun barbaachisaa dha. Namoonni kun qurxummii qabuuf ykn erga qabanii raawwatanii booda akkamitti akka kiyyoo isaanii dirirsani fi akkamitti akka sasaaban beeku. Yesuus immoo akkamitti kiyyoo isa nama qabuu akka qopheessan itti agarsisuuf isaan waamee. Kottaa na dukaa bu'aa. Affeeraan isaa afferaa gara tokkummaa isaa wajiniin qabaachutti isaan waamu ture. Yaa phexiros, Indiriyaas, Yaaqobi fi Yohaannis kottaa na dukaa bu'aa, waliitti dhiyaannaa, hiriyaas in taanaa. Kottaa wajiniin yeroo dabarsinaa, wajiniin nyaanna akkasumas tokkummaa godhannaa ittin jedhee. Kana guyyaa guyyaatti utuu gonuu akkaataa isin hin beekneen gara namoota nama qabanittaan isin gederaa. Yeroo na bartanii, gaafa yeroo na wajiniin dabarsitanii, wantan godhuu fi dubbadhuu caqastanii na dukaa bunaan anaa wajiniin qurxummii qabduu taatuu. Anii isinan barsiisa isisnis akkamitti qurxummiin akka qabamu in bartuu. Qurxummii qabduu muxannoo qaban in taatu dabarsitaniis warra kaan barsiftuu.

Yesuus yeroo sanatti namoota baay'ee biratti hin beekamne turee. Mana sagadaa fi naannoo mana sagadaatti xiqqoo lalabuu irraan kan darbe(lakk 13) maqaan isaa hin beekamne turee. Wangeela maatiwoos irraa Yesuus lallaba egaluu isaa qofaa arginaa. Yeroos oduun haaraa yoo jiraatee dubbii afaanin qofaa namaa namatti akka dadarbuu hin dagatinaa. Yesuusin maaltu akkas akka inni barbaadamu isa godhee? Qurxummii qabdoonni kun takkaa dhan waan hunda dhisaani maalif dukaa bu'anii?

RAAWWII

1. Yoo yesuus karaakoo irra dhufee na dukaa bu'ii naan jedhee maal jedheen deebisaa?

   _____

2. Yoo yesuus na dukaa butee jennaan namoota kan qabduun si godhaa naan jedhee maal jedheen deeebisaa?

   _____

3. Yesuus akkan hiriyaasaa ta'ee isa dukaa bu'uuf na gaafate. Deebinkoo maal ta'a?

   _____

   _____

BARANNOO SADII ~KUTAA 4

SEENSA

Senaan itti anuu barreessaa wangelaa kan ta'ee senaa Maatiwoos dha. Seenichis kan barrefamee abba dhuma seenichaa kan ta'ee Maatiwosumaan turee. Yesuus akkamitti akka isa waame dubbataa. Senaan kun haaraa dha garuu amaloota garaa garaa tajaajila Yesuus keessatti isa mudatanii waliin wal nu barsiisa. Namoota hamma dhumaatti tajaajilaa fi hojii isaa irratti gaaffii kaasaa turan dha. Namoonni kunis farisoota warra seera barsisan turani. Yesuus seeera isaanif in abbomamaa fi hin abbomamuu isaa baruu dhaf isa qoraa turani. Gaaffiin isaanis mata jabummaa isaani agarsiisa turee. Akkuma nuti seera egnnu ati seera kana hin egduu?

HOJII MANAA

Maatiwoos 9:9-13tti dubbisaa.

- Gibira sasaabduun kun enyuu dha?
- Afferaan inni Yesuusif godhee maal turee?
- Haala akkamituu ta'ee?

SHAAKALA

1. Karaa irra utuu deemu Yesuus enyuun argee?(lakk 9)

   _____

Hubachiisa: senaan kun maarqos 2 fi luqaas 5 irraattis dabalamee barrefameera. Maqaan namicha kanaa Lewwii dha. Maqaa addaa addaa lama qabaachun yihudoota biratti beekama dha. Fakkenyaaf maqaan pheexiros inni biraa simoon turee. Tomaas duka butuu inni kan biraan Didimoos jedhamees in beekama turee. Akka adaa isaanitti maqaan haaraa yeroo namaa moggaa'u namni sun aboo isa maqaa moggasefi jala gala jechuu dha. Leewwinis erga duka butuu Goftaa ta'ee boddee Maatiwos jedhee of moggaasee jedhamaa.

2. Yesuus essatti isa argee?

   _____

3. Maatiwoos nama gibira sasaabu turee. Namnni gibira sassaabu Yihudoota biratti akka hattuutti lakkaa'ama sababiin isaas namoota Yihudii warra Romaaf hojjetan waan ta'aniif akkasumas saba irraa gibira garmalee funaanu dhan himatamuus turanii. Yesuus maal ittiin jedhee?

   _____

4. Deebiin Maatiwoos maal turee?_____
5. Yesuus Maatiwoosin akka inni isa dukaa bu'uuf afferenii. Maatiwoos immoo qqooda isaa Yesuusin maal affereen?(lakk 10)

   _____

6. Mana maatiwoositti enyuufatu Irbaataf dukaa dhiyaatee?
   a. _____
   b. _____
   c. _____
   d. _____
7. Fariisonnii namoota Yesuus dukaa irbaataa nyaachuuf dhiyaatan arganii, duka butoota Yesuusin maaljedhanii?(lakk11)_____

   _____

8. Gaaffii isaan gaafatan enyuutu dhaga'ee? (lakk 12)_____ deebiin isaa maal turee? " _____hin barbaadani, _____ malee; '_____barbaada malee _____miti' _____ baraa! Anoo _____, warra _____." Jedhee.

IBSA

Senaan kun tokkummaa guddachaa adeemuu baay'ee of keessatti qabatee jiraa.

- Yesuus fi maatiwoos gidduutti.
- Maatiwoos fi hiriyoota isaa gidduutti
- Farisootaa fi duka butoota gidduutti

- Farisootaa fi yesuus gidduutti

1. Jalqaba walitti dhufeenya yesuus fi Matiwoos gidduu jiruu haa ilaalluu. Kunoo Ilmi Waaqayyoo inni qulqulluu mudaa tokko kan hin qabnee Maatiwoos isa cubbamaa, jibbamaa fi jiga'amaa argee. Yesuus inni qulqulluun Maatiwoos isa cubbamaatti siqee. Itti siquu qofaas utuu hin ta'iin isaa wajinin tokkummaa akka qabaatuuf isa afeere. Akka tasaa sammu isaatti dhufee utuu hin ta'iin itti yaadee karoorsee Maatiwoosiin waamee. Akka inni duuka butuu, bartuu, off kennaa fi warra filataman keessaa akka ta'uuf itti yaadee isa afferee. Namoota baay'e sana keessaa yesuus maalif isa fialatee? Anaan maalkoo ilaalee na filatee? Jedhee maatiwoos waan of gaafatu isinnitti hin fakkaatuu? Jireenya hannaan gutamee jiraachaa turee. Anii ofiikofis ta'ee enyuuf iyyuu waan gaarii hin gonee. Bu'aa mataakotif jedhee carraa namoota baay'ee ballessaan turee. Yesuus garuu akkan isa dukaa bu'uuf na waame.

   Gaaffii: waa'ee Yesuus maal barannaa?

   _____

   _____

2. Amma egaa Maatiwoos akka Yesuus dukaa bu'uuf afferameera. Achii boddee utuu inni maal godhuu arginaa? Yesuus fi bartoota Yesuusin irbaata aferee. Isaanin qofaa immoo utuu hin ta'iin hiriyoota isaa namoota akka isaati kan biroos irbaatichatti akka dhi'aatani godhee. Hiriyoonni isaa gibira sasaabddu akka isaa ta'uun isaani waan haaraa dha? Namnni akka tasaa utuu hin eegamin Yesuusin argee tokko hiriyoota isaati fi jireenya mataa isaa battalatti in sirreessa jettanii yaaddu? Jireenyi maatiwoos amma kansaa mitii. Xiyyefanno haaraa tokko argateera amma. Xiyyefanoon isaa kunis Yesuus dha. Maatiwoos hiriyyonni isaa warri isa dukaa gibira sasaabaa cubbamoo jedhamaniis hiriyaa isaa isa haaraa yesuusin akka wal baraniif barbaade. Isa akka warra kaani isa hin cigaane garuu immoo gara isaa wajiniin tokkummaa qabaachutti isa waameni wajiniin hiriyoota isaa wal barsisee. Gibira sasaabdonni ykn warri cubbamooni kun namoota warra biroo dhan kan jibbamani fi akka lammii fakkenya gaarii hin qabneetti lakka'amuu. Maatiwoos battaluma ayyaana waaqayyo hubateetti warri kaanis akka hirmaatota ta'anif isaan waamee.

GAAFFII: waa'ee dhibbaa Yesuus Maatiwoos irratti fidee maal barannaa?

_____

_____

Farrisoonni warri seera cimsani enyuu irratti faradu dhaaf murteessani? Yesuus warra gibira sasaabani fi cubbamootaa wajinin taa'ee nyaachuu isaa sammuun isaani fudhachuu hin dandeenye. Kanaaf isaanni bartootaan maal gaafatanin?

_____

_____

Jechii "maalif" jettuu jecha baay'ee rakkisaa dha. Sababiin isaas namoonni deebii of irraa ittiisuu qofaa akka isaan laatan godha. Hojii kenyaa fi jecha keenya gaaffii jala galchaa. "maalif" deebii isaa sirriitti deebisuu qabna kanaan achii gatii nama baasiftii. "barsiisaan keessan maaliif……" Farisootnni fi barsisootni seraa hundumaa caalla jedhanii namoota of yaadani dha. Utuu bartootnni Yesuus farisoota keessaa filataman ta'ee ta'aani cubbammoota kanaa wajinin hin nyaatan turani. Himannaa farisootaa Yesuus irraatti tureee. Yesuus namoota seera cabsan irraa of hin fageesinee. Bartootnni gaaffi farisootaa akkamitti deebisanii? Deebi kennaniruu?

GAAFFII: Yesuus farisoota irratti dhibbaa akkamii fidee?

_____

_____

Bartootnni Yesuus deebii kennu dhisuun isaanii namatti tola. Carraa itti dubbatanis hin arganne turanii. Yesuus gaaffi farisoonni bartoota isaati dhi'eessan dhaga'ee akkas jedhee deebiseef;

"namoonni fayyaan ogeessa qorichaa hin barabaadani, dhukubsatootatu barbaada malee."

Yesuus yeroo akkas jedhuu maal jechuu isaa turee?

Ogeessi qorichaa sun enyuu dha? Dhukubsatootnni immo enyufaa turanii? Enyuutu Yesuu akka inni Ogeessa qorichaa ta'e haala isaani isa cubbuun guteef qoricha fidee akka dhufee namnni hubatee waan jiru hin fakkattu. Fariisoonni warra gibira sassaabani fi cubamotatuu qoricha barbaada jedhu malee ofii isaani hin yaadani. Yesuus farisoonni seera isaani achii ka'anii arraara isa waaqayyo tola isaatiin isaan afferaa jiru fudhachuu dhaf akka dhufaniif isaan deebisee. Dhuma irratti wanti farisoota arsee Yesuus maalif gara biyya lafaa akka dhufee yeroo itti hime turee. Waarra qajeelotaaf utuu hint a'in

warra cubbamootaf akka dhufee itti dubbatee. Yesuus enyuun qajeloo jedhee waamee? Warra kamiin immoo cubbamoo jedhee waamee?

GAAFFII: Yesuus maatiwoos isa cubbamaa fi bartoota isaatiif gargaaraa ykn Abukaatoo ture. Maal jedhee dhabatee mormeef?

_____

_____

BARANNOO SADII ~ KUTAA 5

SEENSA

Qo'annaan keenya senaa maatiwoos irratti hin raawwatamne. Dhugaa seenichaa keessa jiruu fi barumsa seenicha keessa jiruu hundumaa barrera garuu amma iyyuu raawwii senaa kanaa gara jireenya keenyaatti fidnee ittin of ilaalu qabna. Yesuus fi Maatiwos walitti dhufeenyi isaan qabaaatan jireenya keenya har'aa irratti bu'aa maalii fidaa?

KEESSA DEEEBIIN XINXALUU

Qooda senaa kana akka haaraatti xinxallu yaadannoo keenya baafannee isa kana dura waa'ee Yesuus qo'annee haa ilaallu. Yaadannoo keessan irraa keeyyata gara dhumaatti bareesitan keessatti Yesuus maalif gara biyya lafaa kana akka dhufee nu giddus akka jiraatee dubbata. Senaa Maatiwoos keessatti immoo Yesuus warri gibira sasaabani fi warri cubbamoonni isaa wajinin akka ta'an filatee. Maatiwoos 1:21 fi luqaas 19:10 keessa deebi'aa dubbisaa. Luqqisoota kana lamaan yaadannoo keessan irraa hin qabdan taanan yaadannoo qabachuu hin dagatinaa. Ittii ansuu dhaan gaaffii kana deebisaa. Akka luqqisiin kun jedhutti yesuus maalif dhufee?

_____

_____

_____

RAAWWII

1. Maatiwoos maalif senaa ofii isaatii (9:9-13) wangeela keessatti barresuun isa barabaachisee jette yaadda?

   _____

   _____

2. Senaan waan baay'ee faayidaa qabu dha sababiinwarri dhaga'ani isaas ergaa ijoo keessaa argachuu danda'u. senaa akka senaatti namootatti himamuu qqabduu? Yaadannoo hamma har'aatti jiraattani argitan kan bu'aa busuu yoo jiraate mee duddubatti deebi'aa yaadadhaa.

_____

_____

Maaltu senaa keessan kana yeroo hundumaa akka yaadattan isin godhee?

_____

_____

3. Yeroo addaa kan yaadatamuu yesuus wajiniin dabarsitani beektuu? Deemsa hafuraa kessanitiin essa jirtuu? Namoota akkami fi haala akkamitu bakka amma jirtan isin fidee?

_____

_____

4. Tarii isiin akka maatiwoos fi hiriyoota isaa yeroo jalqabaatif Yesuusin barttan ta'aa. Yaadi isin nama ani mucaa waaqayyo dha jedhee of waamu kanaaf qabdan maali dhaa? Isaa wajinin wal baruu egaltanittuu? Maatiwoos waa'ee senaa isaa kana isinitti himee Yesuus isa jireenya isaaa jijiree kanaa wajinin wal isin barsisuuf kan jaallatee maalif isisnitti fakkaata? Akka isinis baruuni barabaadan akkamitti baree?

_____

_____

BARSIISA :

Waa'ee namoota shanan waarra Yesuus akka isa dukaa bu'aniif waamee dubbifneerra. Indiriyaas, phexiroos, yaaqobi fi yohannis amma immoo Maatiwoos itti dabalameera. Maatiwoos 10:2-4 irratti maqaa namoota ergamoota ta'anii kudha lamaan barreerra. Maqaan isaani enyuu dha?

_____ _____

_____ _____

_____ _____

_____ _____

_____ _____

_____ _____

Maqaa isaanii tarresuu irra kan darbee waa'ee namoota kanaa waan isinitti himamee fi isinitti dhaagaa'amee keessaa muraasa barressaa.

_____

_____

_____

Kutaa kam keessatti iyyuu namoonni kun adda akka ta'an wanti dubatu hin jiruu. Yeroo fudhadhaatii H. Erg 4:13 dubbisaa. Waa'ee namoota kanaa waan hubattan waan sadii barresaa

1._____

2. _____

3. _____

SHAAKALA:

Mira yeroo jalqabaaf Yesuusin arginee nutty dhaga'amuu caalaa isa dukaa bu'uun of kennuu guddaa akka barbaadu barsifamneerra. Akka luqaas 9:23 irraa jiruutti Yesuus dukaa bu'uun gatii maalii nama baasisaa?

Lakk 23 barreessaa:

_____

_____

Yesuus waa'ee fannoo ofii baatanii dukaa bu'uu dubbateera. Fannoo? Kana dura namni maqaa 'Fannoo ' kaase hin turree. Amma garuu waa'ee fannoo kootii haas'aa jiraa. Akkaa luqisii lakkofsa kana irra jiruuttii Fannoon ani baachuun anaaf malu maali dha?

_____

Yesuus of ganuu fannoo dhan wal fakkessee haasa'aa jiraa. Of ganuu jechuun Waaqayyoon of irratti moosisuu jechuu dha. Hundumtti kenyaa yaada "jalqaba ana" ykn "kan koo" jedhuun qabamnee jiraachaa jirraa. Garuu yeroo nuti of gannee ykn fannoo keenya baattanee isa dukaa bunuu jireenyi maal fakkaati ta'a? filiphisiyus 2 irratti Yesuus akka of ganee arginaa.

Lakk. 7-8 akkas jedhaa: Inni_____ of godhee_____ waan hundumaattis _____ of deebisee _____ ta'ee!

RAAWWII

Of ganuu jechuun goftaa dhaan geeggessaa ta'ee jireenya keenya irratti akka mo'uuf isa afferuu jechuu dha. Ofii keenya of laachu dha. Yeroo Waaqayyotti of keeniinu karaa maataa kenyaa jennee yeroo dhabnu immoo dallanuun in hafaa. Ofii kenyaaf jennee jiraachuun in hafaa. Yeroo keenya, iddoo ykn taayitaa keenya, qabeenyaa keenya eggachaa qooda jiraannu yeroo, taayitaa fi qabeenyaa keenyaan warra kaan fi Waaqayyoon tajaajilaa jiraanna. Fula isaa duratti qajeelumaadhan ittin jiraachuu egallaa.

Ofii kenyaan ykn humna mataa kenyaan of ganuu ykn yaada "ana qofaa" jedhuu of keessaa baasu hin dandeenyuu. Humna yesuus qofaa dhan " of ganuu, fannoo keenya baachuu fi isa dukaa bu'uu" dandeenya.

- Jireenyakoo keessatti gama kamiinan amala "jalqaba ana" jedhuu agarsiisaa jiraa?

  _____

- Wantoota ani godhu ykn dubbadhuu keessaa isa kamtu yaada "jalqaba ana" jedhuu agarsiisaa jiraa?

  _____

KADHANNAA

Waaqayyo humna ittin of gantan, fannoo isaa baattan fi yeroo hundumaa isa dukaa buutani akka isinif kennuf kadhata keessan barressaa.

BARANNOO 4 ~ KUTAA 1

SEENSA

Dinqiin Yesuus jalqaba hojjete cidha qaanaa irratti turee. Qaanaan kutaa biyyaa Galilaa keesatti argamtu dha. Magaalittin kibba galaana galilaa irraan argamti. Senaan kun bakka cidhaatti raawwatee. Yesuus erga bartoota isaa waamee walitti isaan qabee guyyaa muraasa boddee dinqii inni ittin yeroo jalqabaatif ulfina isaa mul'isee in ta'ee. Yeroo kun ta'uu duuka butoonni warri waan hundumaa dhisanii isa dukaa bu'anii maal yaaduu danda'u jettaniii yaaddu?

HOJII MANAA

Yohaannis 2:1-11 tti dubbisaa.

- Rakkina maalitu warra abbaa cidhaa mudatee?
- Rakkinicha enyutuu yesuusitti himee?
- Yesuus immoo maal godhee?
- Yesuus maal mul'isee?

SHAAKALA:

1. Akka adaa biyya filisxeem yeroo sanna keessatti tureetti ayyanefannaan cidhaa gara torbee tokko ol turuu danda'a. maatii fi warri abba chidhaa nyaataa fi dhugaatii ga'aa ta'e dhi'eessu isaan irraa egamaa. Cidhi kuun immoo tartiba keesumootaa adda ta'e qabaa. Lakk 1-2 irratti akka ilaalutti keesumoonni enyuufaa turanii?

   _____

2. Rakkinii umamee maal turee?(lakk 3)

   _____

3. Maariyaam maati sana qaanii irraa isaan olchu dhaf maal gotee?

   _____

4. Kadhannaan ishee maal turee?

   _____

   Yesuusitti furmaatni isaa maal akka ta'e itti himteetti?

   _____

   Yesuus kana dura utuu inni dinqii godhuu argiteetti?

   _____

Yesuus bira maalif deemtee?

_____

5. Deebiin Yesuus kennef waan kabaja hin qaabne fakkaata garuu akka adaa isaanitti sirri turee. Maal jedhee deebiseef? (lakk 4)

_____

6. Maariyaam maal gotee? (lakk 5)

_____

7. Wantii dhihoo fi mijataa maal turee? (lakk 6)

Hubachiisa: Gaaniin gurguddaan dhaabatan sun cidhichii yeroo dheraaf want turuuf qulqullesu fii cidhicha geggesuf bishaan barbaachisu qabatee jiraa.

8. Lakk 7 irraatti Yesuus warra hojetoota maal jedhee abbomee?

_____

9. Hojeetonnis_____(lakk 7) itti fufee Yesuus maal itti himee?(lakk8)_____.
10. Inni cidhichaa geggessaa ture sun daadhi wayinichaa dandhamatee yeroo ilaalu maal jedhee?(lakk 8)

_____

11. Dhirsa misiroo dhaan maal jedhe(lakk 10)?

_____

12. Mallatoon yesuus hojatee kun maal mul'isee?(lakk 11)

_____

13. Duuka butoonni isaa maal jedhanii?(lakk 11)

_____

IBSA:

1. Erga kadhannaan waa'ee dhimma kenyaa fi yaaddo kenyaa Waaqayyotti himachusha ta'e. kanas faarsaan daawwit 55:22 irratti yaada keenya isa irratti gatuu dha jedhee, akkasumas, 50:15 irratti immoo yeroo rakkinaatti isa waammachu dha

jedhee erga nuu mirkaneessee, yohaannis 2 irratti wanta Maariyaam gotee iraa muxannoo maalii argannaa?

_____

_____

2. Erga dinqiin Yesuus hojatee ulfina isaa fi enyummaa isaa mul'isee waa'ee humna isaa fi arjummaa isaa dinqii Yesuus jalqaba hojatee iraa maal barree?

_____

_____

KADHANNAA:

Yaa yesuus gaafa maariyaam rakkina xinnoo kana qabatte gara kee dhuftee, "daadhiin wayinii jalaa dhumeera." Siin jette atii hin tuffaanne. Rakkinicha waan dursitee beektuuf sitti himuun iyyu barbaachisaa hin turree garuu dinqii ati hojjetuuf haala mimijesuun ga'a turee. Atii gaaffii Mariiyaam si gaafattee qofaaf deebii laatte miti garuu namoota lafa cidhichaa jiranif isa caalu qopheesiteefi ittin isaan ebbiftee. Dhimmakoo hundumaa irratti akkan sii amanadhuf na dandesisi. Akkamitti akka hojikee hojaattu si'ii isa waan hundumaa beekutti himuu irraa na egii. Hundumaa caalaa dhimmota dhunfakoti fi kan namoota jaalladhuu fidee akkan dhuufuuf carraa waan naa keenniteef sin galatefadha.

_____

_____

_____

_____

WAAN YAADATAMUU QABU.

Erga dinqii jalqabaa yesuus hojjetee dubbifanne barre boddee Yesuus abbaa dinqii ta'u isaa barree dinqii inni hojjetu gara biraa barudhafis fedhiin nu keessa bulera. Sababa kanaaf Yesuus maalif akka inni gara biyya lafaa dhufee yaadachuun barbaachisaa dha. Yohannis 3:16-17 irratti Abbaan ilma isaa tokkicha Jireenya bara baraatif jedhe ak ka kenne in dubataa. Biyyi lafaa karaa isaa akka fayyituuf yesuus gara biyya lafaa dhufee. Dinqiin Yesuus hojatee hundumtuu milikita

dha malee kaayyo inni ittin gara biyya lafaa kana dhufeef miti. Sagalee raajii waa'ee masihichaa dubataman raawwattu(Isaayyas 61:1-2) milikitootnni inni hojeetu hundumtuu ulfina isaa ykn fanno isaa nutty agarsiisuu qaba. Sababiin inni itti dhufee jireenya barabaraa waan ta'eef. (yoh 12:23-37 keessumaa immo 27)

SHAAKALA

1. Maatiwoos 4:23 irraatti tajaajilli yesuus sadan maalfa dha?
   a. _____
   b. _____
   c. _____
2. Oduun isaa gutummaa biyyichaatti dhaga'amee. Namoota dhukkubsatoo fi dhibee addaa dhan gara Yesuus geefaman ibsi:
   a. _____
   b. _____
   c. _____
   d. _____
3. Namoonni gara isaa dhufanii, Yesuusis isaan_____.
4. Lakk 25 irraa kutaa biyyaa fi magaalota ibsaman kaartaa keessan irra barbaadaa. Namootnni heddun akka isa dukaa bu'ani dubbifneerra. Namoonni hedduun isa dukaa bu'u isaanii akkamiitii bartanii?

   _____--

   Addaa addumaan Yesuus dukaa bu'uu inni kutaa kana keessaa fi marqoos 8:34 gidduu jiruu maali dha?

   _____
   _____
   _____
   _____-

GAAFILEE RAAWWII:

Namoota isa dukaa bu'aa turan keessaa akka nama tokkotti sababni ani isa dukaa bu'aa turef maali dha? Akkan isa dukaa bu'uuf gara isaatti maaltu na haarkisee?

_____

_____

_____

_____-

BARANNOO AFUUR ~ KUTAA 2

SEENSA

Ammaa dhukuboota Yesuus fayyisee keessaa fakkeenya muraasa haa ilaallu. Yeroo Yesuus lafa kana irra ture sanatti dhukkubnni inni guddaan lamxii dha ta'a. leewwota 13 irraatti nama dhukkuba kanaan qabame irraati ajajnni ba'e jiraa. Namnni dhukuba gogaa qaamaatin qabame hundumtuu gara lubaatti geefamuu qabaa ture. Lubichis erga isa ilaalee booda yoo dhukkuba kanaan qabamuun isaa mirkanaa'ee lubichi namnni kun "qulqulluu miti" jedhee labsa.

HOJII MANAA

Seensa kana sammuutti qabadhaatti Lewoota 13:45-46 dubbisaa.

SHAAKALA

Seerri waaqayyoo kakuu mofaa keessatti nama dhukuba lamxii dhaan qabamee irratti firdii ykn ajaja kaa'e qaba . leewota 13:45-46 irratti seeroonni barra'an maalfadha?

a. _____
b. _____
c. _____
d. _____
e. _____

IBSA

Nama luba bira dhaqee of ilaachisee garuu qulqulluu miti jedhametti maaltu itti dhaga'aama jettanii yaaddu? Namnni kuun dhukuba lamxii dhaan waan rukutamee jiruuf seeroota Leewwota gubbaa irratti barraa'ani raawwachuun dirqama dha.

_____
_____
_____
_____-

Namnni lamxa'aan sun utuu isini dha ta'ee maaltu isinitti dhaga'ama turee?

_____

_____

_____-

Fayyaa fi nageenya hawaasa keessa jirtan egu dhaaf seera ba'anif addumaan immoo seera saba Israa'el amma qo'achaa jirru kana akkamitti ilaaltu?

_____

_____

_____

_____ -

YAADA KADHANNAA

Argamuu Waaqayyoo keessa of galchuu dhaan yeroo gabii qabaadhaa. Baruumsa dubbii sagalee Waaqayyotiif laphee fi sammun keessan akka banamuuf kadhadhaa. Cubbuu jireenya dhunfaa keessani fi hawaasa kessatti gudachaa jiru irratti hubannaa akka isinii kennuuf kadhadhaa. Senaan kun immoo iddoo amma dhaabnetti waan hin raawatinif kadhadhaa.

_____

_____

_____

_____-

HOJII MANAA

1. Lakkofsota senaa Macaafa Qulqullu kana itti fufan dubbisaa(marq. 1:35-39)
    - Yesuus essa demaa jira(lakk 39)?

_____
_____

- Maal hojechaa jiraa?(lakk 39)

_____
_____

2. Maarqos 1:40-45 dubbisaa
   - Taatotnni ykn namoonni senaa kana irraatti qooda fudhatan enyuufa dha?

     _____
     _____-
   - Rakkinichi maal turee?

     _____
     --
   - Oduun himamee turee maal dhaa?

     _____
     __-

SHAAKALA

1. Yesuus iddoo lalabaa mandaroota keessa jiran dhaqee lalabuutu isa irraa turee. Jireenya addunyaa irratti Oduu gaarii labsu jiraatee. Mootummaan waaqayyoo inni laphee namootaa fi sammuu namootaa bulchuu dhufee angoon sexanaa immoo in badaa. Inni enyuu akka ta'ee fi kaayyon isaaa maal akka ta'e of beeka. Lakkofsa 38 irraati duuka butoota isaa warra isa barbaadaa turaniin maal jedhee?

   _____
   _____
   _____-

   Maalif akka dhufee itti himee. Lakk. 38 ibsa isaayyas 61:1 dha.
2. Enyuutu gara Yesuus dhufee(lakk 40)?

   _____
   ____

3. Senaan kun taatota lama qaba, Yesuus fi namicha lamxii sana. Namiichi kun maal fakkaata jettani yaadduu?

   _____
   _

4. Maalif iyyaa(lew 13:45)

   _____
   __

5. Yoo namichi moraa kessaa ba'e jiraachu danda'a ta'e, Yesuusin essatti argata turee?

   _____

6. Dhaabbin namichaa maal turee?(lakk 40)

   _____

7. Kadhannaan namichaa waan ofi isaaf gochuu hin dandeenye Yesuus akka isaaf godhuuf gaafachaa turee. namichi Yesuusin maal jedhee?(lakk 40)

   _____
   _____
   _____

8. Namichichi waa'ee haala ofi isaa keessa jiru maal amanee?

   _____
   ____-

9. Maaltu namicha gara Yesuus gessee?

   _____
   _-

10. Namichichi Waan Yesuus gochuufi danda'u maal beeka turee?

    _____

    Yesuus sin fayyisu jedhuuni akka danda'u baaka ture.

BARANNOO AFUUR ~ KUTAA 3

RAAWWII

Karaa hafuraan lamxiin fakkii cubbuu keenyaaati. Jireenya keenya cubbuun faalame amanamumaan yeroo madaallu dhugaan nuun agarruu ulfaata dha. Yesuus irraan adda baanee Oduun gaariin hin jiru. Fayyinni keenya kan jalqabu fedhi fi kaka'umsa nuun fayyuuf gonu irratti hundaa'etu.

- Utuu lamxii qabdu taatani ykn qabdu jedhamtanii akkamitti yaaddu?

  _____
  _____
  _____-

- Hawaasa keessaa baafamani uffata cicitaa uffatani, xuri fi rifeensa hin tolfamneen jiraachu akkamitti ilaaltu?

  _____
  _____-

- Afaanni namaa gogee gororaa fi jidha tokko utuu of keessaa hin qabaatiin jiraachu akkamitti yaaddu?

  _____
  _____-

- Namoonni hundumtuu akka isin irraa of egataniif himamee jiraachu akkamitti ilaaltuu?

  _____
  ___-
  _____
  ___

- Namoota hundumaa irraa adda baatani namnni tokko iyyuu utuu ofitti isin hin qabin jiraachu akkamiiti ilaaltuu?

  _____
  _____-

IBSA

Cubbuun dhukuba nama tokkoo utuu hin hambisiin dhalootaa hamma dhalootaatti kan darbuu dha. Hundumti keenya dhukuba du'aan qofaan furamu dhukkufachaa jirraa. Cubbun keenya abbaa keenya isa waaqa irraa, isa qulqullu irraa, adda nu baase. Fuula isaa dhaabbannee " nu qulleessi , nu qulleesii" jenne iyyinaa. Waaqayyoo qofaa irraa utuu hin ta'in wali walii keenya irraas adda nu baaseraa.

YAADA KADHANNAA

Namichi kun akka nama dagatamee ture. Akka waan tokko isaaf hin malle utuu beeku garuu araara waaqayyoo isa waan hundumaa ta'ee gaafachaa gara yesuus dhufe. Gad of deebisu dhaan, iftoominaan fi amanamumaa dhan qalbii didirachaa haala keessan hundumaa itti himuu dhaan akka waan tokko iyyuu isiniif hin malle yaadaa garuu jaalala isaaf dhifama isaa gaafadha. Gutumaatti fula isaati waan hundumaa gaafachaa dhi'adhaa.

_____

_____

_____

BARSIISA:

Namichii lamxii qabu sun akka Yesuus isa fayyisu beeka. Namiichi kun jibbamuu fi logamuu isaa kana kan itti fidee cubbuu isaa irraa Waaqayyo akka isa qulleessuuf dararamee yeroo waaqayyoon kadhatu itti yaadaa. Waan abaarsa itti ta'e isa hiriyaa fi maatii isaa irra adda baaseen hundumaa irraa Yesuus akka isa qulleesuf barbaade. Garuu namichi kun maati fi hiriyaa irra kan darbee waan ijoo ta'e irraa gargar ba'ee akka jiru Yesuus hubatee turee. Qulqulluu miti jedhee kan labsee luba mana qulqullumaa waan tureef namichi kun waaqayyoo irraa adda ba'ee akka ture agarsiisaa.

SHAAKALA

1. Yaada Yesuus keessa maaltu deedebi'aa jiraa?

   _____

   a. Jechii namaa ho'uu jedhu jeecha namatti tolu dha. Namaa ho'uu jechuun jecha namaa gadduu jedhu caalaa humna qabaa. Namaa ho'uu jechuun dhukubaa fi gidiraa namaa hirmaachu ykn akkuma nama sanaa ta'anii dhukkufachuu jechuu dha. Haalli namicha kanaa garaa yesuusin kan rukute turee. Yesuusis nama sanaaf baay'ee ho'eefi. Yeroo namnni mucaa keessan isinuma duratti rukutuu garaan keessan naasudhaan isin dhukubaa. Kana jechuun mucaa keessaniif ho'itani jechuu dha.
   b. Yesuus seera waa'ee nama lamxiin rukutameef ka'ame sana beeka turee. Loogamuu, qoofummaa fi jibba guyyaa guyyaatti nama kana irra ga'aa ture Yesuus beeka turee. Namootnnii jechi 'xura'aa' jedhu itti maxanfamee waan jiruuf itti siquu hin barbaannee.
2. Namaa ho'uun nama rakkina keessaa baasa. Lafa bade ykn bakka dhokatee turee as baasaa. Yesuus nama kana irraa hin baqannee akkasumas of irraa isa hin fageesine. Namaa ho'uu hammamitu Yesuus nama kanaaf gaddee akka isa fayyisu godhe jettanii yaaddu?(lakk 41)

   _____

   _____

   Namaa ho'uun Yesuus akka inni tarkaanfi fudhatu isa godhee. Harka isaas dirirsees namichatti bu'ee. Yesuus waan hin yaadamne godhee. Isa itti hin bu'amneetti bu'ee. Namicha kana Yesuus humna isaatiin butee deebiseeni. Akkasumas qaqabiin inni ittin namicha kanatti bu'ee baay'ee kununsaan kan gutee ture. Namichi kun yeroo dhumaatif yoom akka itti bu'amee in yaadataa laata? Yesuus namicha kana xuquun isaa ergaa akkamii qabaaf jettanii yaaddu?

_____

_____

_____

3. Keessa deebi'ee utuu hin yaadiin takkaadhumaan Yesuus namicha kanatti bu'ee, maal ittin jedhee?(lakk 41)

   _____

4. Namichi kuun raawatee fayyee. Lamxiin isaas irraa sokkee. Yesuus _____ isaa _____ namicha _____. (lakk 41)

   Yeroo Yesuus harka isaa dirirsee dhukuba qaama nama kanaa fixee keessaa akka Isponjiitti xuxu isinitti in argamaa? Fayyinni namichii kun amma argatee jireenya inni bor darbee jiraatu irratti dhibbaa akkamii fida jettanii yaaddu?

   a. Uffannaa isaa? _____
   b. Rifeensa isaa?_____-
   c. Akkaataa inni itti namatti dhi'aatu?_____
   d. Walitti dhufeenya isaa? _____

BARANNOO AFUUR ~ KUTAA 4

IBSA

Jeecha Yesuus "qullaa'I" jedhu booddee dhokachuu, na qulleessii maaloo jedhee bo'u fi jibamuun isaa in hafaa. Amma egaa hawaasatti dabalamee maati fi hiriyoota isaa wajinin jiraachu ni danada'aa. Namoota warra kaanii wajiinin tokkumaa qabaachu egaleera. Amma inni kana dura gadi ba'uu isa dhowwee jibbi, hamiin, sodaatamuu fi ciga'amuun hundi hafeera. Yesuus garuu dhukkuba qaama isaa fayyisuu caalaatti waan isa gammachise jiraa. Battala Yesuus lamxii irraa qullaa'i ittin jedhetti dhukkubni hafura isaa ykn dhukkubnni cubbunis irraa ka'eera. Namicha kanaaf dhifamnni godhameera siichias cubbuun aboo isa irratti hin qabuu. Lamxii cubbuu irraa fayyeera. Sababa dubbiin Yesuus irratti labsameef namichi kun jaallatamee bilisumaa dhan abbaa isaa waaqayyo wajinin ni jiraata.

- Namichii kun lamxii irraa fayyuu barbaade Yesuus bira dhufee.(lakk 40) walitti dhufeenya Yesuusif namicha gidduu turee akkamitti ibsituu?

_____

_____-

Yesuus namicha kanaaf hiriyaa, fayyisaa fi gatii isaa kan deebise gati qabeessa isa godheedha.

- Fayyina ykn qullaa'u isaa ilaalchisee namichichi maal dubbatee?(lakk 45)

_____

_____

Yaaddoo cubbuu irraa bilisoomee akka waaqayyoon waaqefatuuf hikamee. Amma waan qulqulla'eef bilisumaan dubbachuu danda'aa. Yesuus cubbuu irraa cabse qofaa utuu hin ta'iin qooda cubbuu jireenya baay'atee, jireenya deebi'e, jireenya fudhatamaa fi haaraa kennefi. Namnni hundumtuu oduu kana bilisumaa dhan dubatanii babal'isuu danda'uu.

RAAWWII

- Itti bu'amuuf nama cigaasisu gootanii of yaadanii bektuu? Yeroon isin ofii keessan irrattis ta'e nama irratti waan hamaa gootanii deebiftanii immoo of ceepha'uu dhan ani enyuun iyyuu jaallatamuun anaaf hin maluu ofiin jettan jiraa?

_____

_____---

- Namoonni warri kaan akka isiin jaallatamu dhaaf ykn namoota biratti fudhatama argachuuf rakkisoo akka taatan isinitti himanii beeku?

  _____
  _____-

- Akkaataan jireenya keessanii dukkana'aa fi xuraa'a isinitti ta'ee "Goftaa yoo fete na qulleessi" jeettanii iyyaa jirtu ta'aa?

  _____
  _____--

- Iji Yesuus keessi ho'aan gutamee ilaalaa
- Isiin rukuchuuf ykn isin midhuuf utuu hin ta'iin ofitti isin qabu dhaaf harkasaa isiniif dirirsaa.
- Tuqiinsi Yesuus inni jaalalaa fi fayyina qabuu isisnniti haa dhagaa'amu
- Yesuusin xuqamuun keessan jireenya keessan keessatti jijirama maali fidee?

_____
_____
_____

YAADA KADHANNAA

Gooftaa Yesuus kunoo jireenyikoo lamxii dhaan rukutamee jiraa. Anis "Yaa Goftaa yoo jaalalakee ta'ee na qulleessi" jedheen sitti bo'aa jiraa. Cubbukoo akka ati naa dhiftuu fi deebiftee nama gutuu akka na gootu amaneen dhufee. Galatoomi Yesuus ----------

_____
_____
_____
_____
_____

ODUU GAMMACHISAA ISA KAN WAAQAYYOO

Yesuus maqaadhan isin waamee, “Akka atii_____fedheera. Qullaa’ii!

Ba’aa cubbuu isiin irraa kaasee jireenya haaraa fi gammachuu dhan guute jalqabdanii waa’ee isaa dhugaa ba’aa akka jiraataniif yesuusif eyyamaa. Akka seera leewotaa 13 irratti kaa’ameeti namichii lamxa’aan kun haala nama aja’ibsisuun fayyee. Akkuma yesuus “qullaa’I” jechaa isiin qabeen jireenya keessan keesatti jijirama adda ta’ee arguu egaltu. Darbees namoota naanno keessan jiran irratti waan arguun in jalqabamaa. Yeroo Waaqayyo jijirama akkasii kana gara keessan fiduutti namoota akkamituu isin dukaa ta’aa?

YAADA KADHANNA

O Goftaa, jireenya haaraa naaf laattettaa. Iddookootti na deebiftee nama siif gatii qabu na goote. Bilisummaa dhan oduu gaarii kana dubbadhee akkan babal’isuuf hafurakoo gubaa godhii. Wangellakee babal’isuukoo irraan kan ka’ees warri kaan deebi’anii gutuu ta’uun isaani akka baraniif na gargaari.

_____

_____

_____

_____

BARANNOO AFUUR ~ KUTAA 5

RAAWWII

Namoonni natty hin bu'amuu jedhanii yaadan naannoo keenya gutanii jiruu. Namoonni namoota biraa ofii isaaniti ofitti hin bunnees jiru. Namootnni akkasi kun namootnni isaanitti faggatanii akka jiraatan godhu. Garuu lubbuun isaani isaan keessatti, "na qaqabaa, natty bu'aa" jette in iyyitii. Namoota gatii hin qabne godhanii of yaadu. Nama cabsee dhaqee itti bu'uu dhoqsaatti egatuu. Dhoqqee keessaa nama butee isaan baasu arguuf hawwuu. Cubbun isaani dhifamee, nama gutuu ta'anii, tokkumaan isaan Waaqayyoo wajiniin qaban akka deebi'u danda'uu dhaga'uuf hawwaa kan jiraatan hedduu dha. Karaa Yesuus namoota barbaachisoo fi gutuu akka ta'an baruu barbaadu.

1. Nammoota itti hin bu'amnee fi kutaa jireenya keessanii itti hin bu'amnee yaadaa. Enyuutuu hin xuqamnee?

   _____
   -

2. Nama waan Yesuus isisnif godhe itti himtan yaadaa akkamitti akka isin jaallate, fannoo irratti isinif fannifamee du'uu dhaan cubbuu keessan isinif dhisee akkasumas du'aa ka'uudhaan jireenya barabaraa isiniif kennedha isin.

   _____

3. Nuun hundumti keenya karaa Yesuus namoota waaqayyoo duratti gatii qaban akka taanee bilisumaadhan dubadhaa oduu kana babal'isaa.

   _____
   _____
   _____-

YAADA KADHANNAA

Goftaa nama namootaaf ho'u na godhii. Oduu jaalalakee fi namootaaf ho'uukee bilisummaan akkan dubadhuuf Afaanko fi lapheeko bani. Jireenyakoos akka itti fayyadamtuuf akkan sii kennuf na gargaarii. Waaqayyo Abbaan namoota hundumaa kan gatii qaban akka godhe akkan dubbadhuuf soda na keessaa ballessi.

_____
_____
_____
_____-

BARSIISA

Wangeelli tajaajila fayyisuu Yesuus wajinin walitti nu fidaa. Jalqaba barannoo kanaa irratti waa'ee namicha lamxii irraa fayye sanaa dubbifnee. Luqaas 4:38-44 irrattii Yesuus gara mana _____ dhufee. Amaatiin phexiroos _____dhukubsatte.(lakk 38) Yesuus _____ dhukuba dhaqnna gubaa sana _____, dhukkubichiis _____(lakk 39) Namoonni waa'ee kanaa dhagaa'anii dhukuba garaa garaatiin kan qabaman Yesuus akka isaan Fayyisuu _____(lakk 40) Innis _____isaa _____isaan irra _____, _____ fayyisee. (lakk 41) Yemmuu bari'ees tuutni jaraa _____ _____ yaalaa turani (lakk 42). Yesuus maal ittiin jedhee? (43)

_____
_____-

Tajaajila yesuus irraa waan lamaan tokko barraa. Yeroo dhukkubsannu Waaqayyo dirqama tokko tokkoo keenya yeroo hundaa fayyisuu qaba jenne yaadna. Dhukuba sammu keenyaa fi qaama keenyaa irraa akka birmaduu banuuf ofii keenyaaf in kadhannaa. Garuu namootnni gara yesuus dhufan hundumtuu dhukuba isaani irraa hin fayyinee. Humna ittiin isaan fayyisu waan dhabeef utuu hin ta'iin tajjajilli ykn ergamni isaa inni gudaan qaamaa fi sammu namaa fayyisuu irra guddaa kan darbe waan ta'eef. Rakkina walitti dhufeenya namnni hafuraan waaqayyoo wajiniin qabaatu fayyisuuf dhufee. Tokkumaa cubbudhaan digamee sana ijaarud haaf dhufee. Dhukubi kan jiruu addunyaa ishee kuftuu kana keessa yeroo ta'u oduun inni gaarin garuu mootummaa waaqayyoo isa kan barabaraa keessa akka jiruu namoonni haahubataniif Yesuus dhufee. Kanaaf Yesuus yeroo namoonni akka inni itti adda hin baanef isa kadhatan, isaan qofaaf utuu hin ta'iin oduu gammachisaa kana mandrootaa fi magaalota kaneen biroottii dabarsuun qaba jedhee.

Cubbuun erga biyya lafaa keessa jiraate dhukkubni fi rakkinni baay'ee dha. Ergamnni isaa inni guddaan Mootummaa waaqayyoo labsuuf dha. Kun sababii inni itti _____, kun feedhi Abbaa turee. Abbomamuudhan _____ warra yihudootaatti _____.(lakk 44)

RAAWWII

- Yeroo namnni isiin beektanif jaallattan tokko fayyuun qaba jedhee gaafatee garuu faayyuu dadhabee yaadadhaa.

  _____

- Kadhannaa baay'ee garaa keessan irraa kadhatanii garuu isinii raawatamuu diduu laphee kessan keessatti maaltu dhaga'amaa.

  _____

- Waaqayyoo isin fayyisuuf humna utuu qabuu garuu qooda isin fayyisuu waan isin dhisee deeme yoo isinniti fakkaate maaltu isinitti dhaga'amaa?

  _____

  _____

- Ibsa a luqaas 4:43 keessatti yeroo ilaatu, ilaalchi ati tajaajila Yesuus irratti qabdu maali dha?

  _____

  _____

IBSA

Yesuus waan gochuu qabu gochuu qaba turee. Waan dursuu qabuus dursuu qaba turee. Bara inni biyya lafaa kana irra qaamaan dedebi'aa ture sanatti yeroo fi iddoo dhan daangefama turee. Utuu anatuu namoota dhukkubsatani fayyina barbaadan walitti qabee fidee jennaan " oduu mootummaa waaqayyoo mandaroota kan birootti lalabamuu qaba " naan jedhee akkaman ta'aa?

_____

_____

Amma immoo inni du'aa ka'ee, teesosaa irratti moo'ee daangaa malee ulfinaan taa'ee jira. Fayyina barbaadanii dararamtanii kadhatanii garuu yoo deebi'u didee maal gootu?

_____

_____

_____

BARANNOO 5 ~ KUTAA 1

BARSIISA

Dinqii Yesuus hojjatee keessaa muraasanni Wangeelota afran keessaatti himamaniruu. Namaaaf ho'uu inni qabu baay'ee guddaa dha. Gara Maatiwos 9:35-37 haa deebinu.

1. Ammas tajaajila Yesuus sadan isaani maatiwos 9:35 gubbaatti irra deeebinee argina. Maatiwoos 4:23 ilaalaa. Magaalotaa fi mandaroota kana keessa yeroo dedebi'e maal hojjatee?\
   - _____
   - _____
   - _____
2. Lakk 36 irratti inni 'namoota akka hoolota' jedhee maal jedhaa:-

   _____

   _____.

   Hubachiisa: Namaa ho'uu jechii jedhuu laphee namaa gara hojitti kan kakaasu ta'uu isaa hubadhaa. Dhukkubni fi rakkinni nama biraa laphee keenya irraa yemmuu nutty dhagaa'amu jechuu dha. Garaa keessan keessatti dhukuba nama biraa dhukkubfachuu jechuu dha. " Yesuus namoota sana yemmuu argee garaa isaa irraa in ho'eef….." jedhaa.
3. Itti fufudhaan yesuus ajaja duka butoota isaatif kennuu egalee. Maal jedhee isaan abboomee?(lakk 37)
   a. Baay'ee inni jedhamee maali dha?_____
   b. Maaltu barbaachisa turee?_____
   c. Furmaatnni maali dha?_____

IBSA

- Yesuus, namoota isa dukaa bu'aa turan keessaa "hoolota tiksee hin qabne" jedhee ibseen. Yeroo Yesuus angoo dhaan barsisaa ture namoonni ifaa fi beekumsa argatu turanii. Yeroo Yesuus isaan barsisuu, bittaa cunqursaaa warra Romaa irraa adda kan ta'e Oduu gaari fi Abdii jireenya isaanitif argatu turanii. Utuu yesuus dhukuboota hundumaa fayyisuu arganii Yesuusin nama dinqii hojjetu godhanii yaadaniin. _____ isaatu dhiphuu fi

dhukuba hedduu irraa isaan boqochisee. Akkakeetti beekamtii hamma kana ga'uu argachuu akkamitti ilaaltaa?

_____

_____

- Beekamtii hamma kana ga'uu argachuun abjuu fi hawwii nama hundumaati jechuu ni dandeenya. Yesuus baay'ee bekamu isaa kana akkamitti fudhatee? Yeroo gara ummata hamma sana baay'atu ilaalee maal isaan keessatti argee?

_____

_____

RAAWWII

- Yesuus namoota kaayyoo fi abdiin jireenya isaani harkaa bade jooran argee. Ummata sana hundumaa keessatti utuu Yesuus dukaa butanii waan inni jedhuu fi godhuun fudhatamtanii isa dinqisifachaa affeeraa isaatin immoo fudhatamtani of in argituu?

_____

_____

- Yaada isaa gara keessanitti harkiftaniittuu?

_____

- " maalif na dukaa butuu" jedhee yoo isin gaafate maal jettanii deebiftuu?

_____

_____

- Tarii immoo ummata warra akka "hoolaa tiksee malee" keessaa utuu hin ta'iin bartoota warra "midhaan sasaabamu baay'edha, hojeetootnni sasaaban garuu muraasa egaa hojeetoota warra midhaan sasaaban ittii haa yaafatuf Abbaaa kadhadhaa" ittiin jedhe keessaa tokko taatu? Harka keessan ol qabdanii "oh oh maaloo anaan na ergi, anaan na ergi" jettanii of kennuu dhaan in iyyituu? Hirina hojetootaa iddoo qabuu yoo argitanii maal gootuu?

_____

_____-

- Hojeetootnni takkaa ergamanii turan. Midhaanni ofii isaati gara mana kusaa isaatti ykn gombisaa isaatti nammee hin beeku. Yeroo hundumaa midhaan kana walitti qabanii galchuuf hojeetonni barbaachisoo dha. Essatti argamtanii jirtuu? Iddoon keessan essa dhaa?

_____

_____

- Deebiin keessan immoo maal ta'aa? Holaa kaayyoo malee bakkee keessa naanoftumoo hojeetota kaayyoo fi hika qaban taanaa?

_____

_____

BARANNOO SHAN ~ KUTAA 2

SEENSA

Senaan hojii dinqii inni kan Yesuus inni itti anuu senaa inni itti namaaf ho'uu qabu hojii dhan itti agarsisee dha. Namaa ho'uun mallatoo enyummaa isaati. Bartoota isaa keessa garaa namaaf ho'u kaa'u barbaadee dinqii kanaan isaan barsisee. Senaan Yesuus nama kuma shan nyaachise jedhu kun wangeelota afran keessatti barrefamee jira. Macaafnni tokkon tokkon isaani Odeefannoo dabalataa waa'ee dinqii Yesuus guyyaa sana hojatee nuuf kennuu.

HOJII MANAA

Maatiwoos 14:13-21, Maarqos 6:30-44 fi Yohaannis 6:1-15 dubbisaa.

- Akka ilaalcha bartoota Yesuusitti haalli yeroos ture maali dha?

  _____

- Akkaa ilaalcha Yesusiin immoo haalli yeroo sanaa maal turee?

  _____

- Dinqiin hojjatamee maal turee?

  _____

DURSA SEENICHAA

Lakkofsota kutaa kana dursan irraattii Yesuus oduu baay'ee gaddisisaa waa'ee du'a durbii isaati Yohannis cuphaa itti himamee ture. Maatiwos 14:1-12, Maarqos 6:14-29 fi luqaas 9:7-9 irratti Yohaannis akkamitti akka du'ee dubbifachuu dandeessuu.

SHAAKALA

1. Oduu waa'ee yohannis erga dhaga'ee boddee Yesuus maal godhee?(maatiwos 14:13)

   _____

   _____

   _____

   Maarqos 6:31 Yesuus fi bartootnni isaa guyyaa gutuu dadhabanii akka turan nutty himameera. Yesuus yaada akkamii dhi'essee?

_____
_____

2. Yesuus isaan dhisee akka sokkee yeroo baran Umatnni sun maal godhanii?(matt. 14:13, marq 6:33)

_____
____-

3. Ummatni sun hundumtuu maalif dukaa bu'anii?(yoh 6:2)

_____
____

4. Yemmuu ummata heedduu sana argetti Yesuus akkam ta'ee?(matt 14:14, marq 6:34)

_____
_____
_____

Garaa namaaf ho'u qabaachun isa maal akka godhuuf isa kakaasee?
_____ fi
_____

5. Guyyaan golabamaa galgalli immoo as dhi'achaa jiraa. Yeroon irbaataas ga'eraa! Yesuus filiphoosin adda baaasee maal gaafateeni?(yoh 6:5-6)

_____
_____
_____

Maatiwos 14:15 fi maarqos 6:35-36 irratti bartootnni Yesuus maal akka godhu barbaadan?

_____
_____
_____

6. Deebiin Yesuus deebiseef maal turee?(maat 14:6, marq 6:37)

_____
_____
_____

IBSA

- Sammuun namoota kanaa maal yaadaa ture ta'a? " Namoota kuma shan akka nyaachifnuuf akkamitti nu gaafataa! Lafa onaa iddoo nyaati tokko illee hin jirree jirraam. Yesuus maal yaadaa jirtaa? Utuu kaanee geggesinee dhaqanii ofii isaanitif nyaata barbaadachuu danda'uu. Kana malees nutu dadhabneerra atis immoo dadhabdeetta. Guyyichi guyyaa dadhabsisaa turee. Ummatnni kun hunduma keenya dadhabsisaniruu. Iddoo kana dhufuun keenya isaan irraa fagaannee boqochuuf turee. (marq 6:31)" barresitoonni Wangeelaa keessaa namnni sadii " Ummata kana geggessii" jedhanii yaada wal fakkaataa barresanii.
- Yeroo yesuus "isin waan isaan nyaatan kennaafi" ittin jehuu isaan naasisuunssaa hin ollee. Dhugaa! Numatuu namoota Kuma shan ol ta'aniif nyaata kenninaaa? Yesuus akka Filiphoos deebii gaaffi kanaa sammu isaatti qabate akka jiru utuu beeku gaaafate. " Buddena nama hamma kana ga'uu essaa dhaqanee binnaa?" filiphoos gatiin isaa meeqa akka ta'ee sammu isaa keessatti sila shallagee fixee. " Mindaan ji'a saddetii iyyuu daabboo namoonni kun hundi takkaa afaanin qaban danda'ee hin bitu." (yoh. 6:7) Dabalataanis, "horii hamma kana buddena isaan nyaachisuuf maalif baafnna?"(marq 6:37) Yesuus maal yaadaa jirtaa?

BARANNOO SHAN ~ KUTAA 3

BARSIISA

Yesuus inni namoota warra akka holaa tiksee malee ta'aniif ho'uu(marq 6:34) akkamitti gadi isaan dhisaa? Inni namoota hundumaa gara ofii isaatti waamu akkamitti immoo of irraa isaan ari'aa?(yoh 12:32)tikseen inni gaariin akkamitti hoolota isaatiif waan isaan barbaachisu utuu hin godhiniif isaan gadi lakkisaa?(yoh 10:11)Akkamitti Yesuus inni buddeena jireenyaa ta'e warra kaanin hin nyaachisuu? (yoh 6:35)

Waa'ee duuka butoota Yesuus akka namoota nyaachisaniif itti gaafatamummaan itti kennameetti yaadaa. Furmaata jedhani kan isaan keennan namoota of irraa geggeesu turee. Bartootnni ofii isaani of ilaalanii hiyyesoota ta'uu isaani baran. Namoota kuma shan ol mititi ofidhuma isaani iyyuu essaa akka sooratan hin beekani. Nyaata bituudhaf gara Betasaayidaa dhaqutu irra turee. Yesuus akka isaan furmaata argachuu dhaf wallaansoo qaban barbaade callisee. Erga namoota of irraa gegessuun furmaata ta'uu hin dandenyee maaltu furmaata ta'aree? Karaa maallaqaa itti yaadaniru garuu furmaata namoota sana nyaachisee isaan qufsu argachuu hin dandeenye. Fakkiin kun maal ta'ee? Bartootnni Yesuus maal baruu dadhabanii? Waan sirrii ta'e dura isaanitii maal arguu dadhabanii? Wantii qofaadhan hin danda'amne garuu tokkumaa dhan danda'amu maali dha? Yesuus namoota nyaachisuu danda'a bakkettis isaan hin gegessuu. Mee, gara seenichaatti haa debinu.

SHAAKALA

1. Marqoos 6:8 irratti Yesuus maal gaafatee?

   _____

2. Bartootnni barumsa maalii argatanii?(lakk 38)

   _____

3. Indiriyaas dargageessa qurxumii lamaa fi buddena shan qabatee jiru argee gara Yesuusiitti isa fidee. Qoranoon Indiriyaas qurxummii fi buddena irratti gegessee maal turee?(yoh 6:9)

   _____

4. Yesuus gaaffi indiriyaasin abbomii dhan deebise. Maal abboomee?(mat 14:18)

   _____

5. Saba sana hundumaa ilaalchisee Yesuus bartootaan maal jedhee?(6:39-40)

   _____

6. Namoota hundumaa erga marga irra teessisanii boda, nyaata sana namootaaf hirani. Garuu hiruu isaani dura Yesuus maal godhee?(matt 14:19)

   _____

7. Yesuusis ergasii buddeena sana cabsee _____.
8. Maatiwoos 14:20 irraatii namoonni sun hundumtuu in nyaatani achii boda _____ akka ta'e nutty hima.
9. Erga hundumtuu qufee raawwatee boddee Yesuus bartota isaa maal akka godhaniif ajajee? (yoh 6:12)

   _____

10. Maaltu lafattii hafee? (yoh 6:13)

    _____

    _____

11. Maatiwoos fi marqoos yeroo senaa kana xumuran namoonni hammamii akka sooraman nutti himaniitu. Maatiwoos dubartoota fi ijoollee malee dhiroota 5000tu nyaate jedha. Namoonni sun mallatoo dinqii sana yeroo argan maal jedhanii?

    _____

    _____

12. Namoonni sun maal gochuudhaf yaadanii? (yoh 6:15)

    _____

13. Yesuus maal godhee?

    _____

BARANNOO SHAN ~ KUTAA 4

IBSA

Senaa ammaa keessatti namoota Yesuus dukaa bu'aa turan keessaa akka nama tokkootti of yaadaa. Maalif akka dukaa bu'aa turtani sirriti adda baafatanii hin bekne garu dhukubi sammu fi qaamaa hedduun harka isaa irratti utuu isaan fayyanii waan argitaniif inni fayyisaa dha jettanii in amantuu. Barsiisaa dubbiin isaa humnaa fi angoo dhan ta'e ta'uu isaas beektu. Yeroon isaa demeera, isiniis beloftanittu garuu isa irraa immoo adda ba'u hin barbaadani.

- _____
_____
_____-
- _____
_____
_____-

  Duka butoota Goftaa warra fedhii yesuus, kan ummataa ykn kanuma mataa keessanif dhimmitan kessaa akka nama tokkootti of yaadaa. Guyyichi guyyaa dadhabsisaa guyyaa itti Yesuus du'uu Yohaannis itti dhaga'era. Yeroon isaa sokkera namoonni sunis nyaata nyaachu qabu. Karaan ittin nama hamma kana sooranis yaadame hin argamnee. Rakkina dacha'ee dhufee kana furuudhaf humnaaf dandeetti akka hin qabne yeroo bartan naasu dhan dhiphachutti egaltuu.

  - _____
  _____
  _____-
  - _____
  _____
  _____-

MUUXANNOO

1. Yesuus fi bartootnni isaa namoonni hedduun gara isaanii utuu dhufani yeroo ilaalan, Yessuus waan biraa keessatti arge bartootnni. Yesuusis waan kan biraa isaan irratti argani. Yesuus namoota san argee in ho'eef sababiin isaas isaan hoolota tiksee hin qabne fakkaatu turani(marq 6:34). Bartootnnis qooda isaani yeroo gara namoota kanaa ilaalan nama kana hundumaa maal

nyaachifna jedhanii yaadda'utti ka'ani. Yesuus garuu keessa namoota kanaatti beela hafuraa argee brumsa isaatin waan baay'ee isaan sorutti ka'e. Bartootnni immoo beela isa foonni namoota irratti argani garuu akkamitti akka beela isaan baasan karaa walaalani yaadda'ani. Yaada keessan:

_____

_____

_____-

2. Bartootnni ummata sana geeggesuu yaadani turani garuu Yesuus kutata kutataan marga irra akka isaan teesisanif itti hime. Bartootnni namoota sana rakkisuuf turani, Yesuus garuu ebba dinqisisaa dhaf isaan ga'ee. Yaada keessan:

_____

_____

_____-

3. Yesuus waanuma harka namootaa keessa ture fudhee galatefatee bartootnni akka isaan hiranii namoota sana hundumaa waliin ga'anif itti kennee. Yaada keessan:

_____

_____

_____-

4. Arjummaa Yesuusin dhugaa in baana. Hundumtuu qufanii nyaataniru. Qufuu isaani irraan kan ka'ees gundoon 12 irraa hafeera. Akka inni hafe lafatti hin badneefis duuka butootnni isaa sasaabaniruu. Yaada keessan:

_____

_____

_____-

GAAFFIILEE RAAWWII

1. Jireenyakoo keessatti yeroo foon koo beela'u waan isa barbaachisu godhee beela baasuun salphaa dha. Garuu beela hafuraakoo isa hafurakoo beela baasutti agarsisuu dhaf hawwi fi fedhii qabaa? Akkamitti immo akkan hafurakoo beela baasu bekaa? Akkuma yeroo beela foonii beelofnnuu garaa keenya irratti mallattoo gara garaa arginu hafuurri keenya yeroo beloftuus lubbuun keenya nu keessatti in dhiphattii. Beela hafuraa yeroo nutty dhaga'amuu akka inni beela

hafuraa ta'ee salphaattii nuf hin galu kanaaf yeroo baay'ee waan biraa nutty fakkaate dhifnaa. Lubbuun kiyyaa dubbii waaqayyoo, buddeena jireenyaa yesuus dhufee beela akka isheee baasuf iyyuutti jirti yoo ta'ehoo?

_____

_____

_____-

2. Naanokotti Qurxumii lamaa fi buddena ija shan argeee " isheen kun namoota hamma kanaaf maali dha?" jedheen gaafacha jiraa?(yoh 6:9) moo waanuman of harkaa qabuu Yesuusiiti kenne akkani ebbisuuf ykn yeroo fi iddoo ofii isaa barbaadetti ittin yaada isaa galmaan akka ga'atufan isa egaa jiraa? Waa'ee kennaa kessani fi dandeetti keessanii, waa'ee enyummaa keesani fi amala keessanii, waa'ee beekumsa keesani fi gara laafina keessan isa isin namotaaf qabdan sana yeroo fudhahdaati itti yaadaa.

YAADANNOO

Yesuus namoota kuma shan erga nyaachisee boddee, namoonni sun ka'anii mooti isaani isa gochuuf ka'anii . (yoh 6:15) innis yaada isaani kana yeroo baruu isaan irraa adda ba'ee. Takka turaniis bartootnni Yesuus bidiruu dhan utuu ce'aa jiranii Yesuus bishaan irra demaa itti dhufee. (yoh 6:16-21) Bulee isaas namoonni sun akka Yesuus fi bartootnni isaa jalaa miliqani yeroo argani isaanis bidiruu yaabatani isaan dukaa bu'ani. (yoh 6:22-24) Namoonni sun yemmuu Yesuusin argatani yesuus sababii budden isa irraa nyaatanif akkas isa barbaadan malee enyuummaan isaa galefi akka hin taane itti dubbate. Egaa yoh 6 gubbaatti Yesuus buddeena jireenyaa akka ta'ee dubbatee namoonni bu'aa hafuraaf malee buddeena isa tortoree baduuf jedhanii dukaa bu'uu akka hin qabne itti dubbatee. Budeena jireenyaa hafuraa isa kan bara baraa kan namaa kennu Yesuus dha. (yoh 6:27)

Ammas yaadannoo keessan irratti Yohannis 6:27,35 barreessaa….. "nyaata baduuf hin dhama'inaa! Nyaata jireenya barabaraatif argamuuf dhama'aa malee….. Ana buddeenni jireenyaa garakoo kan dhufu hin beela'u kan anatti amanus matumaa hin dheebotu."

Hojii hojjattaniif utuu gatii "Jireenya barabaraa tu" isinii kaffalama ta'ee akka nama gatii guddaan isinii kaffalamaa jirutti of yaaddumoo akka nama mindaa xinnoo argachaa jiruutti of yaadduu?

-

_____

_____-

“Buddeena isa jireenya bara baraa namaa keennu” cimtanii argachuuf jijirama akkamii umtuu?

_____

_____

_____-

KADHANNAA

Goftaa akkuma dargageessa isa qurxummii lamaa fi budden ija shan amantidhaan namoota kuma shan in nyaachisa jedhee harka Yesuusiiti kenne sanaa na godhi. Inni waan qabu kenne ati immoo harkaa futee, ebbiftee, baay’istee bartootnni kee akka raabsaniif itti keennite. Namoonnis hamma gundoon kudha lama irraa hafutti nyaatani qufani.kenna fi ebbaakodhan warra kaanif arjoomu akkan danda’u na taasisi. Wantan qabuu in ebbiftaa irraa haafas in goota jedheee amanee akkan siitti kennu danda’uuf amantii naa keenni. Ijikoo waan xiqqoo utuu hin ta’iin waan danda’amu ilaalu akka danda’u na godhi.

_____

_____

_____

BARANNOO JA'A ~ KUTAA 1

SEENSA

Qo'annoo *Fayyisaa keenya, Ilma Waaqayyoo* jedhu kana keessatti Yesuus karaa dinqisisaa qabeenyaa fi fayyaadhan nama ebbisuu akka danda'u argineerra. Warra abbaa cidhaaf daadhi wayinii kennee salphina isaan olcheera. Namoota kuma shan ol ta'aniif immoo nyaata kennee beela baaseran. Akkasumas namicha lamxii dhan dha'ame ture sana fayyisee salphinaa fi jibba irraa cabseera, jireenya qofummaa inni jiraachaa ture hundumaa dabarsee haawaasatti isa dabaleera. Seenaa kanatti anee jiru keessatti immoo Yesuus umama hundumaa irratti angoo akka inni qabuu arginaa.

HOJII MANAA

Maatiwoos 8:23-27, Maarqos 4:35-41 fi Luqaas 8:22-25 dubbisaa.

- Haalli yeroos ture maali dha?
- Bartootnni maal jedhanii murteesanii turani?
- Yesuus immoo maal godhee?
- Yesuus duka butoota isaa maal gaafate?

SHAAKALA:

1. Yesuus bartoota isaa wajiniin maal akka godhaniif yaada dhi'essee?(luq 8:22)

   _____

   _____

   _____-

2. Bidiruu isaani yaabatanii utuu ce'aa jiranii Yesuus maal godhee? (lakk 23)

   _____

   ____-

3. Utuu yesuus rafaa jiru galaanicha wallakaatti bubbeen cimaa itti dhufee. Yeroo sana maal akka ta'e ibsaa.(lakk 23)

   _____

   _____

   _____-

4. Yesuus yeroo sana maal gochaa turee?

_____
_____-

5. Bartootnni Yesuusin dammaqsanii maal ittin jedhanii?(lakk 24)

_____
_____
_____-

6. Sodaan isaani maal turee?

_____
_

7. Yesuus maal godhee?(lakk 24)

_____
_____

8. Bubbicha _____ hundumtuus

_____

9. Yesuus gaaffi akkamii isaan gaafatee?

_____
_____
_____-

Maatiwoos 8:26 ilaalaa

_____

10. Walii walii isaanitin maal wal gagaafatanii?(lakk 25)

_____
__

Maatiwoos 8:27 ilaalaa _____

Akkasumas Marq 4:40 _____

11. Waa'ee isaa bartoonni maal jedhani? (lakk 25)

_____
_____
_____-

IBSA

Akka waan donicha keessa ofii keessanin jirtanitti of yaadaa. Yeroo qillensichi asif achii isaan raasu yemmuu ilaallu senichii senaa rakkinaa, senaa badisaa, soda, dhipphinaa fi liqimfamuu fakkaata. Bidiruun keessan baay'ee raafamaa jira garuu to'achuu dhaf humna keessani oli dha. Bishaan isa gara bidiruu keessanitti ol nammaa jirus bidiruttiin hin dandeenye. Naasuu guddaa keessa galtanittu.

- Yesuus bidiruu sana keessa akka cisaa jiruu gaafa bartan dursa maal gotuu?

  _____

  _____-

- Akka badaa jirtan isinii galee nu olchii jettanii gara isaatti iyyitani. Inni immoo maal waan deebisu isinitti fakkaataa?

  _____-

  Yeroo soda keessa gaaffii Yesuus nama gaafatuf deebii kennuun ulfaataa dha. Waan humna keessanii ol ta'etuu isinitti dhufee raafamtani garuu Yesuus immoo 'Maalif sodaattan?' jedhee yeroo isin gafatu waan rakkachuun keessan isa hin dhibnee fakkaata. Amantiin keessan xinnoo akka ta'ee ykn immoo amantii akka hin qabne yoo isinitti himame karaa hin taaneen hubachuu dandeessu. Yaada keessan:

  _____

  _____

  _____-

- Mee takka keessa haa debinu: Yesuus bidiruu keessa rafaa jira. Bartootnni isaa immoo akka tasaa bubbee cimaa itti dhufeen hunkuramaa jiru. Yesuus raafamuu bidirichaa fi waca bartoota isaa dhaga'ee hin kaane. Irriiba isaa ittuma fufee. Qilleensichi gaafa itti cimu in liqimfamna jedhanii sodaachu dhan dhaqanii Yesuusin irriba keessaa isa dammaqasani. Baduu isaani dursee akka isaan olchuuf jecha yeroo itti iyyan inni garuu ka'ee " Amntiin keessan meerree.?" Jedhee isaan gaafate. Innis qillensaa fi bubbicha gab godhee. Akkuma kana dura homti tokko hin taanetti wanti hundumtuu gab jedhee. Bartootnnis dinqisifachuu dhan walii walii isaanitin, "enyuu kun?", "nama akkamitii?" "qilleensiif bishaan illee kan abbomamaniif?" jedhanii. Yaada keessan:

_____

_____

_____-

BARANNOO JA'A ~ KUTAA 2

IBSA DHUNFAA

1. Waa'e bidirichaa yeroodhaf haa yaadnu. Bidiruun keessan ittin liqimfamaa jirtan maali dha? Mana keessani fi maati keessani dha? Hojii keessan fi waan hojii keessan wajiin wal argani dha? Sagantaa keessani? Jireenya kaadhimummaa keessani? Bidiruun keessan bubbee jireenyaatiin dhaan hunkuramaa jiru isa kam laataa?

   _____

   _____

   _____

2. Hundumti keenya rakkina bidiruu keenya keessa enyuu akka jiru irraanfachuu qabnaa. Yesuus mana keenyaa fi hojii keenya keessa akka jiru, akka inni sagantaa keenya beeku fi wantoota kaadhimummaa keenya midhaa jiran akka inni beeku in dagannaa. Yeroo baay'ee, "gooftaa nu olchii! Liqamfamaa jirraa" jennee garaa keenya irraa in iyyinaa. Yeroo jireenyi to'annaa keenyaa ala waan ta'ee nuttii fakkaatu abdi hamilee dhabuu fi soda keessa gallaa. Yesuus kadhannaa isaani deebiseera. Qilleensaa fi bubbiicha ifatee tasgabbii gara galaanichaatti fidee. Jireenya keessaatti Yeroon raafamee waanan liqimfamu natty fakkaatu akkaman taa'aa?

   _____

   _____

   _____

3. Yesuus duuka butoota isaa gara yeroo rakkinni ka'uu soda dhan deebisanitti utuu hin ta'iin gara deebii biraa deebisutti isaan waamaa jiraa. Karaan ittin akkaataa biraan deebisan inni tokkichi Yesuus enyuu akka ta'ee baru dha. Isaanis gaaffi "kun enyudhaa" , "nama akkamitii kuni?"jedhanii gaafatani. Utuun Yesuus isa qilleensaa fi bubbee umee to'atu, isa tasgabbii gutuu kennuu, yeroon jireenyatti hamileen gadi na bu'u ykn wanti sodaachisaa na mudatuu isan bira deemu utuun qabuu jireenyikoo namootaaf dhugaa ba'umsa akkamii kennaa?

   _____

   _____

_____

_____

4. Faarfannaan 55:22 irraatti Gooftaan tokkoo tokkoo kenyaaf akka dhimmu nuu mirkaneessa.
   "_____"
   nu yaadachisaa.

DUBBISA DABALATAA:

Faarfanna 107:23-32 dubbisaa. Yeroodhaf akka Qotee bulaa donii keessa galaana guddaa irra jiruu nutty dhaga'amuu danda'a.

1. **L**akkofsi kuun senaa yesuus fi bartoota isaa galaana jeeqamaa irraa wajinnin wal fakkaata. Akka waan isin bidiruu bubbee cimaa dhan ol kaafame gadi darbatamaa jiruu keessa jirtanitti of yaadun yeroo baay'ee waan isin fudhatu natti hin fakkaatu. Ofii keessan akka nama machaa'ee asi fi achii utuu raafamtani yaadani beektuu?

2. Lakkofsa 28 irratti namooni sun gara isaatti iyyaani innis isaan olchee! Lakkofsa 29 irratti maaltu nutti himamee?

_____

Lakkofsa 30 irraatti akkam ta'aani?

_____

3. Jechoonni hasaasuu, usuu fi tasgabbii jedhan maal isinnitti agarsisuu? Fakkii akkamitu gara sammu keessani dhufa yeroo jechoota kana dhageesani?

_____

_____

_____

4. Qotee bulaan sun gooftaa isa yeroo rakkinaa itti iyyate rakkina keessa isa baase sana beeka. Inni bubbicha gab godhee, isaan immoo maal godhanii?

a. Egaa ---------- wanta dinqisisaa inni ilmaan namotaaf godheef_____ (lakK 31)

b. _____keessattii _____yaa'ii _____(lakk 32)

5. Daldaaltootni lakkofsa kana keessaa maal gochuu akka qabnu nu yaadachisuu?

a. Waaqayyoof galata galchuu akka qabnuu
b. Waan inni godhee warra kaanitti himuu dhaan guddifnee isa jajachuu

- Jechoonnii ani ittiin Goftaa isa bubbee bidirukoo raasaa ture narraa ifatee ittiin galatefachuun naaf malu maalfaa dha.

  _____
  _____
  _____

- Carraan ani ittin maqaa isaa waarra kaanitti himuu dhaan ol kaasee isa jajadhuu maalfaa dha?

  _____
  _____
  _____

- Warra kaanin akka isaan isa jajataniif akkasumas waan inni hojatee dubataniif akkamittan isaan jajabeessaa?

  _____
  _____
  _____

  O Goftaa, garakeettan iyyee atis na dhageessee. Yeroo rakkinakootii fi dhiphinakootti na dhageessee wantoota naanokoo na ballesuuf naana'u hundumaa ana irraa aritee. Yeroo bidiruunkoo waan hamaa dhan marfamtee jequmsi fii dadhabbiin na marsee sanatti sittan iyyee atis na olchitee. Kanaaf anis galatakoo fi jajannaakoo siin dhi'eessaa. Wanta atii anaaf hojjattee warra kaanitti himuu akkan hin dhifneef na gargaari. Jajannaakee faarfachuu hin dhisuu. Carraan ittin hojiikee dubbaddu akkan arguuf akkasumas warra kaanin akkasuma akka godhaniif akkan jajabeessuf ijakoo naa banii. Jaalalakee isa yoom iyyuu hin kufne isa barabaraan jiraatu sanaaf galatomii.

  _____
  _____
  _____
  _____

BARANNOO JA'AA ~KUTAA 3

SEENSA:

Dinni inni dhumaa baduu qabuu du'a dha (1qoro. 15:26) "Galanni Waaqayyoof haa ta'u! karaa Goftaa keenya Yesuus Kiristoos Mo'icha nuuf kenne(1Qoro. 15:57)." Jechoonni kun Ergamaa phaawulosiin kan barraa'an yeroo ta'an abdii jireenya bara baraa karaa Yesuus nuuf kennuu. Senaa itti anuu kana keessatti yeroo Yesuus namicha Alazaar jedhamu du'aa jireenyatti isa waamee du'a irratti mo'icha kennuf ilaalla.

HOJII MANAA: Yohannis 11:1-44 dubbisaa.

- Taatoonni hirmaatan waarri ijoo enyuufa dha?
- Maartaa dhan ani enyudha ittin jedhee Yesuus?
- Yesuus maartaadhaf waadaa akkami galeef?
- Yesuus maartaan maal akka ilaaltu barbaadde turtee?

SHAAKALA:

1. Rakkinnichi maali dha? (lakk. 1)

   _____

2. Furmaatni isaa maali dha?(lakk. 3)

   _____

3. Lakkofsa 4 irratti waa'ee dhukauba Alazaar Yesuus maal jedhee?

   _____

4. Walitti dhufeenyi Yesuus Alazaari fi obbolota isaa wajinin qabu maal turee?

   _____

   _____

5. Yeroo oduu du'a Alaazar dhaga'ee Yesuus maal godhee?

_____

6. Yesuus gara yihudaatti deebi'uuf in ka'ee. Dura essa turee? (yoh. 10:40)

_____

7. Lakk 11 irratti bartota isaatti maal himee?

_____

8. Lakk. 12 fi 13 keessatti wal hubannaa dhabuun turee maali dha?

_____

_____

9. Yesuus Alaazar akka du'ee turee itti hime. Maalif bira dhaquun isa barbaachisee? (lakk 15)

_____

Yesuus " isiin amanuu akka dandeessanif" yeroo jedhuu maal jechuu isaati? (lakk. 15)

_____

_____

BARSIISA:

Yaada isaa isa sirrii keessattio senaa kana egudhaaf wanta boqonnota lamaan wangeela yohaannis keessatti ifa godhaman beekuu qabnaa. Yohaannis 11:7 irratti Yesuus yeroo itti gara yihudaatti deebi'an ta'u isaa ibseera. Yoo yihudaa bara yesuus lafa kana irra jiraacha turee Kaartaa irratti ilaaltani kan isheen argamtu gara kibbaatti. Kutaan yihudaa, samaariyaa fi Galilaa kaaba keessa dabalatee lafa Filisxemootaa keessatti argamu.

Yeroo Yesuus Mucaa Waaqayyo ta'uu isaa itti dubbateetti yihudoonni warri isa dukaa bu'aa turan dhagaa dhan isa rukuchudhaaf dhagaa itti fudhatani jedha. (yoh. 8:59) Guyyaa biraa immoo

yerusaalem keessatti waaqayyoon arrabsee jedhani dhagaan isa rukuchuuf ka'ani garuu inni jalaa miliqee. (yoh. 10:33, 39)

Yohaannis 10:40 keessatti Yesuus yordaanos irraan ba'ee iddoo itti Yohannis Cuphaan itti cuphaa tureetti debi'e jedhaa. Yerusaalemin yihudaa keessa akkasumas galaana yordaanos isa galaana Galilaa isa kaaba galaana du'aa isa kibbaa irraan irraan yaa'u barbaadaa. Amma yesuus galaanicha irraan gara baahaa iddoo itti namoonni baay'een gara isaa dhufan jiraa.(yoh 10:40-41) Magaalan isa daangessitu tokko Bitaaniyaa biyya maariyaam, maartaa fi Alaazar dha. Bitaaniyaan yerusaalem irraa gara miyila lamaa qofaa fagaatti.

Waa'een dhagaa dhan rukatamuu fi karaan yesuus irra deemaa turee baruun keenya yoh. 11;7-8 irraatti hubannaa nuf kennaa. Bartootni Barsisaa isaanif baay'ee of egatuu. Kanaaf murtoo yesuus gara yihudaatti deebi'u irraatti gaaffi kaasani. Yeroo inni xinnumaafdhagaa dhan rukutamuuf jedhee sana bira turani. Kara biraan garuu Yesuus dhaquu in barbaada ture sababinsaas Bitaaniyaa biyyii hiriyoonni isa barbaadan keessa jirani dha. Yohannis 11:16 irraatti bartoota warra kaan du'a illee yoo ta'ee akka isaan dukaa bu'aniif kan kakaasee Tomaas akka ta'ee in dubbifna.

GAAFFII IBSAA:

1. YOHANNIS 11;7-8 irraa waa'ee tajaajila Yesuus maal barannaa?

   _____

   _____

2. Ani yoon duuka butuu Yesuus Kiristoos ta'ee, kutaan kun waa'ee gara namoota bira hin dhaqamnee ykn bira dhaquuf ulfaataa ta'ee maal na barsiisaa?

   _____

   _____

3. Ilmmi Waaqayyoo akka ulfaatuf ofikoo du'aaf dabarsee kennudhaaf qopha'aa dha? (yoh. 11:4) yaada keessan:

   _____

   _____

   _____

BARANNOO JA'A ~ KUTAA 4

SHAAKALA (YOH 11:17 itti fufaa)

1. Yeroo yesuus bitaaniyaa ga'uu maaltu ta'ee isa egee?(lakk 17)

   _____

   _____

2. Yesuus fi bartootni isaa yordaanos irra ba'ani dhufanii. Yerusaalem immoo dhi'oo waan tureef namoonni baay'een Maariyaamif Maartaa jajabeesuf dhaqaniruu.(lakk 19)

   _____

   _____

3. Maartaan yeroo dhufaati Yesuus dhageessee maal gotee? (lakk 20)

   _____

   _____maariyaam immoo maal gotee?_____

4. Maartaan yesuusin argitee maal jettee?(21)

   _____

   _____

5. Jalqaba laphee maartaatu dubbaatee(21) itti anee amantii isheetu dubbaatee(22). Amantidhaan maal jettee?

   _____

6. Yesuus maal ittin jedhee?(lakk 23)

   _____

7. Maartaan akka dhugaa ta'ee maal beektii?(lakk 24)

   _____

   _____maartaan amanti dhaan maal amantee?_____

8. Lakkofsa 25 keessatti yesuus dubbii hundee ta'ee maal dubbatee? Waa'ee mataa isaati maal jedhee?

   _____

   _____

Waa'ee waarra isatti amananii maal jedhee?

_____

_____

9. Achii Yesuus gaaffii hundee ta'ee Maartaa gaafate. Maal ishee gaafatee?

_____

_____

10. Maartaan dhugaa dha jettee wanti isheen amantee ture maalidhaa? (lakk 27)

_____

_____

_____

IBSA:

Amma maaltu ta'ee? Guyyoota muraasa dura Alaazar akka dhukubsatee jiru Yesuus dhaga'ee. Qooda ariitiidhan gara Bitaaniyaa dhaquu irraa Yesuus guyyaa gara lamaaf naanno yordaanos turuu filatee. Yeroo akka Alaazar du'ee baree immoo bartoota isaatiin Allazar rafeera isa dammaqsuufis gara Bitaaniyaa dhaqa ittin jedhee. Bartootni nAlaazar akka yeroo dhaf Boqochaa jiruu yeroo muraasa boddees akka fayyu yaadu turani garuu yesuu jecha ciimaa " Alaazaar du'eera" jedhuun itti hime.

Yeroo Bitaaniyaa ga'aan Alaazar guyyaa Afuriif awwaalcha keessa akka ture barani. Ollaafi hiriyoonni isaani warri yihudoonni isaan jajabessuuf mana gutanii jiru garuu maartaan yeroo yesuus akka dhufe dhageesse isa simachuu dhaf itti adeemtee.

- Nama hiriyaa gaariidha jettaani yaadani garuu erga obboleessi du'ee guyyaa Afuur turee nama dhufuun maal jettuu?
- Namni kun immoo akka inni du'aa kaasuu danda'uu utuu beektani immoo maal jettuu? (luqaas 7:11-17)
- Namnni kuun ammas nama mucaa ajajaa dhibbaa tokko jalaa dhu'uuf jedhuu yeroo inni akka dukaa galee fayyisufif isa gaafate (yoh 4:43-54) dhaqii mucaankee fayyeera jedhee fayyisee ta'uu issaa bartanihoo?
- Maartaan gadda ishee lapheetti qabattee turtee. Mirri ishee hundinuu laphee ishee keessatti ukaamamee dhukuba itti ta'eera. Hundumti keenya haala kana argineerra. Jireenya keenya

keessaa namni nuti jaallannu nu jalaa fudhatamee. “ utuu waaqayyo ati jiraatetta ta’ee”…..utuu…..utuuu jennee yaadnerra. Lapheen iddoo nuti iitti dadhabii keenya fi rakkoo akka du’aa jalaa akka hin miliqnee itti baru dha.

- Lapheen maartaa gaddaan gutamee turee. Yesuus garuu gara dhugaa ol kaa’aa tokkootti ol ishee dhibuu barbaade. Gara dhugaa isheen amantii dhan beektu turteetti. Obboleessi ishee akka du’aa ka’uu danda’u ishee yaadachisee. Amantinshee kana beeka turee.
  - Du’aa ka’uu fi jireenyi isa akka ta’ee akka isheen bartu barbaade.
  - Namni isatti amanee hundumtuu bara baraan akka jiraatu qama isaa kanaan immoo akka du’aa kaafamu akka amantu barbaade.
  - Namni isatti amanee isatti jiraatuu barabaraan akka jiraatu(jireenya barabaraa) akka bartuu barbaadee.
- Amantii keessa taatee maartaan “ akka atii Kiristoos ilma Waaqayyo isa gara biyya lafaa dhufe taatee nan amana” jette. Yeroo gaddaa fi du’aa keessatti illee nuunis “ Akka ati Kiristoos Ilma Waaqayyoo isa gara biyya lafaa dhufee akka taatee nan amanaa” jechuu in dandeenya.

RAAWWII:

1. Yoomidha yeroo wanti isiin egdani isiin arsee? Namnii isin midhee ykn dhisee bekaa? Waaqayyoo yeroo baay’ee ulfaataa keessatti waan cal jedhee, waan hafees isinnitti fakkaatee lapheen keessan isiin keessatti iyyee bekaa?

   _____

   _____

2. Yoo yesuus “ Ana du’aa ka’uu fi Jireenyi. Namni anatti amanuu yoo du’ee illee in jiraataa kan utuu jiruu anatti amanu immoo bara baraan hin du’uu” isinin jedhee deebin keessan maal ta’aa? “ kana in amantuu?

   _____

   _____

3. Hima kana xumuraa: Nan amana yesuus akka ati……

   _____

   _____

BARANNOO JA'A ~KUTAA 5

SHAAKALA (YOHANNIS 11; 28 IRRAA KAN FUFEE)

1. Maartaan gara mana isheetti deebitee Maariyaamin _____ sii gaafachaa jira jetteni. Deebiin Maariyaam maal turee? (lakk 29)

   _____

   _____

2. Yihudoonni Mariyaam wajiniin turan essa dhaqaa jirtii jedhanii yaadani? (lakk 31)

   _____

   _____

3. Yeroo Yesuusin argitee Maariyaam maal ittin jettee? (lakk 32)

   _____

   _____

4. Yesuus Mariyaamin boo'u ishee argee

   _____ jedhe

   (lakk 33)

   Maal gaafatee? (lakk 34)

5. Lakk 35 yesuus akka_____ nutty himaa. Gaddi fi imimaan yesuus yihudotaaf ergaa maali qabaa? (lakk 36)
6. Warrii kaan maal jedhanii?(lakk 37)

   _____

   _____

IBSA

- Yesuus Bitaaniyaa ga'eera. Martaan manatti ol deebitee Maariyaam ishee baay'ee gadditee turtee yeroo waamtu maariyaamis aritidhaan figdee manaa baanaan yihudoonni waari jajabeessuf ta'aa turan gara awwaalcha obboleessa ishee deemtee bo'uufi jedhanii yaadan.(lakk 31) isheen garuu kallatti dhaan gara Yesuus deemtee. Jechii Maariyaam dubbatee Jecha maartaan daqiiqaa muraasa dura dubbaatte wajinin tokko turee. Ammas jechii laphee keessatti ukkaamamee turee gadi ba'ee, " utuu atii as jiraatetta ta'ee."
- Lapheen keenya gaddaan in gutamaa. Dhala namaa hundumaa irraa kan ga'uu dha. Yesuus irraas hin dabarree. Akka namaatti bo'eera (LAKK 35) akkasumas yeroo lafa awwalchaa ga'uu baay'ee gaddee(lakk 36). Awwalchichi holqa guddaa afaan isaa dhagaa guddaa tokkon cufamee turee. Dhuma lakkofsa 38 irraatti jecha galma jedhuu Maatiwos 27:60, marqoos 16:3, luqaas 24:2 fi yohaannis 20:1 wajiniin wal bira qabdanii ilaalu dandeessu. Luqqisiin kun hundumtuu waa'ee dhagaa isa galma awwaalichaa irraa ka'aame isa yesuus qaamni isaa fannoo irraa gadi bufamee keessa kaa'amee haasa'a. Gaddi yesuus hiriyaasa Alaazarif caalaa turee? Yesuus akkamitti ilaalamaa? Abdii kutannaan reeffaa, awaalchaa fi dhagaan sun maal bakka bu'aa?

- Tarii abboomii Edan iddoo dhaaba wayinii keessatti kenname ilaalu dandeessu.(umama 2:17). Iddoo sanatti Waaqayyo maal jedhee?

  _____

  _____

  _____-

- Romee 5:12 _____ gara _____ fidee Jedhee nu yaadachisaa. Hundumtuu sababa yakkeef cubbuun gara nama hundumaa dhufeera. Romee 5:15 immoo, _____ _____. Jedhee nu yaadachisaa. Yesuus imimaanin bo'uun isaa anaf isinif dha jechuu dha. Waaqayyoo karoora du'aa nuuf hin qabu. Garuu cubbuutu abdii kutannaa fi du'a gara keenyatti fidee. Yaada keessan:

  _____

  _____

SHAAKALA (YOH 11:39 irraa kan itti fufee)

1. Yesuus tarkaanfi fudhachuu dhaf ka'eera . lakk 39 irratti abbomiin Yesuus abbomee maal turee?

   _____

   _____

2. Maartaan dubbi ishee gidduutti jecha "garuu" jedhu itti dabaltee. Yaaddoon ishee maal turee?

   _____

   _____

   Hubachiisa:- Alaazaar awwaalcha keessa guyyaa afurif akka ture Yesuusiitti himamee turee. Warrii Yihuudi guyyaa guyyaa sadii boddee hafuurri nama du'ee keessaa yaa'ee dhuma jedhanii amanu. Alaazaar du'eera jedhanii hamma abdii kutatanitti, reeffi isaas hamma tortorutti yesuus beekaa achiin ba'uu dhisee.

3. Yesuus maartaa dhan maal yaadachisee? (lakk 40)

   _____

   _____

4. Dhagicha isa awwalcha irra jiru akka irraa fudhaniif itti dubatee. Isaanis dhagicha irraa fudhani. Yesuusis abbaa isaa dhan waan yeroo hundumaa isa dhaga'uf galateefatee kadhatee. Maalif akkas jedhee? (lakk 42)

   _____

   _____

5. Erga kadhatee boddee Yesuus Aaazaarin waamuu jalqabee. "
   _____!"

6. Namichi du'aan sunis abbomamee gadi ba'ee! Yeroo gadi ba'uu maal akka inni fakkaatu ibsaa. (lakk 44)

   _____

   _____-

7. Abboomiin Yesuus dabarsee maal turee? (lakk 44)

   _____

   _____-

IBSA

Waggoota hedduu dura filmiin mata dureen isaa "dead man walking" (namichi du'aan demaa jira) jedhu hojjatamee turee. Mata dureen filmii kanaa senaa kana hamma ta'e in ibsaa. Lakkofsi kun Alaazar gadi ba'ee utuu hin ta'iin namnni du'aan sun as ba'ee jedhaa. Fulli isaa illee utuu hin hafiin qaamnni isaa gutummaan kafanamee ture. Qaamnni isaa kafanaan xaxamee ture.

Nama kafana qaama du'ee sana irraa hikuu ta'uun akkam nama godha laataa? Kafana irraa hikee maalan argaa jennee akka of gaafannuu nu goodha. Yookan immoo akka Mariyaam fi Maartaa gammachuu dhan obboleessi isaani deebi'ee akka jiraatuf dadafnee kafanicha irraa hiknaa? Tarii immoo waan ta'aa jiru hundumaa namoota taajjaban taanaa laata? Namichii reeffa tortoruu jalqabee waamee itti haasa'uu danda'u kun enyuu jettanii gaafatanii beektuu? Senaa kana keessatti utuu hirmaatanittu ta'ee iddoo kamitti argamtuu? Yaadaa fi gochaan keessan maal ta'a turee?

_____

_____-

RAAWWII

1. Kadhannaan Yesuus namoonni iddoo awwaalcha Alaazaar dhaabbatan hundumtuu dinqii hojjetamu arganii Abbaan akka isa erge haa amananiif turee. Maal yadduu? Yesuus Alaazariin du'aa kaasuun isaa akka inni isa jireenya lubbuu namaaf kennu ta'e akka amantan isin godheraa? Waaqayyoo Abbaatu Yesuus isa ani du'aa ka'uu fi jireenya ofiin jedhe ergee. Ammas gaaffi, dhugaa kanatti in amantaa? Jedhu nu gaafachaa jira. Yaada keessan:

_____

_____-

2. Baay'een keenya kafana uffannee jiraachaa jirraa. Yesuus kafanichi irraa hikamee Alaazar birmaduu akka ba'uu barbaade. Birmadumaatti akka jiraacha hin jirree kafanni isin yaadachisu isinitti xaxamee jiraa? Yaadannoo Waan kana dura gootan ykn isin irratti raawatamees ta'uu danda'aa. Tarii immoo jireenya keessan ykn dadhabii qabdan waliin wal qabsisee akka isin ija jabaatanii bilisumaan hin jiraannef kan jecha isin irratti darbatuus jira ta'a. kafanni isin jireenya keessan irraa akka hikamu barbaadan maali dha?

_____

_____-

3. Enyuufatu gargaaree isin hikaa? Harki fi millii Alaazar kafanaa fi mofaa dhan xaxamaa ture. Deebi'ee jiraachu dhaaf nama isa gargaaru ykn irraa hiku barbaada ture. Akka isin deebitanii jireenyatti jirrattanif enyufaatu isin gargaaraa?

   _____

   _____-

4. Namoonni naannoo kessan jiraatan hedduun kafanaan xaxamanii jireenya du'ee jiraacha akka jiran beektu. Namnni isin akka Yesuus maqaa isaani waamee awwaalcha keessa jiran keessaa isaan baase gadi dhisuun barbaadan jiraa?

   _____

   _____-

5. Waaqayyoo jireenya namoota kafanamanii jiranii hikee daangaa malee jiraachisu dhaf karaa kamiin waan sitti fayyadamu sitti fakkaata.

   _____

   _____-

YAADANNOO

Yohannis 11:25 fi 26 lakkofsota isin dursitanii beektani dha garuu yoo hin beektan ta'eef ammuma yaadannoo keessan irratti barresaa. Yohaannis maalif Wangeela barresse jettanii Yaaddu? Yoh 20:31 wangeela kanaratti wantoota waa'ee yesuus barrefaman dubbiftanii Yesuus, Kiristoos Ilma Waaqayyoo akka ta'ee akka amantaniif akkasumas isatti amantanii jireenya akka qabaatanif. Yoh 11 irraatti immoo inni du'aa ka'uu fi jireenya akka ta'e nutty himeera. Nuti jireenya barabaraa akka qabaanuf inni lubbu isaa dabarsee kenne. Dubbiin kun nuuf qofaa miti. Biyya lafaa kakuu fi abdii barbaaddu keessa jiraachaa jirraa. Akkuma dubbii jireenyaa kana bartaniin deebisaa warra kaanif hiraa. Yeroo isaan namoota jaallatan du'aan of biraa dhaban kutaa kana hiraafi. Yeroo hiriyaan keessan hojii dhabuu, abjuun isaa jalaa baduu ykn kaadhimumaan isaa jalaa cabuu kutaa kana hiraafi.

KADHANNAA:

Goftaa Yesuus, yoo dhuguma ati akkuma ofiin jettedha ta'ee animmoo amanttii akka naaf kennitufan si kadhadhaa. Ani dheebunkoo jireenya dha. Kenna fi ayyaana sibiraa naa dhufuf

galata sii galchaa jiraachun barbaada. Awwalchakoo bukkee dhaabattee haalaan dangefamukoof yeroo naa boossu sin argaa. Sagalee guddaa dhan gara jireenyatti yeroo na waamtu sin dhaga'aa. Yesuus hidhaa anatti xaxamee jiruu hunda akka narraa hiktuuf siin barbaada akkasumas waldaakee. Ani ofikoo of hikuu hin danda'u. kadhannaa koo waan hikteef galatoomi.

_____

_____-

XUMUURA

Ergamtichi Yohannis "Yesuus utuu lafa kana irra jiruu mallattoo dinqii baay'ee bartoota isaa duratti hojjatee……garuu Yesuus kiristoos ilma Waaqayyoo ta'u isaa amantanii maqaasaatiin jireenya akka qabaataniif kun barrefame" jedhaa. Qo'annaa macaafa qulqullu kana keessatti Yesuus, isa Fayyisaa, masihii isa abdachifame, kiristosii waliin wal barreraa. Maqaan isaa inni enyuu akka ta'e, maalif akka namaatti jiraachuf, akka barsisaatti, akka fayyisaatti, fi hundumaa caalaa akka fayyisaa fi olchaa keenyatti dhiphatee akka du'ee nutti himaa. Maqaan isaa inni Amaanu'el jedhu akka inni Waaqa keenya isa nu gidduu bufatee nu wajjin jiraatu ta'e nutti himaa. Namoonni akka ogeesota sanaa, simoon fi hannaan enyummaa isaa fi maalif akka dhufe hubatanii turani. Ilma abbaa isaaf abbomamee, Isra'eelin kan olchuu fi saba isaa cunqursaa cubbuu jalaa kan baasu ta'uu isaa dhugaan ba'ameraaf.

Yeroo nama ga'eessa ta'e Yesuus duuka butoota isaa godhachuuf, dubbii Waaqayyoo barsisuuf akkasumas namoota kan qaban isaan gochudhaf namoota kudha lama walitti qabuudhaan tajaajila isaa jalqabe. Yeroo inni mana qulqullumaa keessatti fi iddoo garaa garaatti barsisaa ture, yeroo inni dhukubsatoota fayyisaa ture hundumaa wajiniin turani. Yeroo inni bishaan gara daadhitti jijiree arjummaa isaa, yeroo inni namicha lamxa'a sana qulleesse akkasumas nama kuma shan nyaachise namaa ho'uu isaa, yeroo bubbee jabaa sana cal jechisisee humna isaa, yeroo inni Alaazariin du'aa kaasee angoo isaa barreerra. Mallatoon dinqiin inni hojatee kana qofaa miti garu Kanneen kun Yesuus _____ _____amantanii _____ _____ akka qabaatanif.

Nuunis gaaffii bartoota isaa gaafatee akkas jedhee nu gaafataa: “Anaan enyuu naan jettuu?” gaaffi kana har’a isiin gaafachaa jira. Deebin keessan maal dha?

_____

_____

_____-

Dhugaatti, inni Fayyisaa keenya fi Ilma waaqayyoo dha.

IRRA DEEBII

Baga Gammadan! Qo’annaa Fayyisaa keenya, Ilma Waaqayyoo jedhu kana xumurtanittu. Maqaa Yesuus garaa garaa hika isaani wajinin bartanittu, dinqii inni hojjete, beekamtii inni saba sana gidduutti argatee, fi moormii warra yihudii biraa isa irra ga’aa ture hundumaa bartanittu. Laphee ho’aa inni qabuu fi fedhii inni Jaalala Abbaa isaatii raawwachuuf qabu hundumaa argineerra. A mma yeroo takkaa irra deebinu dha. Gaafoolen kanatti ananii jiran qormaata miti garuu qo’annaa hamma kana boddee hubanaa irra geessan baruuf kan qophaa’e dha. Yeroo qo’achaa turtanitti haaqa senicha keessa jiruu fi dhugaa waa’e Waaqayyo fi waa’e namaa bartanittu. Haqaa fi dhugaa kanas jaarraa 21ffaa keessatti jireenya keessan irratti akkamitti akka raawwatanis bartanittu.

1. Maqolee Yesuus yaada dha. Maqaa isa kamtu irra caalaa hika isinif qabaa? Maaliif?

   _____

   _____-

2. Jireenya nama waamicha tajaajilaa simateef ilaalcha akkamii qabaattee? Maatiwoos 10:38 irratti addumaan Yesuus waa’ee tajaajilaa maal dubbatee?

_____

_____

_____-

3. Dinqin warrii qo'annee maalfaa turanii?

a. _____

b. _____

c. _____

d. _____

e. _____

4. Waa'ee Yesuus keessaa wanta qo'annaa kana keessatti bartan akkasumas waan jireenya keessanii wajiniin wal qabsiiftan barressaa.

a. _____

b. _____

c. _____

d. _____

e. _____

5. Yoo yesuus, "Maalif na dukaa butuu?" jedhee isin gaafate, maal jettanii deebiftuu?

_____

_____

6. Wangeela Yohannis keessatti himoota jecha "ANI" jedhuun jalqaban torbatu galmaa'ee jira. Himoonni kun himoota Yesuus waa'e ofii isaati dubbate dha. Qo'annaa dabarsine keessatti kaasu dha baannus garuu yeroo muraasaf himoota kana haa barresinu. Yoo danda'ames yaadatti haa qabannu:

a. Yohannis 6:35- Ani _____

b. Yohannis 8:12- Ani _____

c. Yohannis 10:7- Ani _____

d. Yohannis 10:11- Ani _____

e. Yohannis 11:25- Ani _____

f. Yohannis 14: 6 – Ani _____

g. Yohannis 15:5 – Ani _____

YAADA XUMURAA

Barbaacha amma yonaa qabaannee keessatti inni enyuu akka ta'ee beekutti guddanne amma immoo kana caalaa waa'ee Yesuus, Ilma Waaqayyo fi Fayyisaa keenya isa fayyina keenyaf ergamee caalaatti baruu dhaf qophpfneerra. Yesuus abdii keenya dha kanaaf galataaf jajamuun isaaf haa ta'u!